



**XIINXALA CALAQQEE OGAFANII FI ITTI FAYYADAMA  
AFAANII SIRNA WALSEER RANNA TUULLAA BIYYAA;  
GODINA ILU ABBAA BOORAA**

**QORATTUUN: BOOKASHEE DABALOO TAKILEE**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)  
AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARSII SUUN GUUTTACHUUF  
QOPHAA'EE**

**YUUNVARSIITII JIMMAA KOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI  
HUUMANIITITTI, MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI  
OGBARRUUF DHIYAATE**

**HAGAYYA 2014/2022  
JIMMAA, OROMIYAA**



**XIINXALA CALAQQEE OGAFANII FI ITTI FAYYADAMA AFAANII SIRNA  
WALSEERRANNA TUULLAA BIYYAA; GODINA ILUU ABBAA BOORAA**

**GORSITUU: ALAMITUU OLII (PhD)**

**GORSAA AANTEE: Mir. CIMDII WAAQUMAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO FI  
OGBARRUU BARSISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'E**

**YUUNVARSIIITII JIMMAA KOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI  
HUUMANIITITTI, MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUUF  
DHIYAATE**

**HAGAYYA 2014/2022**

**JIMMAA, OROMIYAA**

## **Yuuniversitii Jimmaatti dhaabbata qorannoo Digirii 2ffaa (M.A)**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii 2ffaa (M.A.) Afaan Oromoo fi ogbarruu barsiisuun guuttachuuf ani qorattuun maqaa fi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun kan hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa fi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessatti kaa'uu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa: Bookashee Dabaloo

Mallattoo \_\_\_\_\_

Guyyaa \_\_\_\_\_

## WARAQAA MIRKANEESSAA RAGAA

Yuuniversitii Jimmaatti Dhaabbata Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (M.A) Afaanii fi Ogbarruu Oromootiin guuttachuuf barattuu Bookashee Dabaloo mata duree: *Xiinxala Calaaqqee Ogafaanii fi Itti Fayyadama Afaanii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa* irratti hojjetee ulaagaa barbaachisu guuteera.

### Koree Qormaataa

#### Qoraa Alaa

#### Mallattoo

#### Guyyaa

1. \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

2. \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

#### Qoraa keessaa

#### Mallattoo

#### Guyyaa

1. \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

2. \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

#### Gorsaa

#### Mallattoo

#### Guyyaa

1. \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

2. \_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

## Galata

Hunda dura hojii kana hojjedhe akkan xumuruuf fayyaa kan naaf kenne Waaqayyoo galanni guddaan haa ga'uu. Itti aansuun hojii qorannoo kana milkeessuuf jalqaba hanga dhumaatti hamileefi kaka'umsa daangaa hin qabne natti horuun dadhabbiifi nuffii tokko malee gorsaafi deggersa ogummaa naaf taasisaa turan gorsituu koo Dr. Alamituu Olee galannii fi kabajni ani isiniif qabu daangaa hin qabu. Akkasumas gorsaa koo Mr. Cimdee Waaqumaaf deggersa ogummaa naaf taasistaniif galata guddaan qabaaf. Hunduma keessaniyyuu Waaqayyoo umrii dheeraa isiniif haa kennuu; hamtuufi goomattuun isin hin argiin hawwii kooti.

Gama biraatiin, hojii qorannoo kana akkan galmaan ga'uuf kallattii hundaan nacinaa dhaabbattanii na jajjabeessa kan turan abbaa warraa koo Bakaree Gammachuu Dheeressaa ijoollee koo Lalisaa, Bilisee, Meeti fi Milkeessaa Bakaree akkasumas maatii koo, obbolootaa koo bakka garaa garaa ta'uun yaadaan na deeggeraa turtan hundi keessan Rabbiin fayyaa fi umrii dheeraa isiniif haa kennu. Gaarii keessan malee Rabbi hamtuu keessan na hin dhageessisiin jechuun barbaada.

Dabalataan, mucaa koo barattuu Bilisee Bakaree barreessuun waan nagargaaraa turteef galanni koo dachaadha, Hawwiin koo milkaa'ina keeti. Akkasumas hiriyyoota koo warra dhimma qorannoo kana irratti yaadaan nacinaa dhaabbachuun na jajjabeessaa fi na deeggaraa turtan hundaaf galanni koo daangaa hin qabu.

Dhumarrattis, hojii qorannoo kana milkeessuuf, odeeffannoo barbaachisaa ta'e naaf gumaachuun yeroo isaanii aarsaa gochuun kan nagargaaraa turan, Abbootii Gadaa, Abbootii Amantaa, Abbootii Tuullaa Biyyaa, maanguddoota biyyaa, Itti gaafatamtoota Aadaafi Tuurizimii aanaa Bachoofi aanaa Diiduu hundaan dilbii afoolaafi duudha hawaasichaa irratti odeeffannoo gahaa naaf kennuun dhaloota boriif sanyii waan facaastaniif, sanyiin kun isin harka hin dhumiin; umrii dheeradhaa; bara baraan sanyii kana dhalootaaf facaasaa, galatoomaa siniin jechuun barbaada.

## **Jibsoo**

### **Maqaalee, Gaaleewwii fi Gabaajjeewwan mogaasa isaanii waliin**

#### **Jecha**

Bal'oo  
Gayyaa  
Godar  
Shanee  
Sayyee  
Sondii  
Shuggee  
Wal seerrannaa  
Xuxee

#### **Gaaleewwan**

Abbaa Tuullaa Biyyaa  
Qinxibillee geeshoo

#### **Moggaasa**

Kibxata  
Haadha buddeena  
Sanyii xaafii gaarii  
Itti gaafatamaa abbooti warraa shanii  
Xaafii diimtuu  
Muka cimaa cileef ta'uu  
Qaruuraa araqee  
Ittiin walbulchuufi walakeekkachiisuu  
Itti aanaa Abbaa Tuullaa Biyyaa

#### **Moggaasa**

Itti gaafatamaa  
Baalaa geeshoo cittuu

Galata .....	I
Jibsoo .....	II
Axereeraa .....	VI
<b>BOQONNAA TOKKO: SEENSA</b> .....	1
1.1 Seenduubee Qorannichaa.....	1
1.2 Ka’umsa Qorannichaa.....	3
1.3.Kaayyoo Qorannichaa.....	4
1.3.1. Kaayyoo Gooroo .....	4
1.3.2. Kaayyoo Gooree .....	4
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa.....	5
1.5 Daangaa Qorannichaa .....	5
1.6. Ibsa Naannoo Qorannichaa .....	6
1.7. Qindoomina Qorannichaa .....	6
1.8. Hanqina Qorannichaa.....	6
2.1 Maalummaa Fookilorii.....	8
2.2 Goorooowan Fookilorii .....	9
2.2.1 Ogafaan .....	9
2.3. Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa .....	10
2.4. Faayidaa Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa .....	10
2.4.1 Wal Dhabdee.....	10
2.4.1.1 Miidhaa Wal dhabdeen Hawaasa Irratti Qaqqabsiiuu.....	11
2.4.1.2 Wal Dhabdee Furuu .....	11
2.4.1.3 Maalummaa Jaarsummaa .....	12
2.4.1.4 Faayidaa Jaarsummaa .....	12
2.4.2 Wal Gargaaruu .....	13
2.4.2.1 Wal Gargaarsa Yeroo Gammachuu .....	13
2.4.2.2 Wal Gargaarsa Yeroo Gaddaa.....	13
2.4.2.3 QabeenyaaWalii Isaaniif Eegumsa Gochuu.....	13
2.5 Faayidaa Ogafaanii Sirna Walseerrannaa Tuullaa Biyyaa Keessatti .....	14
2.5.1 Mammaaksa .....	14
2.5.2 Eebbaa.....	14
2.5.3 Sirba yeroo hojii wal gargaarsaa .....	15
2.5.3.1 Sirba daboo yeroo hojii wal gargaarsaa .....	15
2.5.4 Abaarsa .....	15
2.5.5 Kakaa .....	16
2.6 Malleen Dubbii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa Keessatti Hojiirra Oolan .....	16
2.6.1 Akkasaa.....	17
2.6.2 Iddeessa (Bakka buusuu) .....	17



2.6.3 Nameessa .....	17
2.6.4 Arbeessuu.....	18
2.6.5 Habalaka .....	18
2.7 Sakatta'a Barruu Wal-fakkii .....	19
2.8 Yaaxina Qorannichaa.....	20
<b>BOQONNAA SADI ; MALLEEN QORANNICHAA .....</b>	<b>22</b>
3.1 Saxaxa Qorannichaa.....	22
3.2 Madda Ragaalee Qorannichaa .....	23
3.3 Jamaa Qorannichaa .....	23
3.3.1 Iddattoo fi Mala Iddatteessuu.....	23
3.4 Malleen Funaansa Ragaalee.....	24
3.4.1 Af-Gaaffii.....	24
3.4.2 Marii Garee .....	25
3.4.3 Daawwannaa .....	25
3.5 Mala Qaaccessa Ragaalee .....	26
3.6 Sakkoo Qorrannichaa.....	26
<b>BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI HIIKA RAGAALEE .....</b>	<b>28</b>
4.1 Itti Fayyadama Afaanii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa .....	28
4.2. Afoolawwan Sirna WalSeerrannaa Tuullaa Biyyaa Irratti Hojiirraa Oolan.....	28
4.2.1 Eebba.....	29
4.2.1.1 Eebba Jalqabaa Sirna Wal Seerranna Tuullaa Biyyaa .....	29
4.2.1.2 Eebba Xumuraa Sirna WalSeerrannaa Tuullaa Biyyaa.....	31
4.2.1.3 Eebba Yeroo Jaarsummaa Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa.....	32
4.2.1.4 Eebba Jalqabbii Jaarsummaa Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa                      Biyyaa Irratti ....	33
4.2.1.5 Eebba Xumura Araaraa Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa Irratti.....	35
4.2.1.6 Eebba Yeroo Walgargaarsaa Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa.....	35
4.2.1.7 Eebba Yeroo Gaddaa Sirna Wal Seerrannaa Tullaa Biyyaa .....	37
4.2.1.8 Eebba Yeroo Gaddaa Godoo Jigsaa Irratti Eebbifamu .....	38
4.2.2 Abaarsa .....	39
4.2.2.1 Abaarsa Nama Gaagura Namaa Muratee .....	40
4.2.3 Kaka .....	42
4.2.4 Sirba Hojii Yeroo Walgargaarsaa .....	43
4.2.4.1 Sirba Hojii Kan Yeroo Wal gargaarsa Xaafii Haamuu .....	44
4.2.5 Mammaaksa .....	47
4.2.5.1 Faayidaa Mammaaksa Jaarsummaa Keessatti .....	48
4.2.5.2 Mammaaksota Jaarsolii Araaraa Ibsan.....	50
4.2.5.3 Mammaaksota Araara Keessatti Barbaachisummaa Haadha Manaa Ibsan.....	51
4.2.5.4 Mammaaksota Araara keessatti Barbaachisummaa Abbaa Manaa Agarsiisan.....	52
4.2.5.5 Mammaaksota Ollaa Araarsuuf Oolan.....	53

4.3 Qaaccessa Dubbiiwwan Qolaa Sirna WalSeerrannaa Tuullaa Biyyaa Keessatti Argama .....	54
4.3.1 Akkasaa.....	56
4.3.2 Iddeessa.....	57
4.3.3 Nameessa .....	58
4.3.4 Arbeessuu.....	58
4.3.5 .Habalaka .....	59
4.4 Faayidaa Ogafaanifi Itti Fayyadama Afaanii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa Keessatti .....	59
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNO FI YABOO .....	61
5.1.Cuunfaa.....	61
5.2 Argannoo.....	61
5.3 Yaboo.....	63
Wabiilee .....	64
Dabalee A.....	66
Dabalee B.....	67
Dabalee c.....	68

## **Axereeraa**

*Mata dureen qorannoo kanaa Callaqqee ogafaaniifi itti fayyadama afaanii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa Xiinxaluu yoo ta'u, Kaayyoon qorannoo kanaas callaqqee ogafaaniifi ergaa itti fayyadama afaanii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa jedhu xinxaluudha. Qorannoon kun yaaxxina tajaajilaa gargaaramee jira. Akkasumas, qorannoo akkamtaa saxaxa ibsaatti gargaarame. Malleen iddatteessuu miti-carraa keessaa mala iddatteessuu darbaa dabarsaatiin maanguddoota aanaa Bachoofi aanaa Diiduutti kan dhimma bahe yemmuu ta'u, pirezidaantii mana murtii aanaa Bacchoofi hojjetootaa Aadaafi Tuurizimii aanaa lameen immoo mala akkayyooitti fayyadame jira. Sababii qorattuun iddatteessuu kana filattes, kaayyoo qabatee kaate galmaan gahuuf, qaamolee kana filachuun ragaa barbaachisaa ta'e bira deemuun waan funaannatteefidha. Akkasumas, Maanguddoonni akka madda raga tokkoffaatti filataman kunis milkaa'ina qorannichaaf namoota murteessoodha jette waan itti amanteef. Meeshaaleen ragaan ittiin funaanaman af-gaaffii, marii gareefi daawwannaadha. Ragaaleen funaaname kunis adeemsa qorannoon akkamtaa itti qaacceffamu keessaa mala qaaccessa ibsaa gargaaramuun akkaataa walfakkeenya isaaniin walitti fiduun qaacceffamaniiru. Argannoon qorannoo kanaa akka mul'isutti ogafaaniifi itti fayyadamni afaanii duudhicha keessatti hojiirra oolan gorsuuf, barsiisuuf, hojii gaarii cimsuuf, amala badaa balaalleffachuun to'achuuf kan ooluu ta'uu isaa, tokkummaa hawaasichaa cimsuu, yakka xiqqeessuu, walitti dhufeenyiifi jaalalli gaariin hawaasicha gidduutti akka uumamu gochuu, dhaloonni afoola, aadaa, safuu fi duudha hawaasa isaaniin barsiisuu keessatti gahee guddaa kan qabu ta'uu qorannoo kanaan adda baheera. Argannoo kana irratti hundaa'uun faayidaa ogafaaniifi itti fayyadama afaanii duudhicha keessatti argaman irratti Abbootiin Amantaa, Abbootiin Gadaafi qaamoleen seeraa hubannoo kennuun cimsuufi beekamtii kennuu qabu. Dhaloonni borii faayidaa afoolaa, aadaa, duudhaafi safuu hawaasa isaaniin beekuuf dirqama qabaachuufi qaamoleen dhimmi isaa ilaallatu hundi akka xiyyeeffannoon irratti hojjetanii jechuun dhuma irrattis, qorattun ogafaaniifi itti fayyadamni afaanii duudhicha keessa jiru duudhicha waaliin akka hin dagatamneef dhaloonni kunuunse tursiisuuf akka irratti hojjetamuuf akeekte jirti*

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaa kana jalatti qabiyyeewwan garagaraatu argama. Isaanis; Seen duubee qorannichaa, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, qindoomina qorannichaa fi hanqinni qorannichaa ibsa bal'aa waliin wal duraa duubaan dhiyaatanii jiru

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Fooklooriin hanga ammaatti hiika dhaabbataa ta'e hin arganne. Sababiin isaas, fooklooriin wantoota haala jiruufi jireenya hawaasaa keessatti raawwataman kannen akka aadaa, duudhaa, safuu, gochaalee, afoolaa, meeshaalee aadaafi kkf of keessatti waan hammatuuf, yaada bal'aa of keessaa qaba. Kanarraa ka'uun, yeroo gara garaatti haayyonni fookilooriif hiika gara garaa kennaa turaniiru. Akka Dundes (1965) ibsuttu, jechi 'Folklore' jedhu kun hayyuu WilliamJ Thoms jedhamuun bara (1846)jecha Afaan Inglizii lama '*folk*' fi '*lore*' walitti fiduun kan moggaase akka ta'e ibsa. Hayyuun kun meeshaalee dulloomoo durii walitti qabuun qo'achaa waan tureef 'antiquarian' jedhame beekama. Akka ibsa kanaatti jechi '*folk*' jedhu uummata baadiyyaa kan hin barranneefi qaroomina hin qabne kan agarsiisuu yoo ta'uu, jechi '*lore*' jedhu immoo barsiifata, safuufi duudhaa boodatti hafaa uummanni kun itti fayyadaman ta'u ibsa. Huyuun Elliot (1986f 1) irratti fookloorii yoo ibsu, "Folk is a group of people, lore means they have the lore" jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti fooklooriin garee hawaasaa dhimma wal isaan fakkeessu kan waliin qaban jechuu akka ta'e hubanna.

Folklore is many things and it's almost impossible to define succinctly. It's both folkloric studies and the name of the discipline they work within. Folklore is folk songs and legends, also quilts, boy scout badges, high school marching band initiations. Jokes, chain letters, nicknames, holiday, food ....and many other things you might not expect. Folklore exists in cities, suburbs and rural villages, in families, work groups and dormitories. Sims and Stephens (2005)

Akka yaada kanaatti fooklooriin waan hedduu kan of keessatti qabatu waan ta'eef, hiika sirrii kennuun ulfaataadha. Hiikni isaa nama waa'ee isaa qoratuufi maqaa ogummaa isaatiin beekama. Fookilooriin durduriifi af-seenaa gartuu namootaa baadiyyaa kan ilaallatudha. Isaanis; qoosaa, nyaata aadaa, yeroo ayyaanaa fi kanneen kana fakkaatan kan of keessatti qabatu ta'uu isaati. Akkasumas fooklooriin waa'ee uummataa kan uummanni ittiin baratudha. Waanti uummanni barsiifata godhatee itti fayyadamuu kun immoo duudhaa hawaasichaa ta'a. Fooklooriin dameelee gara garaa akka qabu hayyoonni nidubbatu. Fekade (1991) Dorson (1972 f 2) waabeffachuun fookloorii bakka afuritti qoode lafa kaa'eera. Isaanis:

Duudhaa hawaasaa (the social folkcoustom), Og-afaan (the oral literature), Meeshaa/wanta aadaa (thematerialculture)fi Gochaawwan aartii uummataa(the performing folk arts)jechuun qooda.

Sirni Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa dhuudhaa uummataa yookaan duudhaa hawaasaa keessaa isa tokkodha. Duudhaan hawaasaa kun kabaja ayyaanaa, aadaa, amantii, qoricha aadaa, sirna Gadaa, Irreecha, cidha, afoolaa garagaraafi taphoota aadaa hunda kan ilaallatudha.

Sirni Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa immoo duudhaa hawaasa Oromoo godina Iluu Abbaa Booraa aanaa Bachoofi aanaa Diiduu keessaa tokko ta'ee, haala jiruufi jireenya hawaasaa keessatti namoonni haala manaan walitti dhiyoo ta'aniin dhimmoota hawaasummaa irratti kan waliin raawwatanidha. Dhimmoonni hawaasummaa kunis: yeroo gaddaafi gammachuu hojii humnaafi maallaqaan walgargaaruu, wal dhabdee maatii, ollaa, firaafi hiriyyaa gidduu jiru bifa araaraan furuu, qabeenya walii walii isaaniif eegumsa gochuu, yoo qabeenyi namaa bade waliin barbaaduufi nama yakka hojjete of dhokse saaxiluun hawaasicha keesatti nagaafi jaalalli gaariin akka uumamuu gochuun walitti dhufeenyi gaariin akka jiraatuuf duudhaan kun shoora olaanaa qaba.

Bu'uuruma kanaan, qorannoon kunis calaqqee ogafaaniifi itti fayyadamni afaanii sirna kana keessatti maal akka fakkaatuu xiinxaluudha. Hawaasni tokko haala jiruufi jireenya isaa keessatti duudhaa mataa isaa qaba. Duudhaa kana keessa tokko sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaati. Duudhaa kana keessatti itti fayyadamni afaanii iddoo olaanaa qaba. Sababiin isaas, aadaa, safuufi duudhaan kun hundi afaaniin ibsamu. Afaan waa'ee aadaa, duudhaa, amantaa, barsiifataafi eenyummaa hawaasa tokko qorachuufi beeksisuuf gargaara. Kun immoo, afaan guddina aadaa saba tokkoof murteessa ta'uu isaa nu hubachiisa. Kana malees, aadaan kun dhaloota dhalootatti akka darbuuf afaan gahee guddaa qaba. Aadaafi duudhaan kunis afaanitti fayyadamuun haala garaagaraan hojiirra ooluu.Hawaasni Oromoo kan inni ittiin aadaa, safuu, amantii,duudhaafi eenyummaa isaa ittiin ibsata ture keessa tokko afooladha.Uummanni Oromoo afoolatti fayyadamee barsiisuu, gorsuu,miliquufi amala badaa ittiin to'achuuf itti fayyadama tureera;har'as itti fayyadama jira.Afoolli haala jiruufi jireenya hawaasaa keessatti diiguufis ta'e ijaaruuf humna guddaa qaba.

Duudhaan kun kan ittiin ibsamu afaaniin waan ta'eef, afaan haala jiruufi jireenyaa akkasumas waltti dhufeenya hawaasaaf bu'aan isaa daangaa hin qabu.Afoolli hubannaa hawaasa tokkoofi ergaa isaan dabarsuu barbaadan ifatti kan mul'suufi daawwitii hawaasni tokko ittiin ilaalamuudha. (Georges & Jones, 1995). Akka yaada armaan olii kanatti, afoolli calaqqee

jiruufi jireenya hawaasaafi kan hawaasni hundi keessatti ittiin of ilaaludha. Dabalataanis, akka Misgaanuu (2011:99) ibsutti, “Afoolli akkaataa jireenya waliigalaa muuxannoo, mudannoo, ilaalcha, tilmaama, aartii, afaan,uffannaa, nyaataafi meeshaalee aadaa adda addaa kan dhaloota dhalootatti darbanidha,” jechuun ibsa.

Walumaagalatti, uummanni Oromoo seenaa, aadaafi duudhaa isaa afaan yookaan afoola isaatti fayyadamuun dhalootaa dhalootatti dabarsaa akka ture hubanna. Kanaafuu, afaan jireenya hawaasummaafi haala jiruufi jireenya dhala namaa keessatti iddoo guddaa akka qabu nu hubachiisa.

Itti fayyadamni afaanii hawaasa keessatti haala qabiyyee dhimmichaa irratti, haala naannoofi haala garee hawaasaa irratti hundaa’uun kan dhiyaatu ta’a. Haaluma Kanaan, itti fayyadamni afaanii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti hojiirra ooluukan yeroo biroo irraa addadha. Sababiin isaas, haala miidhagina qabuufi miira namaatti toluun afoola addaaddaafi dubbii qoolaa garagaraatti fayyadamuun ergaafi gorsa cimaa dabarsa. Sirna kana keessatti itti fayyadamni afaanii hojiirra oolus haala qabiyyee dhimmichaa irratti hundaa’a.

## **1.2 Ka’umsa Qorannichaa**

Dhimmoonni duudhaa hawaasaan walqabatan dhimma jiruufi jireenya hawaasichaan walitti hidhatan waan ta’aniif, yeroo baay’ee qorannooleen garagaraa irratti adeemsifamaa turaniiru. Qorattuun mata duree kanaas, akka dhimma kana filattuuf ka’umsa kan ta’e, Sirni Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa kun hawaasa naannoo sanaa keessatti faayidaalee hedduu qabaatus, Yeroo ammaa kana duudhaan kun baay’inaan hojiirra oolaa hin jiru. Duudhaan kun bal’inaan hojiirra oolaa hin jiru taanaan immoo ogafaaniifi fayyadamni afaanii sirnicha keessatti mul’atus xiqqaachaa dhufa jechuudha. Kanaafuu, Ogafaaniifi itti fayyadamni afaanii sirnicha keessatti mul’atu kun duudhicha waliin akka hin dagatamnefi beekumsa hawaasaa achi keessa jiru ifoomsuu waan barbaadeef, qorannoon bifa idileen irratti geggeeffamee barreeffamaan waan hin jirreef qorannoon kun barbaachise. Dabalataanis, qorannoon itti fayyadama afaanii sirna kanaa irratti geggeeffame hanga qorattuun sakattaatetti hinjiru. Qorannoon geggeeffames duudhaa hawaasa keessaa dhimma tokko qofaafi qaama hawaasa keessaas qaama tokko qofa irratti xiyyeeffachuun kan geggeeffamedha. Qorannoon kun immoo, haala jiruufi jireenya hawaasaa, qaama hawaasa hundaafi amantii hunda irratti kan xiyyeeffatu waan ta’eef, qaawaa gama kanaan jiru guutuu barbaaddeetu yaada kana ka’umsa godhatte.

Qorannoowwan kanaan dura fayyadama afaanii duudhaa hawaasa irratti geggeeffaman keessaa Abdallaa Nageessoo (2017) “Qaaccessa Fayyadama Afaaniifi Adeemsa ‘Kottuu

Dhufee Wal-dhabdee Abbaa Warraafi Haadha Warraa Gidduu Jiru Furuu,” Qorannoo koo waliin firoomiin isaan qaban, lameenuu rakkoo hawaasaa bifa jaarsummaan furuu irrattidha. Nugusee Iddeessaa (2009) “Qaaccessa Sirna Waaqeffannaafi Fayyadama Afaanii Warra Kallachaalee,”jedhu waliinis walfakkeenyi isaanii lameenuu itti fayyadama afaanii duudhaa hawaasaa irratti adeemsifamuu isaaniiti. Akkasumas, Birhaanuu Tasfaayee (2017) “Xiinxala Qabiyyee Fayyadama Afaanii Gumaa Baasuu xiinxaluu” jedhu irratti hojjetamedha. Qorannoo kana waliinis firoommiin isaanii lameenuu bifa jaarsummaatiin hawaasa keessatti nagaa buusuutiin walfakkaatu. Garaagarummaan isaanii immoo qorannoon duraanii erga miidhaan qaqqabeen booda kan raawwatu yemmuu ta’u, qorannoon koo immoo ituu rakkoon hin mudatiin kan irratti hojjetu ta’uu isaati. Kanaafuu, hanga ammaatti qorannoon mata duree “ Calaaqqee ogafaanniifi Itti Fayyadama Afaanii Sirni Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa” jedhuun wanti hojjetame hinjiru. Buu’uurumaa kanaan qorannoon dhimma kana irratti akka hojjetamuuf karaa naa saaqe jira.

Gaaffilee Qorannoo

Qorannoon kun xumura irratti gaaffilee armaan gadiitiif deebii nikenna. Isaanis;

1. Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti ogafaanniifi itti fayyadamni afaanii mul’atu kan akkamiiti?
2. Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti itti fayyadamni afaanii irra jireessaan kan mul’atu yeroo kami?
3. Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti itti fayyadamni Afaanii dhimma bahamu ergaa akkamii qaba?
4. Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti itti fayyadamni afaanii hojiirra ooluu faayidaa akkamii qaba?

### **1.3.Kaayyoo Qorannichaa**

Qorannoon kun kaayyoo gooroo fi kaayyoolee gooree gara garaa of keessa qaba.

#### **1.3.1. Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Calaaqqee ogafaanniifi ergaa itti fayyadama afaanii sirna wal seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti xiinxaluudha

#### **1.3.2. Kaayyoo Gooree**

Qorannoon kun kaayyoowwan gooree armaan gadii of keessa qaba.

- ☞ Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti itti fayyadamni ogafaanii mul’atu kan akkamii akka ta’e adda baasuu;

- ☞ Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti itti fayyadamni afaanii irra jireessaan kan mul'atu yeroo kam akka ta'e adda baasuu.
  - ☞ Sirna Wal Seerrannaa Tullaa Biyyaa keessatti itti fayyadamni afaanii tajaajilaaf ooluu ergaa akkamii akka qabu addeessuu;
- Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti itti fayyadamni afaanii afaanii hojjiirra ooluu faayidaa akkamii akka qabu ibsuudha.

#### **1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa**

Qorannoon kun erga geggeeffameen booda, bu'aa qorannoo kanaarra kanneen fayyadamoo ta'an;

Duudhaan kun yeroo ammaa kana haalli hojjiirra oolmaan isaa kan duraa irraa xiqqaachaa dhufeera. Duudhaan kun baay'inaan hojjiirra oolaa hin jiru taanaan immoo ogafaaniifi fayyadamni afaanii sirnicha keessatti mul'atus baay'inaan hojjiirra oolaa hin jiru jechuudha. Kanaafuu, Ogafaaniifi itti fayyadamni afaanii sirnicha keessatti mul'atu kun duudhicha waliin akka hin dagatamne qorannoo irratti geggeessuun barreeffamaan kaa'uun akka hawaasichi itti fayyadamuu gochuuf, Waajjirri Aadaafi Tuurizimii aanaa Bachoofi aanaa Diiduu bu'aa qorannoo kanaa barreeffamaan yoo qabaatan, duudhaa hawaasaa kanaa keessatti gahee itti fayyadama afaanii hubachuun kana caalaa akka irratti hojjetaniif kallattii agarsiisuu nidanda'a. Akkasumas, Gama guddina qorannoo duudhaa Oromoon bu'a qabeessa waan ta'eef, Biirron Aadaafi Tuurizimii Oromiyaas itti fayyadama afaanii duudhaa hawaasaa keessa jiru kana irratti hojjechuun, itti fayyadama afaanii dhuudhaalee biroos akka qoratamaniifi hawaasa aanaalee biroo jiraataniif odeeffannoo kennuuf gargaaruu danda'a. Dabalataanis, Namoota dhimma mata-duree kanaan wal fakkaatuu irratti qorannoo geggeessuu barbaadaniif akka madda odeeffannootti gargaaruu danda'a.

#### **1.5 Daangaa Qorannichaa**

Mata-duree qorannoo tokkoo daangessuun amala qorannooti. Sababiin isaas, duudhaan Oromoo hedduu waan ta'eef, duudhaa kana immoo al tokkoofi yeroo tokkoon qorachuun waan hin danda'amneef, qorannoo kana geggeessuuf yeroo, humnaafi baajeta hedduu barbaada. Kanaafuu, qorannoon kun bakkaan naannoo Oromiyaa keessaa godina Iluu Abbaa Boor aanaa Bachoofi Diiduu irratti kan geggeeffame yoo ta'u, qabiyyeedhaan ammo, xiinxala calaqqee ogafaaniifi itti fayyadama afaanii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa xiinxaluu irratti kan daangeffamedha.



## **1.6. Ibsa Naannoo Qorannichaa**

Bakki qorannoon kun itti geggeeffamu godina Ilu Abbaa Boor keessaa aanaa Bachoofi aanaa Diduu irratti. Godinni kun handhuura Oromiyaa Finfinnee irra gara Oromiyaa Lixatti 600 km fagaachuun argamu. Godinni kun aanaalee 12 fi bulchiinsa magaalaa tokko qabdi. Aanaan Bachoofi aanaan Diduu immoo kanneen keessaa tokkodha. Aanaan Bachoo magaalaa gudditti godinaa Mattuu irra 21 km fagaatte argamti. Aanaan kun bosona hedduu waan qabduuf, qilleensa gaarii jireenyaaf mijataa ta'e qabdi. Aanaan kun oomisha bunaa, dammaafi dhadhaan beekantuudha. Kana malees, bakka hawwata tuurizimii Finca'aa Soor tokkoffaafi lammeffaan kan keessatti argamtudha. Akkasumas, aanaan Diduu immoo magaalaa guddoo godinaarra gara kibba lixaatti 50 km fagaatte kan argamtuufi aanaa bosona hedduu qabdu, oomisha qonnaan kan beekamtuufi haalli qilleensa ishii jireenyaaf baay'ee mijattuudha.

## **1.7. Qindoomina Qorannichaa**

Qorannoon kun boqonnaalee gurguddoo shan of keessaa qaba. Innis boqonnaan tokko seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, gaaffilee qorannoo, kaayyoowwan qorannoo, barbaachisummaa, daangaa, ibsa haala naannoo qorannichaa, hanqinaafi qindoomina qorannichaa yemmuu ta'uu, Boqonnaan lama immoo, sakata'a barruu, ibsawwan yaadrimee mata durichaa, Qorannoowwan walfakkiifi yaaxina qorannichaa of keessatti qabata. Boqonnaan sadeffaa immoo, malleen qorannoo, saxaxa qorannoo, madda odeeffannoo, mala iddattoo, meeshaalee odeeffannoon ittiin walitti qabamufi mala qaaccessa ragaalee qabate jira. Boqonnaan afur qaaccessa odeeffannoowwan mala addaaddaan sassaabaman hammata. Boqonnaan shan immoo, cuunfaa, argannoo fi yaboo qorannichaa hammachiisuun kan qindaa'edha.

## **1.8. Hanqina Qorannichaa**

Qorannoon tokko yemmuu geggeeffamuu hanqinoonni gara garaa nama mudachuu ni malu . Haluma kanaan qorattuun yemmuu qorannoo kana geggeessaa turtetti hanqinoonni mudatan hedduu turan. Kanneen keessaa ijoon hanqina yeroo, kitaabilee wabii, odeef-kennitoota yeroo barbaadametti argachuu dhabuu, rakkoo ibsaafi qorannoo bal'aa akkasii geggeessuuf muuxannoo dhabuun kanneen qorannoo kanaaf danqaa ta'aa turanidha.

Haata'u malee, qorannoo kana milkeessuf qorattuun tooftaalee addaaddaa baafachuun milkaa'uu dandeesse jirti. Innis gorsaafi degeersa gorsitoota ishee fudhachuun, namoota muuxannoo qaban gaafachuun, yuunivarsiitii Mattuu deemuun wabiilee addaaddaa barbaadde fayyadamuun, namoota odeeffannoo kennanis waraqaa eyyama seera-qabessa ta'e itti

agarsiiuun amansiistee sodaafi shakkii tokko malee ragaa barbaachisaa ta'e walitti qabachuun rakkoollee mudatan keessaa bahuu danda'eesseti.

## **BOQONNAA LAMA; SAKATTA’A BARRUU WALFAKKII**

Sakatta’a barruu kana jalatti yaaxxina qorannichaa, barreeffamoota garaagaraa kanneen mata-duree qorannichaa waliin deemaniif hubannoon irraa argamuu danda’uu jedhaman irra deddeebi’uun gadifageenyaan dubbisuun mata duricha waliin walsimsiisuun dhiyaate. Akkasumas, qorannoowwan aantee sakatta’uun kutaa kana jalatti dhiyaataniiru.

### **2.1 Maalummaa Fookilorii**

Hawaasni tokko hawaasa biroo irra adda bahee akka beekamuu kanneen taasisan keessaa; afaan, aadaa, safuufi duudhaan hawaasichaa isaan ijoodha. Aadaan Oromoo hawwataafi boonsaadha. Yaada kana ilaalchisuun Maammad (2012:60) irratti, “Oromoon sirna bulchiinsa dimokiraatawaa kan ta’e Sirna Gadaatti gargaaramuun dhimmoota dinagdee, hawaasummaa, amantiifi siyaasa isaa ibsachaa tureera” jedha. Akka yaada armaan oliitti aadaan Oromoo eenyummaa isaa kan ibsuufi haala jiruufi jireenya hawaasichaan kan walqabatu ta’uu isaa hubanna. Kanaafuu, sirni Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa kun duudhaa hawaasa Oromoo keessaa tokko waan ta’eef, duudhaa kana keessatti immoo itti fayyadamni afaanii maal akka fakkaatuu xiinxaluun duudhaa kana kunuunsuufi eeguun ifatti akka bahuu gochuun barbaachisaadha. Oromoon aadaa kanaan wal seerrachaa ture. Kan yeroo amma fi kan yeroo durii gidduu haala raawwii isaa irratti garaagarummaan jiraachuu nimala.

Gama biraatiin, yeroo adda addaatti aadaafi duudhaa sabni Oromoo eenyummaan isaa ittiin beekamu kanneen qorattoonni xiinxaluudhaan ifa baasan kanneen akka; gumaa baasuu, ateetee facaafachuu, dhibaayyuu, sirna araaraa, sirna gadaa, irreecha, nama bakakkaan itti bu’eefi kkf kan uummanni Oromoo gurmuudhaan raawwachuun ittiin adda bahee beekamudha. Wantoonni hawaasichi gareen irra deddeebi’ee raawatu kun immoo akka qaama fooklooritti akka ilaalamu isa taasisa. Akka hayyuun fookloorii beekamaan Alan Dundes jedhutti *‘folk’* kan bakka bu’u, garee namoota yoo xiqqaate kan waan tokko waliin qooddatan ‘‘Who share at least one comon factor ‘ jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti wanti namoonni kanneen waliin qaban ykn qooddatan sun nuyii, keenya akka jedhan isaan taasisa. “The common factor creates asense of collective identity, so that any population with such asense could be regarded as a folk’’ (Alan Dundes). Fooklooriin barsiifata (tradition), xiinaadaa, Muuxannoo fi calaqqee aartii ilmaan namaa kallattii hundaanuu kan tuttuqudha.

‘‘Folklore is the social, material and oral culture of primitive societies. The social culture comprises such forms as festivals, dances and religiousrites. The material culture comprises architecture, arts and crafts. The oral culture includes songs,tales, legends, proverbs and riddles,’’ (Isaacs, 1981:457).

Yaada armaan olii irraa akka hubatamutti, fooklooriin hawaasummaa, meeshaalee hambaafi afoola hawaasa maraati. Aadaan hawaasa kanneen akka taphoota adda addaa. Shubbisa, meeshaalee aadaa ogummaawwan ijaarsaa, afoola hawaasa kanneen akka faaruwwanii, durdurii, afseenaa, mammaaksaafi hiibboo of jalatti qabata jechuudha. Fooklooriin hawaasa irra kan maddu ta'ee afaaniin dhaloota irra gara dhalootatti kan darbudha. Fooklooriin qaama aadaa, barsiifata garaagaraa kan irra deddeebiin raawwatamuufi barreeffamaan osoo hin ta'iin afaaniin kan darbudha. Fooklooriin qaama aadaa, barsiifata, faaruwwan afaaniin daddarban ta'ee gochaalee hawaasa keessatti raawwataman mara kan hammatudha.

Melakne (2006 f 8) akka ibsutti ammoo, "Every group bound a common interest and purposes weather educated or un educated, rural or urban, possessed abbacy of traditions which may be called its folklore" jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti hawaasni kamiyyu kan kaayyoo tokkoof waliin jiraatan namoota barates ta'e, kan hin baratiin, kan baadiyyaas ta'e kan magaalaa akka aadaatti wal to'achuu danda'uun fookloorii jedhama. Kan jechuun hawaasni afaanfi aadaa tokko waliin qabu waan wal isaan fakkeessu qabaachuu isaanii mirkaneessa. Walumaagalatti, Sirni Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa haala jiruufi jireenya hawaasichaa irratti hojii gareen irradeddeebi'uun raawwatu waan ta'eef duudhaan kun qaama fookloorii keessaa isa tokko ta'uu isaati.

## **2.2 Gooroowwan Fookloorii**

Fooklooriin gooroowwan garaa garaatti qoodama. Goorowwaan kunis akkaataa gochaafi amala isaanii irratti hundaa'uun qoodamu. Akka Dorson, (1972:2) ibsutti gooroowwan fookloorii bakka afuritti qooda. "---folklore can be divided in to four categories. These are termed the oral literature, the material culture, the social folk custom and the performing folkarts. Each of these is, inturn, divided in to different subdivision" jedha, Akka yaada hayyuu kanaatti, fookloorii bakka afuritti qooda. Isaanis: Duudha hawaasaa, ogafaan, aartiifi meeshaalee aadaati jechuun qoode jira.

### **2.2.1 Ogafaan**

Ogafaan dubbii afaaniitiin yeedalloon kennameefi yookaan osoo hin kennamiin kalaqaafi ogummaa dhimmi hawaasummaa adda addaa irratti xiyyeeffachuun dhaloota dhalootatti kan lufudha. Ogafaaniin kanneen dhaloota dhalootatti darbanis; aadaa, duudhaa, safuu, amantii, seenaafi eenyummaa hawaasa tokkooti. Ogafaan afaan ibsuuf humna guddaa qaba. Walumaagalatti, ogafaan ogummaafi haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo haala garaa garaan kan ibsudha. Ogafaan kamiyyuu hawaasa keessatti akkaataafi haala ittiin dhiyaatu,

raawwatu yookaan tajaajila kennuu qaba. Yaada kana ilaalchisuun Birhanu (2009) “Oral literature is closely related with actual context of use,” jechuun ibsa.

Akka yaada kanaatti ogafaan tokkoon tokkoon isaanii haalli isaan itti hojjiirra oolaniif itti fayyadamnu gargar ta’uu isaaniiti. Kana jechuun kabaja ayyaanaa irratti ogafaan fayyadamnuufi kan awwaala irratti fayyadamnu adda ta’uu isaati. Haaluma kanaan Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessattis qabiyyee isaa irratti hundaa’uun ogafaan kanneen akka; mammaaksa, dubbii qolaa, eebba, abaarsa, kakaafi kkf gargaaramu.

### **2.3. Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa**

Sirni Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa duudhaa haaala waliin jireenya hawaasa Oromoo keessaa isa tokkodha. Akka duudhaa kanaatti hawaasni iddoo tokko waliin jiraatu jiruufi jireenya guyyaa guyyaa isaa keessatti dhimmoota hawaasumma mara haala duudhichaatiin kan ittin wal bulchanidha. Dhimmoonni hawaasummaa sirnicha keessatti raawwataman kanneen: qabeenya walii isaaniif eegumsa gochuu, namoota wal dhaban araarsuu, gaddaafi gammachuu irratti wal gargaaruu, wal awwaaluufi yeroo gadda hanga godoo jigsatti wantoota raawwataman mara of keessatti hammata. Sirna kana keessatti hojjiin baay’een isaa kan raawwatamu maanguddootaan bifa jaarsummaan kan raawwatamudha.

### **2.4. Faayidaa Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa**

Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa kun faayidaa hedduu qaba. Innis rakoolee wal xaxaa hawaasa keessa jiraniif furmaata kennuun hariiroon hawaasa gidduu jiru cimee hawaasichi jaalalaan akka jiraatu taasisa. Akkasumas, dhaloonni yakka akka balaalleffatan, namuusa gaarii akka horatan, aadaafi safuu isaanii akka hubatan gochuu keessatti shoorra olaanaa qaba. Faayidaa Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessaa: wal dhabdee hiikuu, wal gargaaruu, qabeenya walii isaaniif eegumsa gochuu, namni qabeenya namaa fuudhe illee akka ofiin of himuu gochuufi yakka dhoksaatti raawwatame saaxiluuf sirna kana keessatti gaheen maanguddootaafi itti fayyadama afaanii olaanaadha.

#### **2.4.1 Wal Dhabdee**

Waldhabdee jechuun namoonni fedhii isaanii guuttachuuf jecha yookaan bu’aa dhuunfaa isaanii argachuuf jecha qaamaa biroo waliin yaadaan wal dhabuu danda’u. Yaadaan wal dhabuun kun immoo gara wal dhabdeetti guddachuu danda’a. Jacoby (2008) Kriesberg (1998) waabeffachuun Waldhabdee yemmuu ibsu ‘Conflictis the incopatibility of interest between two individuals, families, communities, political organization and the like,’ Akka yaada kanaatti waldhabbiin Wal gitinsa dhabuu paartilee lamaafi lamaa oliiti. Paartileen kunis namoota dhuunfaa, namoota lama, maatii, hiriyyoota, gareefi dhaabbilee siyaasaa ta’uu

danda'a jechuudha. Waldhabdeen hawaasa tokko keessatti haaraa osoo hin taanee dhala namaa waliin kan tureefi ammas kan jirudha. Sababiin isaas, amala dhala namaa irra adda bahee hin ilaalamuu. Wal dhabdee xiqqoon hawaasa keessatti yoo atattamaan furmaata hin arganne miidhaa qaqqabsiisuu danda'a.

#### **2.4.1.1 Miidhaa Wal dhabdeen Hawaasa Irratti Qaqqabsiiuu**

Wal dhabdeen tokko yoo dafee furmaata hin arganne miidhaa guddaa jiruufi jireenya hawaasichaa irratti qaqqabsiisuu danda'a. Wal dhabdeen walitti dhufeenyafi jaalala hawaasa gidduu jiru nixiqqeessa, qabeenyaa fi lubbuu namaa illee balleessuu ni danda'a. Kana malees, qaamni namaa akka hirratuufi maatiin sababa waldhabdeen bittinnaa'uu ni mala. Yaaduma kana hayyuun Kriesberg (1998) yoo ibsu, "Waldhabbiin humna cimaa balleessaa fiduu danda'udha," jechuun ibsa. Kana malees, hayuun Daniel (1965) jedhutti, "Waldhabbiin humna cimaa kan qabuufi saffisaan sadarkaa wal balleessuufi dinagde hedduu akka manca'u kan taasisuu," jechuun ibsa. Kanaafuu, rakkoo kana dhabamsiisuuf Sirni Wal Seerranna Tuullaa Biyyaa bifa jaarsummaan rakkoo kana hunda irraa hawaasichaa baraaruu danda'a. Hayyuun Jeorg, (2006: 167) yoo ibsu, "Once conflict turned in to violence bit needs commitment of all actors and those who have interest in the confilect to resolve and manage confilects in order to bring the situation into the peaceful situation" akka yaada kanaatti yeroo lolli uumamu namoota dhimma kana hiikuu qabaniifi to'achuu danda'aniin furmaata argachuun barbaachisaa akka ta'e hubachiisa. Miidhaan kuniis yoo jaarsummaan rakkoon sun furame hawaasichi bilisa ta'ee jiraachuu danda'a.

#### **2.4.1.2 Wal Dhabdee Furuu**

Barbaachisummaa Wal Seerrannaa Tullaa Biyyaa keessaa inni ijoofi inni guddaan wal dhabdee hawaasaa keessatti uumamuu hiikuudha. Sirni kun mala aadaan wal dhabdeen ittiin furamuu keessaa isa tokkodha. Waldhabdeen gama aadaatiin furamu kun akka kan seera hammayyatti tumamee barreeffamaan kan taa'ee miti. Haalaa aadaafi duudhaa hawaasa naannichaa irratti hundaa'uun kan raawwatudha. Addabbiin wal dhabdee furuu aadaa kun akka kan hammayya hidhaatiin osoo hin taane nama balleesse horii ykn qarshiitiin adaba. Wal dhabdee furuun rakkoon akka hin baballanneef furmaatadha. Rakkoo kana furuufis namoota wal dhaban lamaan walitti fiduun, rakkoo isaanii qorachuun, gara yaada tokkootti isaan deebisuudha. Wal dhabdee furuun hawaasa keessatti nagaa buusuu jechuudha. Tooftaan ittiin wal dhabdee tokko to'ataan jaarriyaa tarsiimoo hojii gubbaa oolchuu danda'an, adeemsa qaamolee wal dhaban sana gidduu galuun hariiroo uumuudha. Fedhii isaaniifi tarsiimoo wal dhabbiin sana to'atu baafatanii sakkatta'anii araarsuudha (Zartman, 1991). Akka

yaada hayyuu kanaatti wal dhabdee hiikuun kan danda'amu, yaadaafi fedhii qaamolee wal dhabanii addaan baafachuun tooftaa gara yaada tokkootti isaan fidu baafatanii walitti araarsuudha. Wal dhabdeen kunis kan furamuu danda'u karaa jaarsummaatiin raawwatama.

#### **2.4.1.3 Maalummaa Jaarsummaa**

Akka aadaa Oromoottii jaarsummaan maanguddoota umrii dheeraa qabaniifi hangaftuu ta'an irra filatamuun kan namoota wal dhaban walitti araarsan jechuudha. Maanguddoon filataman kunis, namoota hawaasicha keessatti fudhatama qaban, namoota dandeettii haasawaa qabanfi dandeettii namoota walitti araarsuu qabantu hawaasichumaan filatamuu. Asaffaa, (2002) fi Lawis (1998) "Community elder are supposed to resolve it on spot or fix adate usually weekends or holiday to mediate the disputants," jedhu. Akka yaada kanaatti jaarsoliin kan filatamaan namoota rakkoo adda baasuun furmaata kennuufi murteessuu danda'anidha. Guyyaan jaarsummaan itti adeemsifamuus guyyaa sanbataa fi guyyaa boqonnaa akka ta'e ibsu. Dabalataanis, Dajaneen (1991) akka jedhutti, "Jaarsoliin sanyiin isaanii sirna Gadaa keessatti hirmaannaa qaban araara jaarsummaa keessatti hirmaatu. Sababiin isaas, murtiin isaan kennan seeraafi heera Oromoo biratti hubannoo gahaa qabu jedhamee waan amanamuuf," jedha. Akka Dajaneen (2002) ibsutti, Oromoo biratti '*jaarsi abba hin qabu*' jedhameetu beekama. Kana jechuun jaarsi bitaafi mirga irra lakkaawamuu waan ta'eef, qaama kamiifuu looguu kan hin qabne ta'uu isaa agarsiisa.

#### **2.4.1.4. Faayidaa Jaarsummaa**

Ummata Oromoo biratti jaarsummaan faayidaa guddaa qaba. Faayidaan jaarsummaa osoo rakkoon babal'atee miidhaan qabeenya namaafi lubbuu namaa iraa hin gahiin furmaata kenna. Yoo wal dhabdee maatii ta'es akka maatiin hin bittinnoofneef shoorri inni qabu olaanaadha. Yaadauma kana Waaggaariifi Geetaachoon (2006) akka ibsanitti mala aadaatiin dhimma waldhabdee furuun qaamolee hawaasaa adda addaaf faayidaa guddaa qaba jechuun yaada armaan olii cimsu. Kana malees, rakkoo wal xaxaan gama seeraan furmaata hin arganne illee jaarsummaan furmaata argachuu danda'a. Sababiin isaas gama seeraatiin wanti hundi ragaa barbaada waan ta'eef murtee haqaa kennuun rakkisaadha. Karaa jaarsummaa garuu namoonni yakka hojjetan yoo ragaan hin jirres waan raawwatan mara jaarsolii araaratti haqa isaa himuun araaramu. Nama badii raawwate irrattis jaarsoliin araaraa kun adabbii itti kennuu danda'uu. Adabbiin isaan kennaniis akka kan seeraa hidhaatiin osoo hin taane horiifi maallaqaan adabuu danda'uu. Walumaagalatti jaarsummaan hariiroo hawaasaa kan cimsu, nagaafi tasgabbi namoota gidduutti kan uumudha.

Hayyuun Garcia Edamundo (1994), “Jaarsummaan karaa namootni amala badaa qaban gara amala gaaritti ittiin jijjiiramuu danda’an horatanidha” jedha. Kana jechuun jaarsummaan adabuu qofa osoo hin taanee gorsuun amala gadhee jijjiruu akka danda’u nu hubachiisa.

## **2.4.2 Wal Gargaaruu**

Faayidaa Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessaa tokko walgargaaruudha. Uummanni Oromoo haala jiruufi jireenya isaa keessatti aadaan wal gargaarsa isa tokkoodha. Hawaasichi akkuma gurmuun jiraatu, yoo rakkoon isa mudatees gurmuun rakkoo walii waliif furuun aadaa isaaniti. Uummanni godina Iluu Abbaa Booraas haala walitti dhimoo jiraniin wal gargaaraa turan. Wal gargaarsi kunis yeroo gara garaatti haala dhimmichaa irratti hundaa’uun bifa gara garaatiin raawwatama.

### **2.4.2.1 Wal Gargaarsa Yeroo Gammachuu**

Uummanni Oromoo yeroo gammachuu kanneen akka fuudhaafi heerumaa, mana ijaarsaa eebbaafi galateeffannaa adda addaa irratti hojii humnaan wal gargaara. Akkasumas, nama qarshii hin qabneef qarshiifi horii kennuun akka inni dinagdeen of danda’uu taasifama ture. Yeroo ammaa kanas hanga isaa haaxiqqaatuu malee aadaan kun Sirna Waal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti ni mul’ata.

### **2.4.2.2 Wal Gargaarsa Yeroo Gaddaa**

Uummanni Oromoo yeroo gammachuu qofa osoo hin taanee yeroo gaddaas haala garaa garaan wal gargaaraa turan. Hawaasni godina Iluu Abbaa Booraa aanaa Bachoofi aanaa Diiduus Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessaa inni tokkoo yeroo gaddaatti wal gargaaruudha. Halli ittiin wal gargaaraniis yoo namni du’e waliin boolla qotuu, awwaaluu, hanga gaddi raawwatutti wal jajjabeessuufi godoo jigsaa irratti waliin hirmaachuun hojii isaanii keessaa isa tokkodha. Yeroo gadda kanaatti hojii humnaan is haala yeroo irratti hundaa’uun walgargaaruun beekamaadha.

### **2.4.2.3 Qabeenyaa Walii Isaaniif Eegumsa Gochuu**

Hojii sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessaa inni tokko qabeenyaa walii isaanif eegumsa gochuu, yoo horiin jalaa bade waliin barbaaduu, nama qabeenya namaa hatuu yoo argan saaxiluu, namni qabeenya namaa fuudhee abbaa isaaf akka deebisuu gochuun hojii isaaniiti. Kun immoo, akka namni hattuu balaaleffatuufi yakki hawaasicha keessatti akka xiqqatuu, hawaasichi nagaan fi tasgabbiin akka jiraatuufi jaalalli akka jiraatuuf duudhaan kun shoorra olaanaa qaba. Yeroo sirni kun geggeeffamus itti fayyadamni afaanii kan yeroo biroo



irra addadha. Calaaqqeen ogafaaniifi Itti fayyadamni afaanii sirnicha keessaatti maal akka fakkaatuufi kanneen kamtu akka hojiirra ooluu addaan baahee xiinxalameera.

## **2.5 Faayidaa Ogafaanii Sirna Walseerrannaa Tuullaa Biyyaa Keessatti**

Sirni Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti Ogafaan gahee guddaa qabu. Innis ittiin gorsuuf, barsiisuuf, amala badaa ittiin to'achuufi qeequuf nugargaara. Sirna kana keessatti dhaloonni illee akka isaan afoola, aadaa, duudhaafi safuu hawaasa isaanii akka hubataniifi akka itti fayyadamaniif carraa kenna. Ogafaan hojiirra oolanis haala dhimmichaa irratti hunda'aa. Ogafaan duudhicha keessatti hojiirra oolan dubbii qindeessanii, miidhagsaniifi mi'eessanii ergaa isaanii haala salphaa ta'een bashannansiisaa nuffii tokko malee gurra dhaggeeffataa bira akka gahuuf shoora oiaanaa qaba.

### **2.5.1 Mammaaksa**

Mammaaksi uummata Oromoo biratti iddoo guddaa qaba.'mammaaksi soogidda dubbiiti, dubbii fidas dubbii fixas,' jedhama. Mammaaksi haala jiruufi jireenyaa hawaasa tokkoo keessatti bu'aa guddaa qaba. Jiruufi jireenyaa addunyaa dhugaa kan namatti agarsiisudha. Mammaaksi koobaa dubbiiti. Mammaaksi yaada bal'aa jechoota muraasa fayyadamuun ergaa gadifageenya qabu dabarsuuf gargaara. Akkasumas hawaasa keessatti aadaan gaarii cimee akka itti fufu, aadaan badaan akka to'atamuu, ilaalcha dhuunfaa ittiin ibsuuf; kanneen akka jibbaafi jaalalaa, gaddaafi gammachuu, jajuufi tuffachuu, dognummaafi arjummaa, qeeqaafi quuqqaaaisaa mammaaksa fayyadamuun haala miidhagina qabuun qindeessee miidhaksee kan dhiyeessuudha. Mammaaksi jecha xiqqoon ergaa guddaa kan dabarsuufi gorsa yaada abshaalummaan deeggeramee dhiyaatuudha. Mammaaksi bifa walaloon waan dhiyaatuuf miidhagina jechootaafi afaanichaa gadfageenyaan beekuu kan gaafatuudha. Bifa walaloon dhiyaachuunisaa immoo akka miira namaatti toluufi akka salphaatti hin dagatamne taasisa.

### **2.5.2 Eebbaa**

Eebbi aadaa ummata Oromoo keessa isa tokkodha, Oromoon yeroo dhimma tokkoof bakka tokkotti wal gahuu eebbaan jalqabee eebbaan goolaba. Eebbi qabiyyee dhimmichaa irratti hundaa'uun haala garaagaraan yoo geggeeffames kayyoon isaa biyyaa ofiif, saba ofiifi maatii ofiitiif nagaa, jaalalaafi hawwii gaarii waliif kadhachuudha. Uummanni Oromoo kan dhabeef nikadhata; kan argateef immoo nigalateeffata. Eebbi wallaalaan akka baruuf, beekaan akka buluuf, kan maseente akka deessuuf, deessuun akka ofkoltuuf, kan degee akka duuromuuf itti gargaarama. Eebbaa ilaalchisee akka Geetaachoo (2011:60) ibsutti, "Eebba jechuun nagaa, tolaa, qajeelaa, milkii gaarii, soorummaa, injifannoo, hormaataafi kkf maqaa

waaqaa waamanii namaaf hawwuufi kadhachuu jechuudha,” jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti eebbii haala jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti iddoo guddaa qabaachuu isaati.

Kana malees, eebbii nama waan gaarii hojjete maqaa dhahuun akka guddatuu, umrii dheeraa akka jiraatuu, akka duuromuu, waan dhabee akka argatuuf niebbisuu. Kanaafuu, uummanni Orommoo waan itti amanuuf ni rawwatamaaf. Kanaafuu, eebaaf iddoo guddaa qabu. Eebbi kunis bakka gaa'eelaa, sirna gadaa, sirna wal seerranna, bakka Irreechaafi kkf eebbifama. Innis kan eebbisuufi kan eebbifamuu waan jedhan wal jalaa qabuun jedhu, Akka aadaa Oromootti kan eebbisuu angaftuudha.

### **2.5.3 Sirba yeroo hojii wal gargaarsaa**

Sirna Wal Serrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti hojii hojjetamuu keessaa tokko hojii humnaa gurmuun waliif hojjechuun rakkoo irratti wal gargaaruun isa tokkodha. Yeroo wal gargaarsa kana immoo sirboota gara garaatu jira. Sirboota kanaanis wal farsuuf, kan dadhabe ittiin jajjabeessuuf, bashannanaa dadhabbiifi nuffii malee hojjechuuf isaan gargaara. Yaada kana deeggeruun, Dirribaa Taffarraa (2005 f 117) irratti yoo ibsu, ‘’ Namoonni dhuunfaanis ta’e gareedhaan hojii baay’ee dadhabsiisaafi ulfaataa ta’e yeroo hojjetan nuffii tokko malee si’aa’inaan akka raawwataniif gahee afoolli hojii qabu olaanaadha.’’ Jechuun yaada olii sana cimsa. Kana malees, ergaa isaanii ittiin dabarfachuuf itti gargaaramu. Sirboonni yeroo hojii kunis hojiilee hojjetamuu irratti hundaa’uun dhiyaatu. Isaanis; kan yeroo mana ijaarsaa, kan yeroo qonnaa, kan facaasuu, kan yeroo haamuufi kan calleessuuti. Sirboota yeroo hojii kan keessatti ergaa isaanii sirritti dabarfachuuf itti fayyadamni afoolaa gahee guddaa qaba.

#### **2.5.3.1 Sirba daboo yeroo hojii wal gargaarsaa**

Sirna Wal Serrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti hojii hojjetamuu keessa tokko hojii humnaan rakkoo irratti wal gargaaruun isa tokkodha. Yeroo wal gargaarsa kana immoo sirboota gara garaatu jira. Sirboota kanaanis wal farsuuf, kan dadhabe ittiin jajjabeessuuf, ergaa isaanii ittiin dabarfachuuf itti gargaaramu. Sirboonni yeroo hojii kunis hojiilee hojjetamuu irratti hundaa’uun dhiyaatu. Isaanis; kan yeroo mana ijaarsaa, kan yeroo qonnaa, kan facaasuu, kan yeroo haamuufi kan calleessuuti. Sirboota yeroo hojii kan keessatti ergaa isaanii sirritti dabarfachuuf itti fayyadamni afaanii gahee guddaa qaba.

### **2.5.4 Abaarsa**

Abaarsi afoola Oromoo keessa isa tokkodha. Akkuma nama waan gaarii hojjete eebbisan nama waan hamaa hojjete immoo ni abaaruu. Abaarsi kunis kan raawwatu hangaftuutiin ta’ee, namni abaaramuus nama dabaa hojjete, kan safuu hawaasichaa cabse, kan sobe, kan

sobaan nama irratti raga baheefi kan kkf yoo hojjeete badii isaa irra akka of qusatuufi yakki akka hawaasa keessatti hin baballanneef geggeeffama. Abaarsi yeroo baay'ee kan abaaramuu badii dhoksaatti raawwatamuufidha. Hawaasni Oromoo abaarsa miidhaa nama irraan gaha jedhee waan amanuuf nisodaata.

### **2.5.5 Kaka**

Afoola Oromoo keessa tooftaan yakka dhokataa ifa ittiin baasan keessa tokko kakaadha. Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti kakuun dhugaan akka hin badne gochuu keessatti gahee guddaa qaba. Kakaan kunis manguddootaa keessa angaftuun filatamee nama kaksiisa. Kakaan kunis kan raawwatamu yoo qabeenya namaa fuudhee abbichi ofiin of himuu yoo didee akkasumas namni argee yoo himuu dide, hin fuunee, hin argine, hin dhageenyee jechuun namoota kaksiisan bira dhuunfaan deemuun seera isaa eegani kakatu, Kanaafuu hawaasichi kakaan nama qaqaba jedhee waan amanuuf baay'ee sodaata. Kanarraan kan ka'e, kakaan dhugaa baasuu keessatti bu'a qabeessadha.

## **2.6 Malleen Dubbii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa Keessatti Hojiirra Oolan**

Malleen dubbii jechuun dubbiiif barreeffama keessatti holooloonis ta'e walaloon dhaamsa dabarsuuf, waan barbaadame sana humnaafi midhagina gonfachiisuun sammuu dhaggeeffataa keessatti fakkii uumee, miidhagsee, salphaatti akka hin dagatamne taasisee kan dhiyeessudha. Faayidaan malleen dubbii miira keessoo ofii jiru haalaan ibsachuuf nama gargaara. Haaluma kanaan barbaachisummaafi faayidaa malleen dubbii ilaalchisee Malaakneh (2006) waabeeffachuun Misgaanuun (2012:76) akkas jechuun ibsa, "By definition they are forms of expression wich depart from the conventional word or sentence in order to achive aspecial effect beyond the range of literal language and analogy," jedha. Akka yaada kanaatti malleen dubbii jechoonnifi himoonni ogummaatiin miidhaganii, qindaa'anii hiika duraan qabaniin alatti hiika biraa qabaachuun ergaa biroo kan dabarsu ta'uu isaa hubanna. Kana malees, Addunyaan (2016:208) ibsutti, "Malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko nama hubachiisuudha. Innis karaa waan guddaa tokko xiqqeessanii, waan xiqqoo immoo arbeessanii, binoo nameessanii, wal cinaa qabani, cinaachaanis himanii, mijeessaniifi mii'eessanii dhiyeessuudha," jechuunibsa. Akka yaada kana irraa hubannutti dubbiin qolaa itti fayyadama afanii keessatti gahee guddaa qabaachuu isaa ibsa.

Walumaagalatti, dubbiin qolaa hundi fayyadama afaanii keessatti hojii kalaqaa gonfachiisuun haala nama hawwatuufi fakkii sammuu namaa keessatti uumuu danda'uun kan dhiyaatuufi haala salphaa ta'een; gorsuu, barsiisuu, qeequu, mormuu, diddaafi kkf kan garrgaarudha.

Sirna WalSeerrannaa Tullaa Biyyaa kessattis dubbin qolaa haala dhimmichaa irratti hundaa’uun hawaasichi itti fayyadama. Malleen dubbi hawaasichi itti fayyadamuus kanneen armaan gaditi.

### **2.6.1 Akkasaa**

Akkasaan wantoota lama yaada, amalaafi gochaan waldorgomsiiisuun ykn wal madaalchisuun kan dhiyeessudha. Akkasaan jecha akka jedhu fayyadamuun Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti wantoota garagaraa wal bira qabuun jecha akka jedhuun walqabsiiisuun itti fayyadama. Kanaafuu, akkasaan sirnicha keessatti gahee guddaa taphata. Yaada kana ilaalchisee, akka Malakneh (2006) wabeffachuun Misgaanuu (2012:79) ibsutti, “Simileis afigure of speech in which a comparison is expressed by a word or phrase such as like athen or asif,” jedha. Akka yaada armaan oliitti akkasaan jechoota akkafi fakkaataa jedhanitti fayyadamuun wantoota garaagaraa lama waldorgomsiiisuun kan dhiyeessu ta’uu isaati.

Yaaduma kana Wasanee (2017, f 143) yoo ibsu, “Akkasaan jechoota akka, fakkaataa, gahaafi amma jedhaman fayyadamuudhaan waan tokko waan biraatiin wal bira qabee kan ibsudha,” jedha. Yaada kana irra kan hubatamuu waan tokko haala salphaa ta’een akka hubatamuu gochuu isaati. Dabalataanis, yaaduma kana akka Addunyaa (2016, f 208) ibsutti, ‘ Akkasaan gaalee akka isaa jedhu irra ijaaramee. Tajaajilli isaas ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta’e tokkoon walcinaa qabani dhiyeessuun akka salphaatti hubatamu gochuudha. Haala akkasii keessatti baay’inaan jechoota akkafi fakkaata jedhantti fayyadama,’ jechuun yaadota olii cimsuun ibsa.

### **2.6.2 Iddeessa (Bakka buusuu)**

Iddeessaan amala, bifafi boca waan tokkoo guutummaa guututti kan biroof kennuun ykn bakka buusuun suuraa waan addeeffamuu sana namatti agarsiisuun kan dhiyeessudha. Waa’ee iddeessa ilaalchisuun Ricover (1975, f 28) yoo ibsu, “Methaphor is possible only because of methaphor presents the polarity of the terms comared in a bridge form,” jedha. Yaaduma kana Berhanu (2009:24) yoo ibsu, “Metaphor is used to compare two things that are remote from each other by drowing on certain aspect of similarity between them,” jedha. Akka yaada namoota armaan oliitti iddeessi ykn bakka buusaa jechuun wantoota wal hin fakkannee lama wal dorgomsiiisuun amala isa tokkoo isa biroof kennuun akka wantichi sirritti hubatamuu kan godhudha.

### **2.6.3 Nameessa**

Nameessi dandeettifi amala dhalli namaa calaqqisiisuu ykn gochaa dhalli namaa raawwatu mara lubbu-qabeeyyiif ykn lubbuu-maleeyyii gonfachiisuun ergaa dabarsuudha. Nameessi

fayyadama afaanii keessatti iddoo guddaa qaba. Yaadicha sirriitti calaqqisiisuu keessatti dandeettiin dubbataa yookaan barreessaa murteessaadha. Sababiin isaas akkaataan wantoonni amala namootaa sana ittiin ibsan irratti hunda'aa. Kana jechuun wantoonni sun akka namaatti dubbachuu, gammadanii kolfuu, gaddanii boo'uufi kkf taasisuun ibsuudha. Yaada kana Wasanee (2017:144) “Amala ykn dandeetti ilma namaa lubbuu qabeeyyii biroof ykn lubbuu dhabeeyyi biroo gonfachiisuun kan dubbatamuudha,” jedha. Akka yaad kanaatti bineensotaa, lubbuu qabeeyyiifi lubbu dhabeeyyii maraaf amala namaa kennuun kolfisiisuun, gaddisiisuufi dubbachiisuun kan ittiin ergaa dabarsanidha.

#### **2.6.4 Arbeessuu**

Arbeessuun waan tokko dhugaa jiru bu'uureffachuun humna olitti gara malee gura guddisanii yookaan gara malee xiqqeessanii dubbachuudha. As keessatti wanti gara malee guddisnee ibsinu kan gurra dubbisaa biratti dhugaa hin fakkannedha. Yaadni bifa kanaan ibsamu jechoota wantoota ittiin ibsinu waliin kan deeman ta'uu qaba. Sababiin isaas dubbistoonni ykn dhageeffatoonni miira bareedaan simachuu kan danda'an ta'uu qaba.

Yaaduma kana Addunyaan (201 ;214) irratti yemmuu cimsu “Arbeessuun waan tokko gara malee guddisanii dhiyeessuudha. Kana jechuun, waan tokko guddisanii amma araba taasisuu jechuudha”. Kanumaan wal qabatee Dean (2006:50) irratti “Hyperbole is exaggeration that is based in truth,” Akka yaada kanaatti arbeessuun dhugaa jiru osoo hin taane dhugaa jiru irra dhaabbachuun ol kaasanii ykn irra dabarsanii dhiyeessuudha.

#### **2.6.5 Habalaka**

Malli dubbi kun dhaamsa dabarsuu barbaanne tokko faallaa isaatiin dabarsuu jechuudha. Habalakni waan jaallatan fakkeessanii tooftaa ittiin jibba ofii mul'isanidha. Yaada kana ilaalchisuun, Abrams (1993) waabeeffachuun Misgaanuun (2012 f 87 – 88) yoo ibsu:

Irony is a mockery or scorn use of words to express the opposite of what one really means that is words of phrase are given often intended. A kind of person, isn't it? A remark made when a person is actually unkind, cruel, self-seeking, jealous or prejudiced. In most of modern critical uses of the term irony, there remains the root sense of dissembling or hiding what is actually the case; not, however in order to deceive but to achieve special rhetorical or artistic effects.

Kana malees, habalakni ykn agiboon gosoota malleen dubbii kan jechoonni hiika kallattiifi hiika faallaa wanta yaadamee sana ta'ee dhiyaatudha (Harry, 1905). Fedhasaa (2013) gama isaatiin, habalakni dubbii addummaa wanta fakkaatuufi dhugaa ta'ee gidduutti kan mul'atu akka ta'etti ibsa. Barreeffamicha keessattis wanti jedhamuuf ka'e isa jedhame akka hin taane

ni beekama jedha. Akka yaada hayyoota kanaatti habalakni yaada ibsamuu barbaadameen faallaa isaa ibsuu akka ta'e hubanna.

## **2.7 Sakatta'a Barruu Wal-fakkii**

Qorannoon tokko yeroo geggeefamuu sakatta'a barruu wal-fakkii gochuun barbaachisaadha. Sababiin isaas, qorannoo kanaan dura geggeeffame waliin wal bira qabanii ilaaluun, hanqinaafi ciminaa qorannoo duraan tureefi kan amma hojjeetama jiru wal bira qabanii xiinxaluun yaada sirreeffamaa ykn yaada dabalataa kaa'uuf gargaara. Haaluma kanaan qorattuun kunis mataduree qorannoo kanaan guutummaa guutuutti kan wal fakkaatanii hojjetaman hanga dubbisetti kan dhiyaate yoo dhibames, kan mataduree kanaan walitti dhiyaatau jechuun yaadde akka armaan gadiitti sakatta'amanii jiru.

Gammachuu Raggaasaa (2018) mata-duree "Xiinxala Itti Fayyadama Afaanii Hordofootaa Qaalluu Abbaa Dhugaa Biratti"; Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Haroo Limmuu jedhu waraqaa qorannoo digirii lammeffaa guuttachuuf hojjetame jira. Qorannoo kana waliin walitti dhufeenyii isaanii aadaafi duudhaa hawaasa naannoo tokkoo irratti geggeeffamuufi rakkoo hawaasa furuu isaati. Garaagarummaan isaanii immoo qorannoon duraanii qaama hawaasaa keessa qaama hordofoota amantii Abbaa Qaalluu hordofan qofa irratti kan xiyyeeffatu yemmuu ta'uu qorannoon qorattuu kanaa immoo hawaasa hordofoota amantii hunda hirmaachisuu isaan addadha.

Tulluu Yuunee "Qaaccessa Fayyadama Afaaniifi Sirna Araaraa Koottu Dhufee;" Oromoo Arsii Aanaa Shaallaa jedhu Waraqaa qorannoo digirii lammeffaa (MA) guuttachuuf hojjetame waliin walitti dhufeenyaafi garaagarummaa ni qaba. Wal-fakkeenyii isaanii itti fayadama afaanii xiinaluufi rakkoo waldhabdee bifa jaarsummaan hiikuu isaaniiti. Garaagarummaan isaanii immoo qorannoo duraanii rakkoo hawaasaa kessa dhimma tokkoo qofa irratti kan xiyyeeffatudha. Kanaafuu qorannoo koo waliin qabiyyee isaatiin addadha.

Buzunaa Taaddasaa (2013) "Xiinxala Akkaataa Sirna Raawwii WalSeerrannaa Tuullaa Biyyaa " Godina Iluu Abbaa Booraa, jedhu irratti qorannoon adeemsifamee ture. Qorannoo kana waliin walitti dhufeenyi isaanii duudhaa hawaasaa irratti geggeeffamuu isaaniiti. Garaagarummaan isaanii immoo qorannoon duraanii akkaataa raawwii sirnichaa irratti kan xiyyeeffatu yemmuu ta'u, qorannoon koo immoo sirnicha keessatti ogafaaniifi itti fayyadamni afaanii achi keessa jiru maal akka fakkaatuu xiinxaluudha.

Qana'aa (2009) Mata- dure " Sirna Gumaa Baasuu " Aanaa Diiduu jedhu kan hin maxxanfamiindha. Qorannoon kunis, haala hawaasichi namoota lubuu walii baasan firoota gama lameenii itti araarsuu ibsee jira. Qorannoo qorattuu kanaan wanti walisaan fakkeessuu

maanguddoon araara buusuu yoo ta'uu, garaaagarummaan isaanii immoo qorannoon duraanii dhimma hawaasaa keessaa dhimma tokko qofa irratti ta'uu isaafi dhimmichis erga miidhaan gaheen booda kan raawwatudha. Qorannoon qorattuu kana immoo qabiyyee isaatiin addadha. Walumaagalatti, qorannoowwan armaan olitti sakatta'aman irra caalaan isaanii dhimma hawaasa keessa dhimma qeenxee tokko qofaafi dhimmichis erga miidhaan qaqabeen booda kan raawwatu irratti xiyyeeffatudha. Qorannoon koo immoo dhimmoota hawaasa mara kanneen akka hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa kan ilaallatuufi osoo rakkoon hammaataan hin dhufiin dursee kan irratti hojjetu ta'uu isaatu adda isa taasisa. Akkasumas itti fayyadamni afaaniis haala qabiyyee dhimmichaa irratti hundaa'uun kan fayyadamnu ta'uu isaati.

## **2.8 Yaaxina Qorannichaa**

Qorannoon kun yaaxina tajaajilaa gargaaramee jira. Sababiin isaas yaaxinaalee jiran keessaa kaayyoo qorannoo kanaa waliin kan hidhata qabu yaaxina tajaajilaati. Yaaxinni tajaajilaa faayidaa wanti tokko jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti qabu qorachuuf gahee olaanaa qaba. Yaada kana ilaalchisuun, “Yaaxinni tajaajilaa qorannoo aadaa hawaasa tokkoo keessatti akka calaqqeetti kan ilaalamuu, aadaafi walitti dhufeenya hawaasa Sanaa daraan kan cimsu,” akka tahe Bauman (2005) ibse jira.

Qorannoon kun haala calaqqee ogafaaniifi itti fayyadama afaanii Sirna WalSeerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti argamu xiinxaluu waan taa'eef, sirnicha keessatti hawaasichii haala akkamiin afaan isaatti fayyadamuun duudhaa isaa hordofee dhalootaaf akka dabarsaa ture, afoola garagaraafi dubbiiwwan qolaa haala kamiin akka fayyadamaa tureefi yeroo ammaas haala kamiin sirnicha keessatti itti fayyadamu yaadni jedhu kallatti yaaxina faayidaa waliin hidhata qabu. Kanaafuu, yaaxinni faayidaa mala ittiin jiruufi jireenya hawaasaafi aadaa hawaasa ittiin qoratanidha.

Yaada kana ilaalchisee, Filee (2019 f 28) irratti yaaxina tajaajilaa yoo ibsu, “Qorannoo afaanii keessatti afoolli, dubbiin qolaa, mammaaksi, eebbi, abaarsiifi kkf haala kamiin nama onnachiisuu, miira ofii ibsuu, jajjabeessuu, kanneen badii dalagan akkamitti akka gorsuufi ceepha'u, mammaaksi gara amala gaaritti akkamitti akka nama deebisu qorachuuf barbaachisaadha,” jechuun ibsa. Kanamalees, gama ragaan yaaxinni faayidaa waa'ee walitti dhufeenya afaaniifi hawaasaa irratti kan xiyyeeffatudha. Yaaada kana ilaalchisee, Wardhaugh (2006) ‘Functional theory is concerned with investigating the relationships between language and society with investigating of the structure of language and how languages function in communication,’ jechuun ibsa. Akka yaada armaan oliitti yaaxinni faayidaa walitti dhufeenya afaaniifi faayidaa hawaasni afaanichaan argatu waan deeggeruuf yaaxinni kun filatamaa ta'uu

isaa hubanna. Gama biroon yaaxinni faayidaa qorattoonni dhimmoota afoola hawaasaan walitti dhufan irratti qorannoo geggeessaa akka turan ragaaleen niibsu. Innis fooklooriin hawaasaa keessatti tajaajila akkamii akka qabu qorachuu irratti xiyyeeffata.

Okpewho (1992) Yeroo jalqabaaf yaaxxina faayidaa kana fookloorii keessatti kan qorate nama ‘William Bascom’ jedhamu ture, jechuun ibsa. Namni kun fookloorii faayidaa garaa garaa kanneen akka barsiisuu, tursuu, miliquufi gati qabeessummaa aadaaf gumaachuudha. Yaaxxinni tajaajilaa faayidaa afoolli hawaasaaf kennuu kallattii hundaan sakatta’ee kan ilaaludha. Bu’uuruma kanaan Sirna WalSeerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti faayidaa hawaasni afaan isaa afoolatti fayyadamuun duudhaa isaa geggeeffataa tureefi amma ittiin geggeeffataa jiru xiinxaluuf mala yaaxxina tajaajilaa akka filatu ta’ee jira,



## **BOQONNAA SADI ; MALLEEN QORANNICHAA**

Boqonnaa kana keessatti ragaalee garagaraa Calaaqee ogafaaniifi Itti Fayyadama Afaanii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti argamu xiinxaluuf gargaaran, tooftaalee qorannichaafi wantoota mala qorannichaa waliin walqabatan kanneen akka saxaxa qorannichaa,madda ragaalee qorannichaa,jamaa qorannichaa,meeshaalee funaansa ragaalee,mala qaaccessa ragaaleefi sakkoo qorannichaatu duraa duubaan dhiyaate jira.

### **3.1 Saxaxa Qorannichaa**

Kaayyoon qorannoo kanaa calaaqee ogafaaniifi fayyadama afaanii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa aanaa Bachoofi aanaa Diiduu xiinxaluudha. Kanaaf ammoo mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahame. Sababiin isaas, odeeffannoo qorannoo kanaaf tooftaalee garagaraan funaaname gadi fageenyaan xiinxaluun jechootaafi himootaan qindaa'anii ibsamuuf mijatoo waan ta'aniifidha. Kana malees, qorannoo kana keessatti odeeffannoo aadaa hawaasaan walqabatani sassaabaman gadi fageenyaan waan xiinxalamuuf, malli kun mala filatamaadha.Yaada kana ilaalchisuun, Hancock ( 1998 f 2) yoo ibsu, "Qualitative research is concerned with developing explanations of social phenomena--- it is concerned with finding the answers to questions which begin with way?How? In what why? " jedha. Akka yaada kana irraa hubannutti malli qorannoo akkamtaa gaaffilee Maaliif? Akkamitti? Haala kamiin jedhu qorachuuf gaarii akka ta'e ibsa. Qorannoo akkamtaa gaaffiiwwaan Maaliif? Akkamitti? jedhan kaasuun gadi fageenyaan xiinxaluu irratti humna waan qabuuf, odeeffannoo dhokataa ta'e baasuufi hubannoo dhimmicha irratti jiru babal'isuuf mala gaaridha jedhameet amanama.Mala qaaccessa ragaa akkamtaa ilaalchisuun, Filee (2012 f 110 ) irratti yoo ibsu,

"Malleen qaaccessa ragaalee jiran keessaa malli akkamtaa daraan kan irratti xiyyefatu odeeffannoo argame jechootaan, gaaleedhaan,ciroodhaan, himeeniin yookaan mallattoolee adda addaaf xiyyeefannoo kennuun ibsuudha. Yaadrimeen akkamtaa jedhu kun yaada yookaan ergaa odeeffannoo keessa jiru tokko akka uummanniifi hawaasni jedhutti, ilaalutti, ibsutti, hiika itti kennutti, ibsuufi qaaccessuu irratti xiyyeeffata,"Yaada armaan oliirra wanti hubatamu malli qaaccessa ragaa akkamtaa odeeffannoo sassaabame akka hawaasichi jedhutti ibsuu irratti kan xiyyeeffatudha. Dabalataanis, Qorannoo akkamtaa geggeessuuf odeeffannoo kan funaannu afgaaffii, daawwannaafi meeshaalee suursagaleen waraabamaniidha. Odeeffannoowwan kallattiin hawaasaa keessaa walitti guuraman gadi fageenyaan xiinxalamuufi ibsa itti kennuuf malli akkamtaa filatamaa ta'uu hubanna. Qulqullinni ragaalee qorannoo kanaa kan mirkanaa'u tooftaalee adda addaan odeeffannoon walitti qabaman sana

irratti hundaa'uun madden odeeffannoo adda addaa yeroo adda addaatiif dhiyessuu, qaamaan argamuun, ijaan ilaalanii yaadannoo qabachuudhaan odeeffannoo gara garaa walbira qabuun dhugummaa isaa mirkaneeffachuudhaan raawwatame. Mala akkamtaa keessaas dhimmi aadaa hawaasa tokkoon walqabatuufi aadaa hawaasichaa irraa addaan baafnee qorachuu hindandeenye mala qorannoo sanyabsaatti dhimma bahama. Bu'uuruma kanaan qorattuun kaayyoo fi amala qorannoo kanaa giddu galeessa godhachuun saxaxa qorannoo ibsaatti dhimma ba'uun qorannoo kana geggeessite.

### **3.2 Madda Ragaalee Qorannichaa**

Qorannoo kana geggeessuuf maddi ragaaleen qorattuun itti fayyadamte madda ragaa tokkoffaati. Isaanis maanguddoota aanaa Bachoo fi maanguddoota aanaa Diiduu keessaa Sirna Walseerrannaa Tuullaa Biyyaa irraatti maanguddoota qooda fudhataniifi umuriin bilchina qaban irra yaadannoo qabachuun, waraabii suursagaleefi sagalee waraabuun ragaalee walitti qabatte. Sababiin isaas maddi raga tokkoffaan qorattuun ragaalee ishii odeeffannoota irraa kallattiin dhiyaachuun kan waltti qabattedha.

Yaada kana ilaalchisuun, Krishnaswami fi Ranganatham (2004, f 164). "Primary sources are original sources from which the researcher directly data that have not been previously collected," jedha. Akka yaada hayyoota kanaattis maddi ragaa tokkoffaan odeeffannoon kallattiin dirree qorannoo irratti argamuun odeeffannoota irra walitti qabachuu akka ta'e hubanna. Walumaagalatti yaanni armaan olii qorattuun akka madda ragaa tokkoffa filattuuf ka'umsa ta'ee jira.

### **3.3 Jamaa Qorannichaa**

Qorannoon kun duudhaa hawaasa godina Iluu Abbaa Boor keessaa kan aanaalee Bachoo fi Diiduu waan ta'eef, jamaan qorannoo kanaa hawaasa godina Iluu Abbaa Boor aanaalee Bachoo fi Diiduu keessa jiraatan hundadha.

#### **3.3.1 Iddattoo fi Mala Iddatteessuu**

Iddattoon qorannoo kanaas maanguddoota waa'ee Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti qooda qaban, itti gaafatamtoota Biiroo Aadaa fi Tuurizimi aanaalee lameenii fi Itti gaafatamaa Mana Murtii aanaa Bachoo yemmuu ta'an, Mala iddatteessuu miti carraa keessaa tokko kan ta'e, mala darbaa dabarsaatiin kan filataman maanguddoota 19 (kudha sagal) yoo ta'u, Malli darbaan dabarsaa akka Filee (2019 f 69) irratti, Gosoota iddattoowwan miti-carraa keessaa tooftaa darbaa dabarsaadhaan (snowball sampling) odeeffannoo walitti qabachuudhaaf dhimma tokkorratti nama waa'ee mata duree qorannoo tokkoo beeku irraa ka'uudhaan nama kan biraa dhimmicha beeku iyyaafachuun kan bira ga'amudha jechuun

yaada armaan olii cimsee jira. Kana malees, hojjettoonni aadaafi tuurizimii aanaalee lameeniifi pirezidaantiin mana murtii aanaa Bachoo 3(sadii) ammoo mala akkayyootiin kan filataman ta’u. Kanaafuu, odeeffannoon qorannichaaf amansiisaafi barbaachisaa ta’e hundi haala kanaan kan walitti qabamedha.

### **3.4 Malleen Funaansa Ragaalee**

Qorannoo akkamtaatiif odeeffannoo guuruuf afgaaffii, daawwannaafi marii garee gargaaramuun gaariidha. Cres Weel (2003 f 17), “Qualitative research emerging methods open-ended questions, interview data, observation data, document data and audiovisual data text and image analysis,” jechuun ibsa. Yaadolee armaan oliirraa akkuma hubannutti, qorannoo dhimma aadaafi duudhaa hawaasaa irratti geggeessinu keessatti odeeffannoo walitti qabuuf malleen akka afgaaffii, marii garee, gaaffilee banaa, daawwannaa, sagaleefi viidiyoon jiran akkasumas suuraa sakatta’uun gaarii akka ta’e hubanna. Kanaafuu, meeshaalee funaansa ragaalee qorannoo kanaaf oolan haala mataduree qorannoo kanaaf odeeffannoo ifaafi gahaa ta’e argamsiisuu danda’aniin kan filataman waan ta’aniif, kanneen akka afgaaffii, marii garee, daawwannaadha. Sababiin isaas, Sirni Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa duudhaa hawaasaa waan ta’eef, yemmuu sirni kun geggeeffamu ogafaaniifi fayyadamni afaanii maal akka fakkaatu qorachuuf, odeeffannoo gahaafi quubsaa sassaabuufi xiinxaluuf meeshaaleen kunneen isaan kaan caalaa malleen filatamoo waan ta’aniifi.

#### **3.4.1 Af-Gaaffii**

Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti namoota odeeffannoo kennan sana kallattiin argachuun haala jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti waan kanaan dura raawwatee darbe, waan arganii darbaniifi muuxannoo dhimmicha irratti qaban hunda fuula fuulatti wal arguun haala bilisa ta’een odeeffannoon guurame. Kunis gaaffilee cufaafi banamoo ta’an kaayyoo fi qabiyyee qorannichaan walqabatan qopheessuun kan geggeeffamedha. Af-gaaffii namoonni odeeffannoo kennan waan kanaan dura raawwate, waan kanaan dura arganiifi jireenya isaanii keessatti hubatan bilisa ta’anii akka ibsan kan karaa saaquudha (Goldsten, 1964). Kanaafuu, afgaaffiin maanguddoota Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa irratti beekumsaafi muuxannoo gahaa qaban akkasumas hojjettoonni aadaafi tuurizimii, abbootii Gadaafi pirezidaantii mana murtii waliin taasifamuun odeeffannoon bal’aan sassaabameera.

### **3.4.2 Marii Garee**

Qorannoo kana keessatti odeeffannoo afgaaffiin argamu dhugummaa isaa mirkaneessuuf, marii garee fayyadamuun barbaachisaadha. Sababiin isaas, odeeffannoo kallattii gara garaan sassabamu marii gareen cimuu qaba. Kana malees, mariin garee odeeffannoon miliqee hafu yoo jiraate marii gareetiin akka walyaadachiisan gochuun soqamee ba'uu danda'a. Mariin garee kan adeemsifamu dhimma ka'e irratti namoota odeeffannoo gahaa ta'e kennuu danda'u jedhaman walitti qabanii mari'achiisuun odeeffannoo sassaabbamedha (Yalew, 2006). Kanaafuu, qorannoon kun odeeffannoo mala garaa garaan walitti qabame waliin wal bira qabuun ilaale. Haaluma kanaan, namoota afgaaffii keessatti qooda hin fudhatiiniifi waa'ee Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa irratti beekumsaafi muuxannoo qaban irraa odeeffannoo walitti qabachuun iddoo tokkotti walitti fiduudhaan yaada waliigalaa kan miseensonni marii garee itti walii galan galmeeffachuu danda'e.

Mareen kunis marsaa sadiin kan geggeeffamedha. Guyyaan itti geggeeffames guyyaa odeeffannootaaf mijatuufi bakka isaaniif mijatutti kan geggeeffamedha. Kunis guyyaa Dilbataa 6/9/2014, 20/9/2014 fi 4/10/2014 ture. Guyyoonni kun guyyaa sanbataafi guyyaa hojiin hin jirre turan. Bakki mariin kun itti geggeeffames bakka mana gandaa jedhamuttidha. Mareen kunis sa'aa tokkoofi daqiiqaa soddoma marsaa sadiin namoota shan waliin kan geggeeffamedha. Yeroo marii garee kanaa qorattuun ragaalee daawwannaadhaan argatteen walmaddii qabdee kan mariisisteeffii dhugummaa isaas kan mirkaneeffattedha.

Yeroo kana qorattuun yaadannoo qabataa qabxiilee marii dhiyeessuun raawwate. Marsaa sadiin akka geggeeffamuuf kan barbaachiseef, inni jalqabaa yaadni maree jalqabaa irratti hin ka'iin hafe akka dhiyaatuuf carraa argata. Kan biroon ragaa himtoonni guyyaa jalqabaa irratti hin argamiin akka irratti hirmaataniif carraa uuma. Kanaafuu mareen kun yeroo adda addaatti geggeeffamuun isaa bilchina ragaa walitti qabamuuf murteessaadha.

### **3.4.3 Daawwannaa**

Qorannoo aadaa qorachuuf daawwannaan filatamaadha. Sababiin isaas qaamni qorannoo geggeessuu achitti argamuun yookaan keessatti qooda fudhachuun kan geggeeffamuu waan ta'eef odeeffannoon argamu sun yoomessa uumamaa isaa sirriitti waan mul'isuuf baay'ee filatamaadha. Qorannoo kana geggeessuuf odeeffannoo sassaabame qabatamaafi dhugaa ta'e argachuuf daawwannaan barbaachisaa waan ta'eef, qorattuun bakka Sirni Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa itti geggeeffamutti argamte ragaalee funaanuun dhugaa jiru mirkaneeffachuuf daawwannaa filatte jirti. Qorattuun duudhicha keessatti argamte odeeffannoo barbaachisaa ta'e daawwachuun galmeeffachuu, suuraafi sagalee waraabuun ragaa walitti qabatte. Kana irra

ka'uun, Sirna WalSeerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti ogafaaniifi itti fayyadamni afaanii maal akka fakkaatu, yeroo kam akka raawwatu, maal maaltuu akka raawwatu, akkamitti akka raawwatuufi raawwii sana keessatti gahee itti fayyadamni afaanii qabu tartiiba raawwichaa keessatti hordofuun ragaa sirrii, qabatamaafi amanamaa ta'e akka argamu waan godhuuf daawwannaa gargaaramte jirti.

### **3.5 Mala Qaaccessa Ragaalee**

Qorannoo kana keessatti qorattuun ragaalee funaanaman akkaataa xiinxala ragaa akkamtaatti dhimma bahuun duraaduuba gochaalee raawwataman sadarkaa isaaniitiin qoqqooduun tartiibessuun mala qaaccessa ibsaatti gargaaramuun ragaalee bifa garaagaraan walitti qabaman akkaataa walfakkeenya isaaniin qoqqooduun gad fageenyaan xiinxaluun ibsa itti kenniteetti .Kana malees, malli ibsaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta'eefi maaltu akka ta'aa jiru addaan baasuun kan ibsudha.Qaaccessa kanaanis, Raawwii sirnichaa keessatti calaqqee ogafaaniifi itti fayyadamni afaanii maal akka fakkaatu xiinxaluun ibsi itti kenname. Sababiin mala xiinxala ragaa akkamtaa filatamees malli kun ragaalee bifa jechaatiin walitti qabame akkaataa odeeffannoon maddeen ragaa irraa sassaabamani irratti hundaa'uun ibsa gahaa ta'e sababii waliin kennuun akka qaacceeffamuuf waan gargaaruuf filatame. Malli qaaccessa ragaa akkamtaa odeeffannoo walitti qabame hiikuufi ibsa itti kennuu irratti kan xiyyeeffatudha. Yaada kana ilaalchisee, Filee (2019 f 110) " Yaadrimeen akkamtaa jedhu kun yaada ykn ergaa odeeffannoo keessaa jiru tokko akka uummanniifi hawaasni jedhutti, ilaalutti, ibsutti, hiika itti kennutti ibsuufi qaaccessuu irratti xiyyeeffata" jechuun ibsa.Dabalataanis, gaaffilee Maaliif? Haala kamiin ?, Adeemsa kamiin?, ---kanneen jedhaniif deebii kennuudhaaf gahee olaanaa qaba." Jedha.

Akka yaada armaan oliirraa hubannutti malli qaaccessa ragaa akkamtaa ibsa gahaa ta'e sababii waliin itti kennuun akka qaaccessuuf gargaara yaada jedhuun ibseera.

Bu'uuruma kanaan qorattuun qabiyyee fi kaayyoowwan qorannichaa irratti hundaa'uun Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti itti fayyadamni afaanii maal akka fakkaatuuf ragaalee walitti qabaman keessaa kanneen walfakkaatan walitti fiduun qaaccessitee jirti.

### **3.6 Sakkoo Qorrannichaa**

Sakkoo qorannoo tokkoo jechuun yeroo qorannoo tokko geggeessuuf jenu ragaalee funaanuu, xiinxaluu, gabaasuufi hojicha maxxansiisuu keessatti seerotaafi namuusaalee ogummaa hordofamuu qabaniifi hojiirra oolanidha.Adeemsa qorannoo kana geggeessuu keessatti namuusaaleen hordofaman; hariiroon qorattuufi odeeffannoota gidduu jiru kan

garee hawaasaa eeggatedha. Qorattuun odeeffannoon kennamuu quubsaa tahuu baatus miira tuffii mul'isuu dhiisuun gaaffii ishee kallattii jijjiiruun dhiyeessaafii turte. Qaama seeraa irraa eeyyama osoo hin argatiin odeeffannoo funaanuutti seenuun namuusaan ala waan ta.eef qaama seeraa beeksisuun gara odeeffannoo funaannachuutti seente. Jalqabaa hanga dhumaatti obsa qabaachuun, odeefkennitoota haalaan galateeffachuun, fuula ifaa mul'isuun,icciitii eeguun,itti gaafatamummaa hojii ofii fudhachuufi namootaaf kabaja barbaachisaa ta'e kennuufi namootaa qorannoo kana keessatti hirmaataniif beekamtii kennuun qorannoo ofii milkeessuuf jecha dhugaa mul'atu jal'isuu dhiisuudha, Creswell.J. (2003) .

## **BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI HIIKA RAGAALEE**

Boqonnaa kana jalatti xiinxala Calaaqqee ogafaaniifi itti fayyadama afaanii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti gaaffilee bu'uuraa qorannichaaf deebii kennuudhaaf ragaaleen gara garaa tooftaa adda addaan walitti guuramanii jiru. Odeeffannoon walitti qabaman kunis sirnicha keessatti itti fayyadamni afaanii mul'atan kanneen akka afoolaafi dubbiiwwan qolaa yeroo akkamii akka hojiirra oolani, sirnicha keessatti itti fayyadamni afaanii hojiirra oolan faayidaa akkamii akka qabanfi sirnicha keessatti itti fayyadamni afaanii irra jireessaan kan mul'atu yerookam akka ta'e gadi fageenyaan qaaceffamaniiru.

Walumaa galatti boqonnaa kana jalatti itti fayyadamni afaanii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti faayidaa maalii akka qabuufi gaheen itti fayyadama afaanii duudhaa hawaasichaa keessatti qabu hundi haala dhugummaafi qulqullina qabuun qofa qofaatti fakkeenya waliin qaaceffamanii jiru.

### **4.1 Itti Fayyadama Afaanii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa**

Itti fayyadamni afaanii sirna kanaa haala jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti iddoo guddaa qaba. Haalli itti fayyadama afaaniis kan yeroo biroo irra addadha. Akka odeef kennitoonni jedhanitti, maalummaa Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa irraa yoo jalqabnu, Tuullaa Biyyaa jechuun, "Gurmuu hawaasaa" jechuudha. Akka yaada kanaatti dhimmi irratti geggeeffamus kan geggeessus hawaasicha ta'uu isaati. Abbaa Tuullaa Biyyaa jechuun immoo jedhu "Mataa yookaan geggeessaa waligalaa" jechuudha. Sirna jechuun "Akkaataa itti geggeeffamu" jechuudha. Wal Seerrannaa jechuun immoo "Ittiin wal bulchuu yookaan walgeggeessuudha." Jedhu. Yeroo tokko tokko immoo Seerrachuu jechuun "Akkeekkachiisuu" jechuun ibsu. Akka yaada armaan oliirraa hubannutti itti fayyadamni afaanii hiika Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaaf kenname kun hiikni isaa kan yeroo biroo irraa adda ta'uu isaa hubanna. Itti fayyadamni afaanii kunis duudhicha keessatti faayidaa inni qabu xiinxalameera.

### **4.2. Afoolawwan Sirna WalSeerrannaa Tuullaa Biyyaa Irratti Hojiirraa Oolan**

Sirna WalSeerrannaa Tuullaa Biyyaa irratti afoolawwan gara garaatu haala qabiyyee dhimmichaa irratti hundaa'uun hojiirra oolu. Afoolli duudhaa kana keessatti gahee guddaa qabaachuu isaa hubatamee jira. Sababiin isaas afoolatti fayyadamun kan argataniif waaqa isaanii ittiin galateeffatu, kan dhabaniif itti kadhatu, walii walii isaaniifis ittiin waliif kadhatu, ittiin walgalateeffatu, kan wal dhabee ittiin araarsu, kan waan gaarii hojjete ittiin

farsanii jajatu,eebbisani magarfatu,kan aadaafi safuu isaanii cabse immoo abaarani ittiin balleessuuf afoolawwan armaan gadiitti gargaaramu.

#### **4.2.1 Eebba**

Eebbi afoola Oromoo keessa kan uummanni Oromoo hundi baay'inaan itti fayyadamudha. Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa irrattis eebbi yeroo hunda guyyaa duudhaan kun geggeeffamu yeroo mara eebbaan eegalu. Isaan booda dhimmoota hawaasummaa isaanii irratti erga mari'atanii raawwataniis eebbaan goolabu. Eebbi kunis haala yeroo irratti hundaa'uun garaagar ta'uu danda'a. Kana jechuun eebbi yeroo Birraa wal eebbisaniifi yeroo Gannaa wal eebbisaniilee gargar ta'uu xiinxaleen jira.

##### **4.2.1.1 Eebba Jalqabaa Sirna Wal Seerranna Tuullaa Biyyaa**

Uummanni Oromoo haala jiruufi jireenya isaa keessatti milkaa'ina hojii isaatiif dura kan darbeef uumaa isaa galateeffachuun kan fuulduraafis eebbaan hawwii isaa ibsachuun hojii isaa itti fufa. Haaluma kanaan, hawaasni godina Iluu Abbaa Booraa aanaa Bachoofi aanaan Diiduus Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa irratti geggeefameen eebba isaanii akka itti aanutti eebbisu. Eebba kana irrattis kan eebbisuufi kan eebbifamu waljalaa qabuun waleebbisuu. Eebbi kunis haala itti aanuun dhiyaatee jira.

Fkn .....

#### **Kan Eebbisu**

Yaa Waaq nu dhagayi  
Yaa Waaqa uumaa Waaqa uumamaa  
Waaqa gurraacha garaa garbaa  
Waaqa shanan gadaa Oromoo  
Samii utubaa malee dhaabde  
Lafa dhisa malee diriirsite  
Kan roobdee biqilchitu  
Kan aduudhaan bilcheessitu  
Kan hamaa dhidhimsitu  
Nagaan nu bulchite nagaan nu oolchi  
Afaan keenyaafi garaa keenya tokko godhi  
Milkaa'ina hojii keenyaaf ati humna nutti godhi.

#### **Eebbifamtoota**

Ameen.

Ameen.

Ameen.

Ameen.

(Daawwannaa 30/9/2014)



Jechuun kadhata isaanii xummuru. Eebba kanaanis ergaa garaa garaa dabarfatu. Ergaan kadhata isaaniis;

YaaWaaq nu dhagayi.

Yaa Waaqa uumaa Waaqa uumamaa

Waaqa gurraacha garaa garbaa

Waaqa shanan gadaa Oromoo-----

yeroo jedhan ergaan eebba kanaa Waaqni akka hojii isaanii milkeessuuf, akka isaan gargaaruuf dursa Waaqa kadhachuun, uummanni Oromoo Waaqa uumaa isaan akka bulaa tureefi Waaqa qofa amanachuu isaa, sirna Gadaan kan wal bulchaa ture ta'uu, Waaqaa akka beekaniifi innis kan isaan beekuu ta'uufi Waaqaafi ummata Oromoo gidduu hariiroo cimaan jiraachuu, Waaqni waan hunda gochuu akka danda'u itti amanuu isaanii eebbaan akka agarsiisan hubachuun ni danda'ama.

----- Samii utubaa malee dhaabde

Lafa dhisaa malee diriirsite

Kan roobdee biqilchitu

Kan aduudhaan bilcheessitu

Kan hamaa dhidhimsitu -----jechuun eebbisu.

Eebba isaanii kana keessatti immoo hojii Waaqaa dinqisiifachuun, guddummaafi olaantummaan Waaqaa kan daangaa hin qabnee, ogummaa isaatiin waan hunda uumee akka jiraachisu ibsu. Kana malees, Waaqni akkumaa nama waan gaarii hojjetuf waan gaarii raawwatu nama waan hamaa hojjetus balleessuu akka danda'u eebba kanaan hubachiisu.

----- Nagaan nu bulchite nagaan nu oolchi

Afaan keenyaafi garaa keenya tokko godhi

Milkaa'ina hojii keenyaaf ati humna nutti godhi----- jechuun wal eebbisuu.

Eebba kanaan immoo nagaan buluu isaaniif waaqa galateeffachaa, jereenya isaanii egereef Waaqatti amaanaa kennachaa nagaa, tokkummaa, jaalalaa, milkaa'inaafi humna waaqni uumaa akka isaniif kennu kadhachuun abdiin eggachaa hojii isaanii itti fufuu agarsiisa. "Afaan keenyaaf garaa keenya tokko godhi" kan jedhu keessatti akka duudhichaatti namni wal dhabee yoo achi keessaa jiraate waaqni kadhata keenya nuuf hin dhaga'u jedhanii waan amananiif , namoonni wal dhaban hatattamaan araaramuun dirqamadha. Eebbifamtoonnis wal ta'uun "Ameen Ameen" kan jedhan wanti nuti kadhanne hundi sagalee tokkoon nuuf haa ta'u jechuu akka ta'e hubanna.

#### 4.2.1.2 Eebba Xumuraa Sirna WalSeerrannaa Tuullaa Biyyaa

Eebbi xumuraa Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa irratti hojii hawaasummaa isaanii hunda irratti erga mari'atanii xumuraniin booda kan eebbifamudha. Eebbi kunis hojii isaanii kan darbeef galateeffachaa jireenya isaan gara fuula duraaf immoo kadhataafi himataan wal eebbisuun xumuru. Eebbaa xumuraa kanaan illee biyyaafi mootii biyya bulchuufis akka kadhatan eebbaan ibsu. Eebbi xumuraa kunis haala itti aanuun wal eebbisuun xumuru.

Fkn .....

##### **Eebbistoota**

Yaa Rabbii kadhaa keenya nuuf dhaga'i.

Roobdee nu jalaa hin tortorsiin.

Caamtee nujalaa hin gogsiin.

Kan facaasnu funyaan sagaliin nuuf biqlchi.

Kan dhalchinu qaroo itti godhii nuuf guddisi.

Dhukkuba saafelaa nurra qabi.

Waan qabnuun nu bulchi bara nagaa nuuf taasisi.

Biyya keenyaaf nagaa kenni.

Qotiyoo waanjootti saawwa okoleetti nuuf eegi.

Mootii biyya bulchu teessoo irratti nuuf eegi.

Kan karaa maqe karatti nuuf deebisi.

Kan dhugaa dabse dhugaatti deebisi.

Rimaa happee taasisii nagan walitti nu deebisi

Gadaan quufaa gabbina. jechuun eebba isaanii xumuru.

##### **Eebbifamtoota**

Ameen

Ameen

Ameen.

Ameen.

Ameen.

Ameen.

Ameen.

Ameen.

Ameen.

Ameen.

Ameen.

Ameen.

Ameen.

(Daawwannaa gaafa 30/ 9/ 2014 )

Eebbaafi kadhata kanaanis ergaa garaa garaa dabarfatu.

----- Yaa Rabbi nuuf dhagahi

Roobdee nujalaa hin tortorsiin

Caamtee nu jalaa hin gogsiin

Kan facaafnu funyaan sagaliin nuuf biqilchi

Kan dhalchinu qaroo itti godhii nuuf guddisi

Dhukkuba saafelaa nurra qabi.-----

yoo jedhan, Eebba kanaan haala jiruufi jireenya isaanii milkiidhaan akka xumuramuuf bifa kadhataafi himataan Waaqatti keennataa wal eebbifatu. Roobniifi aduun garmalee akka

midhaan isaanii irra hin geenyeefis ni kadhatu. sanyiin midhaan isaanii firii gaarii akka kennuufi ijoolleen isaaniis ogummaafi hubannaa cimaa godhatanii akka guddataniif hawwii isaanii Rabbitti kadhataan himatu. Akkasumas dhukkuba saafelaa jechuun dhukkuba hamaa saffisaan daddarbufi lubbuu namaa galaafatu nu oolchi jechuun kadhachuu isaanii agarsa.

----- ---Waan qabnuun nu bulchi bara nagaa nu baasi

Biyya keenyaaf nagaa kenni

Qotiyyoo waanjootti saawwa okoleetti

Mootii biyya bulchuu teessoo irratti nuuf eegi -----,

Jechuunis, Eebba kanaanis uummanni Oromoo qabeenya namaa kan hin barbaadne ta'uu, kan nagaa barbaaduufi hawaasichi namootaa qofaaf osoo hin taane, biyyaaf, mootii biyya bulchuufi horii isaanii hundaaf akka kadhatan hubanna. Uummanni Oromoo horii isaaf jaalala qabu ibsa. Horiin jireenya isaaniif murteessaa waan ta'eef horii isaanii nifaarsu, ni eebbisu. Kana malees, uummaticha biratti mootiin biyya bulchu kabaja guddaa waan qabuuf mootii biyya bulchu qajeelaa akka ta'uuf illee kadhata isaanii eebbaan akka agarsiisan hubachuun nidanda'ama.

----- ----- Kan karaa maqe karaatti deebisi

Kan dhugaa dabse dhugaatti deebisi

Rimaa haphee taasisi. Jechuun eebba isaanii xumuruun immoo,

Kan aadaafi safuu hawaasichaa cabse safuu haabaru, namni sobu illee kanaan booda akka hin sobneef ittiin gorsu. Dhuma irratti "Rimaa haphee taasisi" kan jedhu horiin keessan haa hortu kan jedhuufi eebbii kun hundi haphee ta'ee sin haa qabatu. Eebbi keenya sin hin gadhiisiin jechuun ergaa isaanii eebbaan waliif dabarsuun sagantaa isaanii xumuru.

Walumaagalatti eebbi Sirna Wal Seerrannaa Tullaa Biyyaa irratti jalqabaafi xumura sagantichaa irratti eebbifamu uumaa isaanii galateeffachuu, kan dhufuuf himata isaanii waaqatti kennachuu, nagaa tokkummaafi jaalala, namaaf, biyyaaf, mootiifi uumama maraaf kadhachuufi uumaa isaanii eebbaan akka dinqisiifatan hubatameera. Duudhaa kana keessatti eebbi ergaa garagaraa dabarsuu akka danda'uu adda baafameera.

#### **4.2.1.3 Eebba Yeroo Jaarsummaa Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa**

Hojiin ijoon Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti hojjetamu inni tokko jaarsummaan waldhabdee furuudha. Jaarsummaan wal dhabdee bifa aadaatiin furmaata kennuudha. Jaarsummaan waldhabdee gosaa, sabaa, ollaa, hiriyyaafi maatii gidduutti uumamu osoo rakkoon hammaataan qaamolee waldhaban irra hin qaqabiin maanguddoota naannichaan kan furmaata argatudha.

Jaarsummaan waldhabdee furuun faayidaa hedduu qaba. Innis qaamolee waldhaban, kan miidhaa geessise, kan miidhaan irra gahe, maatiifi hawaasa naannicha waliigalaaf faayidaa qaba. Faayidaan isaas, hawaasni hundi nagaafi jaalalaan akka jiraatan gochuuf, miidhaa lubbuufi qabeenya namaarra gahu hambisuuf, baasiixiqqeessuuf, haqa baasuufi yakka xiqqeessuu keessatti bu'aa guddaa qaba.

Jaarsummaan waldhabdee furuu keessatti qaamoleen wal dhaban kallattiin dhimma isaanii irratti hirmaachuun furmaata haqa qabeessa waan argataniif hawaasicha biratti filatamaadha. Jaarsi loogiirra bilisa jedhamee amanama. Akka duudhaa kanaatti namoonni wal dhaban jaarsummaan araaramuun dirqamadha jedhu. Sababiin isaas namni araaramuu dide jireenya hawaasummaan ala ta'a. Namni tokko immoo jireenya hawaasummaan ala ta'ee jiraachuu waan hin dandeenyeef araara diduun akka hin danda'amne ibsa. Jaarsummaa kana milkeessuuf immoo eebbaan jalqabanii eebbaan goolabu. Eebbi kunis ergaafi kaayyoo mataa mataa isaanii qabu.

#### **4.2.1.4 Eebba Jalqabbii Jaarsummaa Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa**

##### **Biyyaa Irratti**

Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti milkaa'ina hojii isaanii maraaf eebbaan jalqabuufi eebbaan goolabuun aadaa hawaasichaa keessaa isa tokko akka ta'e beekamaadha. Eebbaan jalqabuun isaaniis murte haqa qabeessa akka kennaniif, namoonni waldhabanillee haala gaarii ta'een sammuu isaanii araaraaf akka qopha'aa ta'aniif gargaara. Haaluma kanaan eebbii jalqabbii jaarsummaa akka itti aanuun dhiyaate jira.

Fkn .....

<b>Eebbistoota</b>	<b>Eebbifamtoota</b>
Yaa Waaqa nagaan nu bulchitee nagana nu oolchi	Ameen.
Yaa waaq nama dhugaa dubbatu nutaasisi.	Ameen.
Irraa goraaf dogongora nu oolchi.	Ameen.
Dhugaa jallisuu nu baraari.	Ameen.
Dhugaan haa mo'uu; sobni garaan haalo'uu.	Ameen.
Nama dubbatee dhageessifatu nu haa taasisu.	Ameen.
Namoota waldhaban illee Waaqni haa araarsu.	Ameen.
Akka nuti jenne Waaqni haa jedhu. -----	Ameen.
-----jechuun waleebbisaniis gara araaratti seenuu.	

( Daawwannaa 23/ 8/ 2014 )

Eebbi jalqabaa kunis milkaa'ina hojii isaaniitiif bu'aa guddaa qaba jedhu.

-----Yaa waaq nama dhugaa dubbatu nu taasisi.

Irraa goraaf dogongora nu oolchi.

Dhugaa jallisuu nu baraari

Dhugaan haa mo'uu; sobni garaan haa lo'uu-----

Eebbi jedhu kun, murtee haqa qabeessa kennuuf murteessuu isaanii agarsiisa.kun immoo namoonni wal dhaban illee murtoo isaan kennan irraatti amantaa akka qabaataniif gahee guddaa qabachuu isaa hubanna Dhugaa dabsuun cubbuu waan ta'eef, akka araara keessatti haqa hin jallisineef ni kadhatu. ‘‘Dhugaan haa mo'uu, sobni garaan haa lo'uu’’ jechuun dhugaan akka waan lubbuu qabuufi humna cimaa qabuutti yoo ibsu, sobni immoo kan humna hin qabneefi mo'amtuu gochuun lubbuu itti horanii dhiyeessu.Ergaan isaas namni dhugaa qabu yoomiyyuu mo'ataa akka ta'eefi namni sobu immoo dhumni isaa salphinaa fi leeyyoo akka ta'e eebbaan ibsu.As keessatti namni dhugaa qabu araaricha akkuma abdiin eeggatuu kan dhugaa hin qabne immoo abdiin kutachuun murtee manguddootaa akka fudhatuuf illee kallattii agarsiisu isaa ibsa.

-----Nama dubbatee dhageessifatu nu taasisi.

Namoota wal dhaban illee waaqni haa araarsu.

Akka nuti jenne Waaqni haa jedhu -----

Kan jedhu keessattis, Akka dubbiin isaanii fudhatama argatuuf, Waaqni milkaa'ina hojii araaraa isaaniif akka isaan gargaaruufi wanti hundi Waaqayyoon malee akka hin danda'amne hubanna. Dhuma irrattis, hirmaattonni ‘‘Ameen’’ kan jedhan immoo wanti jedhame hundi nuuf haa ta'u jechuudhaan sagalee tokkoon mirkaneeffachuun xumuru.

Walumaagalatti eebbi jalqabbii araaraa kun namoota wal dhaban araaraaf kan qopheessuufi sammuu tasgabbi qabuun araaraaf qophii ta'uu isaanii, dhugaan humna guddaa qabaachuufi mo'aa ta'uu,cubbuu sodaachuu isaanii, murtoo haqa qabeessa kennuuf murteessuu jaarsolii araaraafi wanti hundi humna waaqaan ala ta'uu akka hin dandeenye hubachuun ni danda'ama.

#### **4.2.1.5 Eebba Xumura Araaraa Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa**

##### **Irratti**

Eebbi xumuraa araara keessatti kan geggeeffamu akka maanguddoonni jedhanitti, erga qaamolee wal dhaban hunda walitti fiduun kan miidhe badii isaatti amanee murtoo jaarsolii fudhateen boodaafi kan miidhame illee murtoo isaanii fudhatee dhiifama waliif godhaniin booda kan eebbisuun xumuramudha. Eebbi kuniis akka asi gadii jechuun eebbisuu.

Fkn .....

<b>Jaarsolii</b>	<b>Warra araaraman</b>
Hamaan sin hin argiin.	Ameen.
Diinni gidduu keessan hin galiin.	Ameen.
Akka isin tole nuuf jettan, Waaqnifi lafti tole siniif haa jedhu.	Ameen.
Dubbadhaa dhugaa argadhaa; qotaa dilbii argadhaa.	Ameen.
Daldalaa bu'aa argadhaa; ulfina argadhaa.	Ameen.
Jechuun eebbaan goolabu	

.(Daawwannaa 23/8/2014 )

“Hamaan sin hin argiin; Diinni gidduu keessan hin galiin,” kan jedhu, kanaan booda tokko ta’aa; tokkummaa qabaadhaa jechuudha. “Akka isin tole nuuf jettan Waaqnifi lafti tole isiniif haa jedhu.” Kan jedhu, waan hundaan milka’aa fudhatama argadhaa jechuudha. “Dubbadhaa dhugaa argadha; qotaa dilbii argadha; daldalaa bu’aa argadha; ulfina argadha.” Eebbi jedhus jiruufi jireenya keessan keessatti kallatti hundaan milka’aa ergaa jedhu qaba. Xumura irratti namoonni wal dhaban “Ameen ” kan jedhan murtee maanguddootaa hunda fudhachuu isaanii kan ittiin mirkaneessaniifi eebbi maanguddootaa nuuf haata’uu jechuun fudhachuu isaanii ibsa. Ergaan eebba kanaa yoo namni nama kabaje Waaqni immoo kallattii hundaan akka nama milkeessuu danda’uu hubatamee jira.

#### **4.2.1.6 Eebba Yeroo Walgargaarsaa Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa**

##### **Biyyaa**

Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti namoonni humnaafi qabeenya isaaniin walgargaaruun isa tokkodha. Hojii humnaan wal gargaaruun kunis haala yeroo hojii Sanaa irraatti hunda’a. Akka duudhichaatti namoonni kan hojii humnaan gargaaramanis;Dubartii abbaa manaa hin qabne, maanguddoota gargaarsa hin qabne, nama yeroo hojii dhukkubsatee ciisaa jiru, maatii gadda taa’aa jiru, nama sangaan jalaa du’e yookaan dhukkubsate, namoonni humnaafi sangaa isaanii geessuun walgargaaruun baramaadha. Yeroo namoonni hojii kana

hojjetanii xumuran maatiin gargaaraman immoo ni eebbisu. Haaluma kanaan dubartii abbaa manaa hin qabne yookaan irraa du'e namoonni hojii qonnaa gargaaranii yemmuu xumuran eebbii dubartiin sun eebbistu haala armaan gadiitti dhiyaate jira.

Fkn .....

<b>Kan gargaaramte</b>	<b>kan gargaaran</b>
Gaddi mana koo gale mana keessan hin galiin.	Ameen.
Akka ani rakkadhe hin rakkatiinaa.	Ameen.
Maasiin keessan hin guufa'iin.	Ameen.
Dhalli keessan hin rakkatiin.	Ameen.
Ana nama abdiin koo du'e abdii natti gootanii	
Waaqa biraa abdii argadhaa; abdiin keessan hin dukkanaa'iin.	Ameen.
Sangaatti sangaa fayyaatti fayyaa argadhaa.	Ameen.
Fayyaan hunda caalaa fayyaa hin dhabiinaa.	Ameen.
Ollaafi naannoon walhin dhabiinaa.	Ameen.
Xinnaa, guddaan, beekaafi wallaalaangargaarsaWaaqaa argadhaa.	Ameen
Harka namaa hin ilaaliinaa	Ameen.
Humna naaf taatanii Raabbi human isiniif haata'u.	Ameen.
Namaaf horiin hora baayyadhaa, galgalli keessan haa tolu.	Ameen
Mana nagaatii baatani mana nagaatti galaa. Jechuun eebbisti.	

Eebbi kunis ergaa garagaraa dabarsa.

(Daawwannaa 14/9/2014 taasifameen)

-----Gaddi mana koo gale mana keessan hin galiin,

Akka ani rakkadhe hin rakkatiinaa

Maasiin keessan hin guufa'iin

Dhalli keessan hin rakkatiin

Ana nama abdiin koo du'e abdii natti gootanii

Waaqa bira abdii argadha abdii keessan hin dukkanaa'iin

Sangaatti sangaa hin dhabiina

Fayyaan hunda caalaa fayyaa hin dhabiinaa

Ollaafi gandaan nagaa hin dhabiinaa-----kan jedhu

Eebba kanaan hawwii gaarii isaaniif hawwuun, nagaan qe'eefi maasii keessan irra jiraadhaa qotadhaa maasiin keessan daggala osoo hin taane midhaaniin haaguutamu, qe'een keessan

haa bareeduu, ana nama jiraachuuf rakkinni abdi kutachiisetti abdi natti hortani jechuudha. Rakkinni abdi waan nama kutachiisuuf isin immoo hin rakkatiina, abdi godhadha. Akka nagargaartan Waaqni isin haagargaaru jechuun, yoo namni nama gargaare Waaqni immoo akka nama gargaaru danda’u hubachiisa. Kana malees, fayyaan waan hunda ol ta’uu isaafi ollaa fi naannoo ofii waliin nagaafi jaalalaan jiraachuun gaarii akka ta’e eebba kanaan ergaa ishee dabarfatti. Sababiin isaas namoonni gargaaran sun namoota ollaafi naannoo waan ta’aniif, jireenya hawaasummaa keessatti naga, jaalalliifi waliti dhufeenyi gaariin murteessaa akka ta’e agarsiisa.

-----Xinnaafi guddaan, beekaafi wallaalaan

Gargaarsa Waaqa argadhaa

Harka namaa hin ilaaliinaa

Humna naaf taatanii Rabbiinni humna qabuumna isiniif haata’u.

Namaaf horiin horaa baay’adhaa, galgalli keessan haa tolu

Mana nagaati baatanii mana nagaatti galaa.

Eebba kanaanis ergaa namoota ishee gargaaran hundaaf waan gaarii hawwuun Waaqni kallaatti hundaan akka isaan gargaaruuf kadhachuun qabeenya horataniinama gargaaru malee gargaarsa namaa hin barbaadiinaa jechuun kadhataan Rabbi isa waan hunda gochuu danda’utti eebbaan kenniti. Akkasumas, hundi keessan maatiifi qabeenya irra hafa godhadhaa, yeroo dullomtan hin rakkatiinaa, mana keessanitti gammachuun gala ergaa jedhu qaba.

Walumaagalatti, eebba kana irraa wanti hubatamu Eebbaan; walgalateeffachaa, tokkummaa, jaalala, naga fi qabeenya waliif hawwuufi waliif kadhachuun akka danda’amu hubachuun ni danda’ama.

#### **4.2.1.7 Eebba Yeroo Gaddaa Sirna Wal Seerrannaa Tullaa Biyyaa**

Akka duudhaa kanaatti eebbi kan eebbifamu yeroo gammachuu qofa osoo hin taane yeroo gaddaas wal eebbisuun baramaadha. Eebbi yeroo gaddaa kunis kan eebbifamu namoota kallatti garagaraan gadda isaanii irratti hirmaachuun qooda fudhatantu eebbifamu. Eebbi kunis kan eebbifamu; yeroo awwaalchaa, yeroo ollaan nyaataafi buna fidan, yeroo namoonni mana gaddaa bulanii galaniifi guyyaa godoo jigsaa irratti eebbifama. Kan eebbisus maatii namoota gaddanii keessaa nama guddaatu eebbisa.



#### 4.2.1.8 Eebba Yeroo Gaddaa Godoo Jigsaa Irratti Eebbifamu

Sirna WalSeerrannaa Tuullaa Biyyaa irratti hojii hojeetamu keessaa tokko namoonni naannoo tokko waliin jiraatan gaddaafi gammachuu irratti waliin hirmaachuudha. Bu'uuruma kanaan yeroo gaddaa immoo namoonni naannichaa hanga guyyaa sagaliitti dabaree dabareen mana gaddaa sana buluun dirqamadha. Sababiin isaas jedhu maanguddoonni yaada isaanii nuuf kennan, Namoonni tokko shanee isaaniin yeroo bulan, baay'naan waan taphachaa turaniif maatiin gaddan sun gadda isaanii irranfachiisuu keessatti qooda olaanaa qaba jedhu. Kan malees jaalala, tokkummaafi walitti dhufeenya hawaasichaa ni cimsa jedhu.

Gaddi kun xumurame guyyaa sagaliin booda yemmuu namoonni ollaa godoo gaddaa sana jigsan maatiin warra gaddaa immoo yeroo eebbisan hordofame jira. Eebbi kunis saalaan, umriif akkaataa du'a Sanaa irratti hundaa'uun eebbifama. Kana jechuunis; dhiirafi dhalaa, maanguddoofi ijoollee, balaa tasaafi kkf gargar ta'uu danda'a. Haluma kanaan eebba godoo jigsa du'a shamarree umrii 23 irratti eebbifame akka itti aanutti dhiyaate jira.

Fkn .....

##### **Maatii warra gaddaa**

##### **Warra godoo jigsan**

Gadda keenya irratti nuwaliin gadditanii,

Ameen.

Gaddi mana keenya gale mana keessan hin galiin.

Ameen.

Kan nu argate sin hin argatiin.

Ameen.

Duuti gar malee mana keessan hin galiin.

Ameen.

Fuggisoo bo'uu Waaqni isin haa oolchu.

Godoo gaddaa nura jigsitanii qe'ee keenya gammachuutti jijjiirtani

gammachuu argadha.

Ameen

Mana keessan gammachuu malee gaddi hin argatiin

Ameen

Gammachuu fudha gala

Ameen.

Ulfaadhaa gargaarsa Waaqaafi lafaa argadhaa.

Ameen.

jechuun yoo eebbisan,

Namoonni godoo jigsa irratti hirmaatanis dabaree isaanii akkas jechuun eebbisu.

'' Kan akkasii lamuu isinitti hin deebiin,

Wanta kallatti gadhiise Rabbii kallatti sirritti isiniif haa deebisu. ''jechuun eebbaan xumuru.

(Daawwannaa 2/9/2014 )

Eebba kanaanis erga garaagaraa dabarfatu.

Jalqaba irratti maatiin warra gaddanii namoota godoo jigsaa irratti hirmaatan sanaaf, waan gaarii isaaniif hawwuufi galateeffachuun, duuti seeraa uumamaa ta'us. duuti umrii malee namatti dhufu ammam ulfaatafi gadda cimmaa akka ta'e ibsa. Akkasumas ,''fuggisoo boo'uu'' kan jedhu sun akkoofi akaakayyuun, haatiifi abbaan ijoollee isaaniif boo'uun gaarii akka hin taane ebbaan ibsuu, namoota godoo jigsaa irratti argaman sanaan immoo duutii umrii malee isiniif mana keessan hin argatiin, du'a umrii malee Rabbi akka isaan oolchuuf eebbaan Rabbiin kadhachuu isaanii hubachuun ni danda'ama.

Namoonni godoo jigsaa irratti argamanis eebba isaanii''Ameen.'' Jechuun eebbi keessan hundi nu haaqaqqabu. erga jedhaniin booda, isaanis sagalee tokkoon '' kan akkasii lamuu isinitti hin deebi'iin. wanta kallattii gadhiise, Rabbi kallattiitti isiniif haa deebisu,'' kan jedhu immoo kanaan booda duutii umrii malee mana keessan hin argatiin, duutii seera uumamaa waan ta'eef kan yeroo hunda jiru ta'uu isaa, duuti umriin kan tolu ta'uufi kanaan booda duuti umriin akka isaaniif ta'u eebbaan Rabbiin kadhachuu isaanii agarsiisa.

#### **4.2.2 Abaarsa**

Abaarsi afoola Oromoo keessatti akkuma namni waan gaarii hojjetee ittiin eebbifamu nama waan hamaa hojjetee immoo ittin abaarani balleessuuf itti fayyadamu. Akka hawaasa naannoo qorannoon kun itti geggeeffameettis, Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa kessatti hojii hawaasumman hojjetamu keessaa tokko qabeenya waliisaaniif eegumsa gochuudha. Kunis yoo qabeenyi nama tokkoo bade waliin barbaaduu, yoo dhabame immoo abaarsaafi kaka geggeessuun hojii isaaniiti. Abaarsi kan abaaramu; nama qabeenya namaa dhoksaatti balleesse ofiin of himuu dide, nama aadaafi safuu hawaasichaa cabsetu abaarama. Abaarsi hawaasicha keessatti amalli badaan akka to'atamuufi yakki akka xiqqaatuuf gahee olaanaa qaba. Abaarsi hawaasicha biratti nama qaqqaba jedhamee waan amanamuuf baay'ee sodaatama. Kun immoo hawaasichaa keessatti yakki dhoksaatti hojjetamu akka hin babal'anneef bu'aa guddaa qaba. Abaarsi kan abaaramu namoota ayyantuufi hangaftuu sabichaa ta'aniin abaarama. Sababiin isaas, namoonni kun eebbisanis ta'e abaarani Waaqayyoon ni dhageessifatu; niqaqqabsiifatu jedhame itti amanama. Abaarsi yemmuu abaaramuu dursanii namoota hundatti himu jedhu. Sababiin dursamee himamus jedhu maanguddoonni, guyyaan abaarsa utuu hin gahiin namni yakka raawwate sun ofiin of himuun badii isaatti adabamuun hawaasicha immoo dhiifama akka gaafatu gochuuf carraa kennuu danda'a jedhani amanu. Haaluma kanaan duudhicha keessatti abaarsi yeroo garagaraa geggeeffamuu danda'a.

### 4.2.2.1 Abaarsa Nama Gaagura Namaa Muratee

Akka duudhaa kanaatti namni qabeenyi isa jala bade, maaltu akka jalaa badeefi yoom akka jalaa bade dursee Abbaa Tuullaa Biyyaatti himata. Kanaan booda beellamni guyyaa abaarsaaf qabama. Hanga guyyaan beellamni gahutti namoota hundatti himama. Gaafa guyyaan abaarsa gahu sana, namni qabeenya namaa fuudhe, kan argeefi kan dhagahe yoo jiraate nihima. Yoo dhibame garuu abaarsatu itti fufa jedhu. Abaarsichis haala armaan gadiin dhiyaatera.

Fkn .....

#### Namoota abaaran

Mukti jiidhaan gogaa sin haa ta'u  
Wadaroo haaraan moofaa sinhaata'u  
Duuti kee wadaroon haa ta'u  
Gubbeen irra lafa dhahii  
Umuriin kee haa gabaabbatu  
Jiruufi jireenyi kee haa golgolaa'uu

Nu keessa hin taa'iin, nu keessaa luqqayi  
Waggaa hin jennu ji'a hin jennuu, qalbi dhabii maraadhu  
kee mallattoaddaan haa dhaga'amu  
Duuti kee du'a saree haa ta'u  
Akka nuti jenne Waaqni haa jedhu  
abaaru.

#### Hirmaattota

haa ta'u  
haa ta'u  
haa ta'u.  
lafa dhahi.  
haa gabaabbatu.  
haa golgolaa'uu.  
luqqayi  
maraadhu Duutee  
haa dhaga'amu  
haa ta'  
haa jedhu jechuun

(Af-gaaffii gaafa 7/9/2014)

Abaarsi kunis ergaa gurguddaafi baay'ee sodaachisaa ta'e of keessa qaba.

Damee jiidhaan gogaa siin haa ta'u.

Wadaroo haaraan moofaa siin haa ta'u.

Duuti kee wadaroon haata'u

Gubbeen irra lafa dhahi

Umuriin kee haa gabaabbatu -----jechuun

Nama hate kanaan mukti ati yaabbattu siin haa cabu, funyoon kee sin haa citu, muka gaaguraa irra galgali du'i, umuriin kee hin dheeratiin jechuudha. Ergaan abaarsa kanaa namni waan namaa fuudhu du'a garmalee akka du'uufi umriin isaa akka gabaabbatu itti kadhatu. Sababiin isaas hanni hawaasicha biratti aadaa jibbamaa waan ta'eef ittiin balaalleffachuuf itti fayyadamu.

-- ----- ----jiruufi jireenyi kee haa golgolaa'uu

Nu keessa hintaa'iin, nu keessaa luqqayii

Waggaa hin jennuu ji'a hin jennuu qalbii dhabii maraadhu

Duuti kee mallattoo addaan haa dhagahamu

Duuti kee du'a saree haa ta'u

Akka nuti jenne Waaqni haa jedhu jechuun abaaruu.

Ergaan abaarsa kanaas, wanti ati qabdu hundi dachee kana irra haa badu, haa barbadaa'u, hawaasicha keessaa yeroo gabaabatti lubbuun kee haa dhabamu, lubbuun hin jiraatiin, du'aan nu keessaa bahi jechuu akka ta'e hubanna. Walumagalatti, abaarsa kanaan duuti hattuu sanaa yeroo gabaabaa keessatti haala adda ta'eefi salphina qabuun dhabami jechuun akka inni yeroo dhiyootti salphinaan du'u ykn maraatuuf immoo Waaqayyotti kennachuu isaanii hubachuun ni danda'ama.

Fkn .....

Kan dhalate siif hin guddatiin, hindubbatiin, hin mul'atiin himul'atiin

Kan facaafte siif hinmargin, Waaqni fi lafti si haa didu haa didu

Qe'ee keetti hantuutni haa galu haa galu

Harkaa fi miilla nuuf cabsi, sammuu keessa fuudhi qalbii raatessi raatessi

Dhundhumatti nuuf qabi dhahii harka nu buusi buusi

Arraba isaa nyaachisi ofiin of himsiisi himsiisi

YaaRabbii nuuf mul'isi hattuu qabame nu dhageessisi Ameen.

Yaa Rabbii hunda keenya gammachiisi. Ameen.

jechuun abaarani xumuru.

(Af-gaaffii 7/9/2014 )

Abaarsa kanaanis dhalli isaa akka hin guddanne, akka hin dubbanne, akka bakka hiriyaa isaanii hingeenye jechuu isaaniti. Waaqni fi lafti si haa didu. Midhaan siif hin biqiliin, qe'een kee ona haata'u, namni fi horiin kee haadhuman jechudha. Yeroo dhiyootti nuuf maraachisi, ofiin of himsiisi, ofsaaxili, hattuu qabsiisii jechuuudha. Dabalataanis, akka hattuu kun qabamuuf Waaqa kadhatu, yoo hattuu hawaasicha keessaa qabame immoo bu'aa kadhata isaaniiti jedhani waan amananiif gammaduu isaanii hubanna. Walumaagalatti, hanni hawaasicha biratti ammam jibbamaa akka ta'eefi miidhaa abaarsi mataa ofii maatii ofii, qabeenyaafi qe'ee ofii irratti fiduu danda'u fi waan hunda akka isaaniif milkaa'uuf Rabbitti kennachuu isaanii agarsiisa.

### 4.2.3 Kaka

Akka maanguddoonni qorannoo kanatti hirmaatan jedhanitti Sirna Wal Seerraannaa Tuullaa Biyyaa keessatti kakuun dhugaan akka hindabne gochuu keessatti gahee guddaa qaba. Sababiin isaas, kakaan yoo sobaan kakatame nama qaqqaba jedhame hawaasicha birratti waan amanamuuf eenyullee sobaan hinkakatu. Kakaan kunis maanguddoota yookaan kaksiiiftuun shanee keessaa filatamuun kaksiiisu. Sirni kakaan kan geggeeffamu yeroo hawaasicha keessatti rakkoon hammaataan uumamudha. Yeroo kana akka namoonni kakataniif nidirqisiifamu. Akka duudha kanaatti kakaan rakkoo mudateef yoo furmaanni dhabame isa xumuraati. Kakaaf wantooni nama dirqisiisan; qabeenyi nama jalaa badee namni fuudhe yoo dhabame, yoo namni nama hate, argeefi dhaga'es dhibame, Abbaan Tuullaa Biyyaa yeroo gara garaa irra deddeebi'ee nama badii hojjete gaafachuun yoo furmaata dhabu kakaan kaksiiifama. Kakaan seera mataa isaa qaba. Innis namni kakatu sun dhuunfaan dabaree isaanii eeggachuun kaksiiiftuu bira deemuun waan isaan jedhan hunda jechuun kakatu. Yeroo kakuun kaksiiifamu haala armaan gadiitiin kaksiiifama jedhu.

Fkn .....

Utuu qalbiin koo beekuu yoon hale qalbiin koo haa badu.

Argee hin agarre yoon jedhe agartuun koo haabadu.

Jaamaan naaf haa dhalatu.

Dhaga'ee yoon hin dhageenye jedhe gurri koo haaduudu,

Duudaan naaf haa dhalatu.

Harka koon fuudhe yoon hin fuune jedhe harki koo deebi'ee hin qabatiin.

Dooluun naaf haa dhalatu.

Kan dhalate naaf hin guddatiin, yoo guddatees hin dubbatiin. -----

(Af-gaaffii gaafa 7/10/2014)

Kakaan kunis haala baay'ee sodaachisaa ta'een dhiyaate jira. Innis hawaasicha keessatti yakki akka xiqqaatuuf gahee guddaa qaba. Ergaan kaka kanaas, namni tokko yakkicha hojjete, nama yakkicha hojjete argee fi dhagahee ituu jiruu yoo hin raawwanne, hin agarre, hin dhageenye jedhe yoo kakate; gurri isaa akka duudu, iji isaa akka jaamu, dhala akka hin godhanne, yoo godhates qaama hirruun akka dhalatuuf, kan dhalates kan hin guddanneefi hin dubbanne akka ta'u kaka kana irraa hubachuun ni danda'ama.

Fkn .....

-----Faanni koo haa gogu,

Sanyiin koo namaafi midhaaniin naaf hin biqiliin

Dhalli koo dhala yuuyyee haa ta’u

Qe’een koo qe’ee booyyee haa ta’u-----

Ergaan abaarsa kanaas, nama carra dhabeessa na haataasisu, qomoon koo du’aan dachee kana irraa haa dhabaman, dhalli koo yoo lubbuun jiraattes rakkattuu, raatoftuu, joortuufi joonjoftuu haa taatu, qe’een koos namni fi horiin irraa dhumnaan bosona ta’ee bineensi itti galee keessa haajiraatu, qe’een koo mannee bineensaa haa ta’u jechuu akka ta’e agarsiisa

Fkn .....

----- Qoraatti ta’ee na lixe, eeboo ta’ee bahuu haa didu.

Cuubeen koo na haanyaatu, yoo cuubeen koo dhise immoo cuubeen Rabbii na haa nyaatu.

Kun xiifoodha sanyiin koo akka xiifoo kana gubate haadhumu

Sobaan yoon kakadhe kakaan koo kun horte koo gara fuula duraa amma jilba torbaatti gadi hindhiisiin.

Yoon sobaan kakadhe kun hapheedha kakaan kun haphee ta’ee na haa qabatu.’’

Jechuun kakuu isaa xumura.

(Af-gaaffii 7/10/2014 )

Kakuu kanaanis ergaa gurguddoo nama sodaachisaniifi nama yaadessan ittin dabarsu. Innis yoon sobaan kakadhe; waan xiqqoon qabame balaa hamaan ana irra haa gahu, ofiin akka ani of ajjeesu ana haa taasisu. yoo ani of dhiise illee Rabbiin dheekkamsa isaan ana haa ajjeesu, sanyiin koo dachee kana irratti hin jiraatiin, abaarsi kun sanyii koo amma dhala torbaatti itti fufee haa balleessu. Dhuma irratis, wanti ani jedhe kakadhe kun hundi akka haphee natti haa qabatu jechuu wanti inni jedhe kakate sun hundi akka isaa qaqqabuufi akka isatti qabatu kan ittiin mirkanaa’uu ta’uu isaa agarsiisa.

Walumaagalatti, abaarsa kana irraa wanti hubatamu, hawaasichi kakaan nama qaqqaba jedhe waan sodaatuuf jecha; yakka irraa akka of qusatu taasisa, yakka nixiqqeessa, haqa ni baballisa. nagaafi tasgabbiin ni uumma, walitti dhufeenyi gaariin hawaasicha gidduutti akka jiraatuuf ni gargaara. Akkasumas namni sobaan yoo kakate miidhaa isaafi sanyii isaa hunda irratti qaqqabu danda’u gadifageenyaan ittiin gorsuu isaanii hubachuun ni danda’ama.

#### **4.2.4 Sirba Hojii Yeroo Walgargaarsaa**

Sirbi hojii gosa afoola Oromoo keessaa tokko ta’ee, kan hawsichi yeroo hojii hojjetu ergaa garaagaraa ittiin dabarfatudha. Ergaa isaa kanaanis; ittiin walfaarsuuf, wal jajjabeessuuf, hamilee walii kennuuf, wal gammachiisaa bashannanaa dadhabbiifi nuffii tokko malee hojjechuuf isaan gargaara.

Akkasumas, sirba hojii kanaan jaalalaafi kabaja walii walii isaaniif qaban ittiin ibsuuf, jaalala horii isaaniif dachee isaaniifqaban, midhaan isaaniif qaban ittiin ibsatu. Kana mlee, uumaa isaanii ni galateeffatu, nidingisiifatu, ittiin ni kadhatu. Sirbi hojii kunis haala hojii sana irrattii hundaa'uun haala garaagaraan weeddifama.

#### **4.2.4.1 Sirba Hojii Kan Yeroo Wal gargaarsa Xaafii Haamuu**

Sirbi hojii uummata Oromoo biratti faayidaa hedduu waan qabuuf filatamaadha. Hojii qonnaa keessaa xaafii haamuun isa tokkodha. Xaafii haamuun hojii qonnaa keessaa kan hawwiidhaan eegamuufi hojii gamtaadhaan hojjetamudha.. Sababiin isaas yeroon xaafii haamuu yeroo itti dadhabbi ofii kan waggaa tokko hojjetaa turan callaa isaa tilmaamataa hojjetan waan ta'eef hojii gammachuufi abdiin eeggataa hojjetamudha. Akka Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaattis sirbi hojii duudha hawaasichaa keessaatokkodha. Akka duudhaa kanaatti xaafiin yeroo baay'ee daboon ykn gamtaan haamama. Yeroo hojii kanas sirbaan ergaa addaaddaa dabarfatu. Sirba hojii taasifamees akka itti aanuutti dhiyaate jira

Fkn-----.

Jorroolee yaa jorroolee

Haadha daboo shaggee koo as naaf baasii kaa shuggee koo

Yaa kosossee lafa garbuu hin dubbatiin dura qoriin as haa darbuu

Nooruu yaa buddeena nooruu

Nooruu yaa buddeena qananii koo

Nooruu yaa buddeena alamii koo

Sumaaf nugusaaf jirakaa lubbuun koo

Jorroolee kenna abaaboo koo

Ati Ingida deesse

Garbuu naaf hin akooftuu

Kan sanyiidhaaf keesse. Ya abaaboo koo----- jechuun sirbu.

(Marii garee gaafa 1/9 2014)

Sirba kanaan ergaa garagaraa dabarfatu. Innis bo'oo jalqabaatiin haadha daboo sana miidhagina ishee dinqisiifachuun akka yeroon laaqanaa gaheefi waan dhugamu araqee akka isheen isaaniif qopheessitu ergaa isaanii ittin dabarfata. Bo'oo lammefaa irratti immoo nama biraatu, jalqaba wanti nyaatamuu haadhufu, waa'ee dhugaatii dura hin dubbatiin jechuun sirbu. Ergaan isaaniis yeroon laaqanaa gahuufi nyaata waliin dhugaatiinis akka isaaniif dhiyaachuu qabu haadha dabootti sirbaan himatu.

Buufatni lammeffaa immoo sirba yeroo bakka hojiitti laaqanni dhufe dhiyaatu kan sirbamudha. Sirba kanaan immoo maaddiif kabaja guddaa qabaachuu isaanii, nyaanniyookaan maaddiin dhiyaatu sun ulfina qabeessa ta'uu isaa. nyaanni dhala namaaf barbaachisaa ta'uu isaa ibsu. Kana malees, namni tokko nyaata malee jiraachuu akkuma hin dandeenye biyyi tokko immoo mootii malee jiraachuu akka hin dandeenye sirbaan ibsu. Ergaan sirba kana inni guddaan akkuma midhaan jireenya namaaf barbaachisu, mootiin biyyaa immoo nageenya biyya tokko waan eegsisuuf midhaaniifi mootiin kabajamuu qabu yaada jedhu ittiin ibsatu. Buufata sadeffaan immoo, nyaanninyaatame sun gahaa waan hin taaneef akka isaaniif dabalamu, yoo bidden hin jiru ta'e immoo waanuma jiru kan olka'atan ykn qusatan irra nyaanni dabalata akka dabalamuuf ergaa isaanii kan galgalaaf ykn yeroo hojii xumuraaniif akka qophaa'uuf ittiin dabarfatan hubanna.

Fkn-----

----- Sararee si sararuuree

Obbo Leencoof sagaduuree, ilma gootaaf sagaduuree

Afaf muru afu ni bulleeffatu sarareesi sararuuree

Sayyee durbatu buqqisa gadhee hundatu kuffisa si sararuuree.

Irbaata abaa warraa bixxilleefi hancootee si sararuuree

Lugna haatii hin deenye itilleetuu abjoote sarare si dabaluuuree.

Yeroo xaafii hammattuu anaafis haamii adaraa qabaa qabaa tokkollee

Walittoo kammarannaa.

Yemmuu Waaqa kee wammattuu anaafis waamii adaraa

Afaan afaan tokkollee garaa jabannaan dabalikaa sararii kaa.

Baasan baasa dacheerraan mataa haadaa

Shee godar godariin goodatti haamuu

Albeetu dhadhahaa bade

Albee rigattuu gorroo

Dhaqna qabduu xaafii sararee si sararuuree-----jedhu,

Buufata jalqabaan laaqanaan booda yeroo namni dadhabu kan sirbamudha. Sararee si sararu kan jedhu yeroo xaafiin haamamu daarii daarii isaanii dhuunfaatti qabachuun haamu, yemmuu kanatti yoo namni dadhabe boodatti hafu daariin isaa itti sararamee hafuu isaa agarsiisa. Itti aansuun namicha durse jiru ittiin faarsu, inni immoo namoonni dadhaban akka isaan sirritti bulleessanii haamaniifi yoo dadhaban bulfachuun akka itti deebi'anii haaman itti himuun, hojiin sun hojii salphoo ta'uu isaa onnachiisuufi jajjabeessuu isaa ibsa, namoota



dadhaban akka isaan cimaniif, hamilee itti hora. Akka aadaa Oromootti abbaan warra nyaata adda ta'e kan nyaatu ta'uu isaas ni agarsiisa. Akkasumas namni nyaata gaarii hin nyanne humna akka hin qabneefinama dhadhabduu hundi akka tuffatuufi lugna immoo haatii deesse iyyuu akka hin jaallanne sirba kanaan ibsa. Buufata lammeffaa irratti immoo namichi inni dadhabe boodatti hafe sunis dabare isa ergaa namicha isa durse jiru sanatti akka inni isa gargaaruu qabuufi xumura irratti bakka tokkotti walitti qabama waan ta'eef, nagargaari qofaan hin miidhagu jechuun ergaa isaa ibsata., Akka ani jabaadhuufis Waaqa naaf kadhadu erga jedheen booda akka inni garaa laafee isa gargaaruuf ittiin kadhachuu isaa hubanna.

Buufata sadeffaa irratti immoo, namicha isa dura jiru sanati ittiin of faarsa, cimina isaa ittiin agarsiisa, godar gosa xaafii gaariidha, anis sirriittan haama, albee kootu sirritti hin qaramne malee ani kana caalaan hojjedha jechuun cimina isaa ittiin ibsata. Dhuma irrattis,"Albee rigattuu gorroo dhaqna qabduu xaafii " kan jedhu, Albeen gorroo irra bakka gaarii taa'uu kan sirritti xaafii haamuu ta'uu isaa ittiin ibsata.

Walumaagalatti, sirba oliirra cimaan cimina isaa akkamitti akka ibsatu, kan dadhabe immoo akkamitti akka jajjabeessan, namni dadhabaan immoo akka hundi tuffatu sirba kanaan qindeessanii ergaa isaanii akka dabarfatan hubachuun ni danda'ama.

Fkn-----

-----Qinxibillee geeshee ati farsoo naqxe,  
Farsoo bishaan gootee liqimsitee teesse,  
Ati farsoo adii bahii mana badi.

Qarshii qabaannaan shaashii hundatu nama uffataa

Qarshii dhabnaan calalii hundatu nama tuffataa

Yoo qabaatan mucaa tahuu hundatu nama dhungataa

Yoo dhaban budaa tahuu hundatu nama tuffataa

Dheeraa gabaabaa gootaa beekaa wallaalaa gootaa

Bulte yaa haadha Moosisaa qalbiifi qarshiin nama koorsisaa.-----Jetti.

Buufata jalqabaa irratti farsoon ishee geeshoofi midhaan waan hin qabneef qalloo, calalii bishaan ta'uu isaafi sababa farsoon ishee qallisteef leeyyoo fi salphinni sitti dhufeera dhokadhu jechuun hanqina ishee ittiin ibsatu. Buufata lammeffa irratti immoo haati daboo ergaa isaanii erga hubatteen boodaa isheenis sababni hanqina ishee maal akka ta'e sirbaan ergaa ishee ibsatti. Ergaan ishees sababiin qallina farsoo ishee dognummaa fi dhibaa'ummaa ituu hin taanee harka qalleettii ta'uu ishee ibsatti .Sirba kanaan yoo qabeenya qabaatan hundi akka nama jaallatuufi kabaju, yoo harka qalleessa ta'an immoo akka jibbaman,

tuffatamaniifi akka wallaalaatti ilaalaman hubachiifti. Kana jechuun qabeenyi jireenya dhala namaa gidduutti garaagarummaa waan uumuuf baay'ee barbaachisaa ta'uu isaa hubanna. Kana malees, sirba ishee kana irra haala jireenya ishee hubaachuun akka danda'amu agarsiisa.

Fkn-----

-----Manni mana leencichaa farsoon farsoo geeshichaa

Haati farsoo kana naqxe ilka maa hin naqne,

Ilki cabee badaa ilma maa hin deenye

Isatu namatti hafa jechuun xumuru.

(Marii Garee 1/9/2014 )

Sirba kanaan immoo farsoon isaanii gaarii waan ta'eef maatii sana ni jajuu, ni faarsuu. Sirba kanaan haadha daboof waan gaarii gati jabeessa ittiin isheef hawwu. Dabalataanis, wanti gati jabeessi sun cabuufi baduu waan danda'uuf waan isaan olii waan dhaabbataafi kan namatti hafu qabeenyi qabeenya caaluu ilmoo waan ta'eef Waaqni ilmoo siif haa kennuu jechuun hawwii isaanii sirbaan ibsatu. Akkasumas sirba kana irraa qabeenya maatii Sanaa illee ittiin ibsu.

Walumaagalatti, Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa kessatti sirba hojiin ergaa hedduu dabarfachuu danda'u. Sirba hojii kanaan wal galateeffachuu, wal jajuu, wal jabeessuu, waan gaarii waliif hawwuu, ciminaafi hanqina ittiin ibsuufi miira keessoo ofii keessaa jiru nama birooof ittiin ibsuuf akka gargaaru hubachuun nidanda'ama.

#### **4.2.5 Mammaaksa**

Mammaaksi hawaasa Oromoo biratti iddoo guddaa qaba. Sababiin isaas mammaaksi jireenya hawaasummaa keessatti faayidaa adda addaa qaba. Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessattis mammaaksi faayidaa hedduu qaba. Mammaaksaan gorsuuf, barsiisuuf amala badaa ittiin to'achuuf itti fayyadamu. Mammaaksaan ergaa guddaafi gadi fageenya qabu ittiin dabarfachuun ni danda'ama. Mammaaksaan wantoota kanneen akka jibbaafi jaalalaa, tokkummaafi garaagarummaa, ciminaafi laafinaa, soorummaafi hiyyummaa, tuffii, qeeqaafi jajuu kabajaafi salphina ittiin ibsatu. Namni tokko mammaaksatti fayyadamuuf afaan, aadaa seenaa, safuufi duudhaa hawaasichaa gadi fageenyaan beekuun dirqamadha. Kunis dandeetii fi ogummaa fayyadama afaanichaa barbaada jechuudha. Namoonni mammaaksattiI fayyadamuun beekumsa, dandeettii, muuxannoofi mudannoo isaanii dhalootaaf ittn dabarsu. Akka duudhaa Wal seerrannaa Tuullaa Biyyaatti mammaaksi baay'inaan kan hojiirra ooluu wal dhabdee furuuf jaarsummaa irratti jedhu. Sababiin isaas mala aadaatiin wal

dhabdee furuuf dandeettii itti fayyadama afaanii, dubbii qindeessanii, mi'eessanii, amansiisani murtoo haqa qabeessa kennanii araarsuuf gahumsaa dandeetti afaanii fi mammaaksa fayyadamuu barbaada.

#### **4.2.5.1 Faayidaa Mammaaksa Jaarsummaa Keessatti**

Jaarsummaa keessatti mammaaksi iddoo guddaa qaba. Sababiin isaas jaarsummaan mala aadaatiin namoota wal dhaban araarsuu waan ta'eef, namoota sana araarsuuf dandeettii mammaaksatti fayyadamuu qabaachuu qaba. Mammaaksa kanaanis ergaa garagaraa ittiin dabarfatu. Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti hojiilee hojjetaman keessaa tokko namoota wal dhaban araarsuudha. Wal dhabdeen hawaasicha keessatti uumamanis; namoota dhuunfaa, maatii. garee, ollaa, firaafi kkf ta'uu danda'a. Wal dhabdeen kan uumamuu namoonni fedhii isaanii guuttachuu qofaaf dursa kennuu, wal hubachuu dhabuufi kan kootu caalaarra madduu danda'a. Wal dhabdeen kun immoo jaarsummaan battalatti yoo furmaata hin arganne ol guddachaa deemuun qabeenya mancaasuu, maatii bittinneessuu, qaama hir'isuufi lubbuu balleessuutti deema jedhu maanguddoonni Sirnicha irratti argaman. Kanaafuu, rakkoo kana hambisuuf akka duudhichaatti jaarsummaan baay'ee filatamaadha. Jaarsummaan namoota wal dhaban araarsuuf immoo maanguddoonni araaraa sun dandeettii mammaaksatti fayyadamuu qabaachuu qabu. Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti ulaagaan maanguddoonni araaraa ittin filataman keessaa jedhu odeef kennitoonni hawaasicha biratti gurra gaarii qabaachuu, dandeettii dubbatanii nama amansiisu qabaachuu murtoo haqa qabeessa kennuuf nama ejjennoo qabu ta'uufi dandeetti afoolattii fayyadamu qabaachuudha. Mammaaksatti fayyadamuun rakkoo ulfaataafi wal xaxaa ta'e haala salphaa ta'een furmaata itti kennuu danda'u. Mammaaksa fayyadamuun jaarsummaa keessattibeekamaadha. Kana malees, mammaaksi jaarsummaa keessatti dubbii ittin jalqabuufis ta'e ittiin goolabani gudunfuuf ni gargaara. Mammaaksi dubbiitti simboo godhe, haala salphaan ta'een ergaa dabarsuuf fayyada. Mammaaksoota faayidaa jaarsummaaf mammaakamankeessa;

Fkn -----

“Ittoon soogidda malee dubbiin mammaaksa malee, ”

“Mammaaksi dubbii fidas dubbii fixas ”

“Dubbiin baay'ateef harreetti hin fe'amu,”

“ Mura ooluun guuraa ooluu ta'a,”

“Abjuu sodaataniif taa'aa hin bulan” jedha Oromoon.

(Af-gaaffii gaafa 5/9/2014)

Mammaaksonni armaan olii hundi isaanii jaarsummaa keessatti faayidaa mata mataa isaanii qabu. Mammaaksi, “Ittoon soogidda malee, dubbii mammaaksa malee, ” kan jedhu soogoddi akkuma ittoo mi’eessuu, mammaaksi mi’eessituu dubbii ta’uu isaa hubanna. Mammaaksi si’eessituudha. Mammaaksi dubbii keessatti akka namni hin dadhabneef ni si’eessa.kanaafuu mammaaksi mi’eessituu,miidhagsituu fi si’eessituu dubbii ta’uusaa hubanna.

“Mammaaksi dubbii fidas dubbii fixas.”

Mammaaksi kun ergaa gurguddaa lama of keessaa qaba. Inni jalqabaa”Mammaaksi dubbii fidas.....“kan jedhu dubbii ittiin jalqabuuf kan mammaakamu ta’ee kallattii gara dhimma mata duree dubbichaatti kan nama geessudha.Akka duudhichaatti maanguddoonni yommuu araara jalqabuuf jedhan kallattiin gara mata duree sanaatti hin seenanii.Mammaaksi yeroo mammaakamu maaliif ,yoom, eessattii fi eenyutti kan jedhu sana sirriitti hubachuun dubbii sirriitti ittiin jalqabuuf mammaakama. Kanaafuu, mammaaksa qabiyyee dhimmichaan kan wal fakkaatu mammaakuun gara dubbii saanaatti seenu. Inni lammaffaan “.....dubbii fixas.”kan jedhu immoo yaada jaarsumma sana ittiin cimsuufi ittiin guduunfuuf gargaara.Mammaaksi dubbii ittiin goolaban sunis akka namoonni wal dhaban sun garaa guutuun gaabbii tokko malee dhiifama waliif gochuun akka araaramaniiniif gahee qabaachuu isaa hubachiisa. Akka Sirna wal seerrannaa Tuullaa Biyyaatti mammaaksonni dubbii ittiin goolaban kanneen

Fkn-----

“ Bishaan jige hin waraabamu.”

“ Waan tufan hin arraabani.”jechuun dubbiisaanii goolabu.

Ergaa mammaaksota armaan olii keessaa inni jalqabaa wanti darbe hin deebi’u waan ta’eef waan darbe gaabbuun sirrii akka hin taane ittiin gorsu. Inni lammaffaan immoo, namni miidhame sun hammam yoo miidhame iyyuu waadaa seene sana diiguu akka hin qabne waadaa seente cimsii eegii jechuun, namoonni waldhaban sun gara fuula duraatti garaa guutuun dhiifama waliif gochuun jaalalaan akka jirataniif ittiin gorsu isaanii hubanna.

“Abjuu sodaataniif ta’aa hin bulani.”

Mammaaksi kun jaarsolii araaraa keessaa kan mammaakamu ta’ee kan itti mammaakamu immoo nama miidhaan irra gahetti mammaakama.kan mammaakamus murtee isaanii nama miidhame sanatti kallattiin himuu yoo sodaatan mammaaku, ergaan isaas namichi miidhame sun murtee jaarsolii sana akka inni fudhatuuf kallattii kenna. Xumura irrattis namoota

waldhaban gara yaada tokkootti erga fidaaniin booda yeroo xumuxuuf jidhan mammaaksota armaan gadiitti gargaaramuun yaada isaanii goolabu. Isaanis;

Fkn-----

‘‘ Dubbiin baayyateef harreetti hin fe’amu.’’

‘‘Muraa ooluun guuraa ooluu ta’a.’’

Ergaan mammaaksota armaan olii araara keessattii haasaa baayyisuun barbaachisaa akka hin taanee fi dadhabbii kan dabaluu ta’uusaa agarsiisa. Walumaaglatti, mammaaksi jaarsummaa keessatti mi’eessituu, si’eesstuu,cimsituufi gorsituu ta’uu isaa agarsiisa.

#### **4.2.5.2 Mammaaksota Jaarsolii Araaraa Ibsan**

Mammaaksonni jaarsolii araaraaf mammaakaman kun namoota wal dhaban sanaaf faayidaa guddaa qaba. Sababiin isaas, jaarsoliin loogii bilisa ta’uun murtoo haqa qabeessa ni kennu jedhame waan yaadamuuf akka isaan araaraaf of qopheessaniifi murtoo isaanii akka amananii fudhataniif gargaara.

(Af-gaaffii 5/9/2014 )

Fkn-----

‘‘Jaarsi abbaa hin qabu,’’

Ergaan mammaaksa kanaa jaarsoliin araaraa loogii bilisa ta’uun dhugaa jiru irratti hunda’uun murtoo sirrii fi qajeelaa akka Kennan hubachiisa. Murtoon isaaniis amansiisa ta’a. Akka Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyattis jaarsoliin araaraa kan filataman garee kamiifuu kan hin loognee ta’ee, garee lamaan irra akka filataman hubachuun danda’ameera.

Fkn -----

‘‘ jaarsi udaan nama nyaachisa.’’

Mammaaksi kunis ergaa mataa isaa danda’e qaba. Kana jechuun immoo hawaasicha keessatti rakkoo ulfaataafi wal xaxaan kamiyyuu yoo jiraate waanti jaarsummaan dadhabau akka hin jirreefi wanti furmaata hinarganne hin jiru jechuu agarsiisa. Mammaaksi kun baay’inaan kan mammaakamu yeroo namoota wal dhaban keessa namni miidhame sun murtoon jaarsa miidha ana irra qaqabe waliin wal hin madaaluu jechuun yeroo isaan morman mammaakama. Erga mammaaksi kun mammaakameen booda namoonni wal dhaban akka duudhichaatti araaramuun dirqama ta’uu isaa hubanna.

### 4.2.5.3 Mammaaksota Araara Keessatti Barbaachisummaa Haadha Manaa

#### Ibsan

Jireenya hawaasummaaf bu'uurri isaa haadha manaafi abbaa manaati. Haati manaafi abbaan manaa haala jiruufi jireenya isaanii keessatti wal diddaan uumamuu danda'a. Wal diddaan kun yoo atattamaan furmaata hin arganne, qabeenyaafi lubbuu namaa irratti miidhaa geessisuu danda'a. Akka odeef kennitoonni jedhanitti, akka duudhichaatti hojiin isaanii inni guddaan araaraan nagaa buusuudha. Gaheen Abba Tuullaa Biyyaa nageenya hawaasichaa eeguudha. Abbaan Tuullaa Biyyaa miseensota isaa waliin ta'uun yoo rakkoon hawaasicha keessatti uumame atattamaan gara jaarsummaatti fiduun araarsuun furmaata kennuun gahee isaaniiti. Araara kana keessatti mammaaksonni haadha manaa ibsan akka itti aanuun dhiyaate jira.

Fkn-----

“Haati manaa utubaa manaati.”

“Haati ilmoo doofaa hin qabdu.”

“Mana onaa manna dubarti qalbii onaa wayya.”

“Mana dubartiin keessa hin jirre qoraan sondii hin ho'isu.”

“Gaafan dhalen cabe jette goosuun”

(Af-gaaffii gaafa 5/9/2014)

Mammaaksonni armaan olii hundi isaanii dubartiin ammaam barbaachiftuu akka taate haala garagaraan ibsu. “Haati manaa utubaa manaati.” Ergaan mammaaksa kanaa jireenya maatii keessatti dubartiin murteessituufi cimtuu ta'uu ishee agarsiisa. Dubartii malee jireenyi bu'a qabeessa akka hin taane agarsiisa. “Haati ilmoo doofaa hin qabdu.” jechuun immoo haati maaliyyu taatu ilmoo isheef barbaachistuu ta'uu ishee agarsiisa. sababiin isaa ilmoon haadhaan tolti waan ta'eefidha. “Mana onaa manna dubartii qalbii onaa wayya.” ergaan isaas qofaa jiraachuu irra dubartii wallaaltuu waliin jiraachuu wayya jechuudha. “Mana dubartiin keessa hin jirre qoraan sondii hin ho'isu.” Ergaan isaas manni dubartiin keessa hin jirre jijjiiramaafi guddina hin qabu jechuudha yookiin jireenya dilalla'aa fi gammachuu hin qabne jiraatama jechuudha. “Gaafan dhalen cabe jette goosuun.” Ergaan mammaaksa kanaas dubartiin hammam yoo miidhamteyyuu, dhala ishee guddisuuf jecha obsa qabaachuu akkasumas dubartoonni mataa isaanii caalaa ilmoo isaaniif iddoo guddaa qabaachuu isaanii agarsiisa.

Walumaa galatti, mammaaksonni armaan olii dubartiin jireenya maatii tokkoof bu'uura ta'uu, cimtuufi qindeessituu maatii ta'uushee agarsiisa. Dabalataanis, dubartoonni guddina dinagdee

maatii tokkoof gahee guddaa qabaachuushee ibsa. Mammaaksota kana bu'uura godhachuun maanguddoonni sirnichaa jaarsummaa isaanii keessatti dubartiin manaaf, maatiif, hawaasaafi biyyaaf barbaachistuu ta'uushee fi manni dubartii malee bu'uuraa akka hin qabne abbaa manaaf ibsuun gorsanii akka isaan araaraman taasisu.

#### **4.2.5.4 Mammaaksota Araara keessatti Barbaachisummaa Abbaa Manaa Agarsiisan**

Jireenya maatii tokkoo keessatti abbaan manaaf haati manaa bu'uura ta'uun isaanii beekamaadha. Haata'u malee waliin jireenya hawaasummaa keessatti yeroo tokko tokko wal dhabdeen uumamuu danda'a. Wal dhabdeen kunimmoo yoo jaarsummaan hatattamatti furmaata hin arganne gara maatii diiguutti deema. Kanaafuu, Sirna Walseerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti jaarsummaan araarsuun aadaa isaaniiti. Yeroo araarsan kana immoo mammaaksota barbaachisummaa abbaa manaa agarsiisan garaa garaatti fayyadamu.

Fkn-----

“Dhiirrii mataa manaati.”

“Ijoollee abbaa hin qabne hundatu ergata.”

“Qodaa qadaada hin qabneef, dubartii dhirsa hin qabne.” jedhama.

(Af- gaaffii 5/9/2014 )

Mammaaksonni armaan olii kunis ergaa adda addaa dabarsu. “Dhiirri mataa manaati.” kan jedhu abbaan manaa maatii isaa kan bulchuu fi kan geggeessu ta'uu isaati. Abbaan manaa maatii isaa bulchuuf dirqamaa fi itti gaafatamummaa guddaa qabaachuusaa aagarsiisa. “Ijoollee abbaa hin qabne hundatu ergata.” Ergaan mammaaksa kanaa ijoolleen abbaa hin qabne waan rakkattuuf ofbulchuuf itti gaafatamummaan waan itti kennameef dhiphinaafi rakkina ijoollee Sanaa ibsa. “Qodaa qadaada hin qabneef, dubartiidhirsa hin qabne.” Ergaan mammaaksa kanaa dubartiin yoo abbaa manaa hiikte hawaasicha biratti kan kabaja hin qabnefi salphoo ta'uu ishee agarsiisa. Mammaaksa kanaanis gaa'elli kabaja ta'u agarsiisa.

Jaarsoliin araaraas mammaaksota kana hunda fayyadamuun abbaan manaa, mana isaaf, ijoolleef, kabaja isheef, jireenya hawaasummaaf barbaachisaa ta'uusaa ittiin gorsuun akka isheen araaramtu taasisu. Walumaa galatti wal dhabdee maatii furuu keessatti mammaaksi gahee guddaa qabaachuusaa hubachuun ni danda'ama.

#### 4.2.5.5 Mammaaksota Ollaa Araarsuuf Oolan

Akka Sirna Walseerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti jedhu ,maanguddoonni jireenya hawaasummaa keessatti ollaan iddoo guddaa qabaachuu isaa ibsu.Ollaan guyyaa gaddaafi gammachuu dhimma walii irratti waan waliin hirmaataniif wal malee jiraachuun akka hin danda'amne beekamaadha jedhu..Sababiin isaas namoonni naannichaa marti isaanii tokko shaneen ijaaramanii jireenya hawaasummaa isaanii geggeessu.Waliin jireenya kana keessatti immoo darbeedarbee waldhabdeen ollaa gidduutti uumamuu nidanda'a.Yeroo waldhabdeen uumamus,battaluma sanatti itti gaafatamaa tokko shanee isaaniin akka araaraman taasifama.Yoo rakkoon uumame waldhabdee cimaa ta'e garuu,Abbaa tuullaa biyyaatti himamuun maanguddoota araaraa waliin ta'uun araarsu.Akka duudhaa kanaatti namni waldhabe yoo araaramuu dide jireenya hawaasummaan ala ta'a.Kanaafuu araaramun akka duudhichaatti dirqama ta'uu isaa hubanna.Sababiin isaas namni araara dide jireenya hawaasummaan ala ta'uun tumaan itti tumama jedhu maanguddoonni. Sirna Walseerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti hawaasicha yeroo walgahii isaa yeroo hunda eebbaafi kadhataan jalqabni eebbaafi kadhataan xumuru.Akka duudhaa kanaatti immoo namoonni wal dhaban yoo keessatti argaman Waaqni galata, kadhataafi himata keenya nuuf hin dhaga'u jedhanii waan amananiif nama araara didee jireenya hawaasummaan ala taasisun dirqamadha.Kana irra ka'uun namoonni wal dhaban araaramuun nagaafi jaalalaan jiraachuu danda'u.Araara kana milkeessuuf immoo fayyadamni mammaaksaa olaanaadha.Akka duudhichaatti namoota ollaa waldhaban araarsuuf mammaaksonni hojiirra oolanis akka itti aanutti dhiyaateera Fkn-----.

“Ollaafi dugdaan lafaa ka'uu.”

“Ollaafi biiftuutti gadi bahu.”

“Ollaan kafana ofiiti”

“Fira halaalaa irra ollaa faaqii wayyaa.” Jedhu.

( Af-gaaffiin gaafa 5/9/2014 )

Mammaaksonni olii kun hundi waldhibdee furuu ollaaf murteessoodha. Mammaaksonni kun ergaa ciccimoo of keessaa qabu.”Ollaafi dugdaan lafa ka'uu.” Ergaan isaa jireenya hawaasummaa keessatti ollaan murteessaafi ijoo akka ta'e ibsa. “ Ollaafi biiftuutti gadi bahu.” Jechuun namni kamiyyuu kan isatti dhiyoo jiruufi yeroo hunda argu ollaa isaa waan ta'eef ollaa waliin nagaan hin qabu yoo ta'e, yeroo hunda nagaafi gammachuu hin qabu jechuudha.”Ollaan kafan ofiiti.” Kan jedhu akkuma kafanni qullaa qaama keenyaa dhoksuuf nufayyaddu ollaanis hanqinaafi mudaa keenya nuuf dhoksa jechuudha. “Fira halaalaa irra



ollaa faaqii wayya.’’ Mammaaksi kun faaqii yookaan namoota gogaa duugan akka hojii gadaanteetti waan ilaalaniif, fira sooressaafi cimaa fagoo jiru irra ollaa faaqii wayya jechuudha. Sababiin isaas guyyaa rakkoo kan dursee nama qaqqabu ollaa waan ta’eefi. Ergaan mammaaksota armaan olii jireenya hawaasummaa keessatti gaddaafi gammachuu waliin hirmaachuuf ollaan baay’ee barbaachisaa ta’uu isaa hubachiisuun, namni ollaa malee jiraachuu akka hin dandeenye ittin gorsuun namoonni waldhaban akka araaraan taasisu.Yaada kana irraas wanti hubatamu mammaaksi waldhabdee ollaa furuu keessatti humna guddaa qabaachuu isaati.

### **4.3 Qaaccessa Dubbiwwan Qolaa Sirna WalSeerrannaa Tuullaa Biyyaa Keessatti Argama**

Malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti shoora olaanaa qabu.Fayyadamni malleen dubbii Sirna Walseerrannaa Tuullaa Biyyaa Keessatti haala garaa garaan fayyadamuun sammuu dhaggeeffataa keessatti ergaan sun fakkii uumuun haala hawwataa ta’eefi haala salphaa ta’een akka hubatamuufi akka hin dagatamne gochuuf humna guddaa qaba.Malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti argaman kun waan hawaasicha keessaa jiruufi hawaasa keessatti raawwatu mara mi’eessee,miidhagsee,qindeessee,addeessee fi dorgomsiisee haala salphaa ta’een akka hubatamuuf gargaara.Malleen dubbii kun akkaataa dubbataan sun yaadasaa qindeessee ittiin ergaa isaa dabarfatu irratti hundaa’uun qalbii nama hawachuun akka namoonni dhimmicha xiyyeeffannoon hordofan taasisa.Itti fayyadamni malleen dubbii Sirna walseerranna Tuullaa Biyyaa keessatti yeroo wal dhabdeen uumamu ni fayyadamu.Yeroo waldhabdeen uumamu namoonni waldhaban jaarsummaa irratti argamuun kallattiin dhimmawaldhabdee isaanii irratti hirmaachuun yaada isaanii dabareen maanguddootatti ibsachuun baramaadha.Waldhabdeen kunis waldhabdee maatii,haadha buddeena(gayyaa),mucaafi abbaa ta’a.Haaluma kanaan yaada isaanii akka ibsataniif dabareen kennamaaf. Yaada isaanii kana keessatti fayyadamni malleen dubbii argaman hundi duraa duubaan tokko tokkoo isaaniif fakkeenya waliin akka itti aanuun qaaceffamanii jiru.waldhabdee kana keessatti abbaan mucaa waldhabdee irraa bilisa waan ta’eefi akka isaan araaramaniif yaada isaanii gara Abbaa Tuullaa Biyyaatti kan dhiyeessedha.yaanni isaaniis akka itti aanutti dhiyaatera.

fkn.(1 ).....

**yaada haadha buddeena (gayyaa)**

**Fkn-----**

‘.....ani mucaa kana akka ilmoo koottan ilaala.....  
.....yeroo ani abbaa isaatti heerumu qallachuu keessa ba’ee cabuuf jedha ture  
Har’a garuu.....  
.....iddoo barbaade akka fardaa gulufaa oolee,galgala nyaata na gaafata.  
.....nyaanni bishaan miti,lafaa hin hammaaramu.....’

Fkn (2 ).....

### **Yaada mucaa----**

‘.....yeroo hunda yoo ani irra fagaadhus jecha darbattee waan na waraantuuf  
amma jireenyi akka eebichaanatti hadhaa’eera.....  
.....ani akka nama maraateen ofiin haasaa deema.....  
.....akka hiriyyaa koo baradhus hin milkoofne,.....  
.....kun carraa kooti ‘sagal elmamus sagaltamni elmamus koo qiraacuma’jette  
adurreen.....

.. .....utuun haadha qabaadhee, duuti haadha koo fudhatte anaan immoo diddee  
ija baaftte nailaalte, hi....

.....gayyaan sokorruu bakkeedha jedhama mitiiree.....  
.....yaa rabbi, waan ati garmalee na soortuuf amma furdadheen xaaxa’aa  
Jira, ati anaaf arjaa gingilchaadha.....  
.....ani namatti hin gaddu carraaa kootu hidhee na takaale.....  
.....ani qabeenya keessan hin barbaadu, jaalala malee.....,’,’  
. jechuun yaada isaa ibsata.

Fkn 3.....

### **Yaada abbaa mucaa**

..... Ani gidduuttan akka xuwwee gubadhe.....  
.....yeroo hunda galgala galgala manni koo nagaa dhabe, yeroo isaan walitti  
dubbatan sagaleen isaanii mana cabse bahuuf jedha.....  
.....ilmoo koo ati anaaf qaroo kooti.....  
.....qabeenyi kan hunda keenyaati, qabeenyi fixeensa ganamaati.  
..... jechuun akka jaarsoliin araarsaniif kadhachuun xumuru.

(Daawwannaa gaafaa 23/8/2014)

Yaadni armaan olii araara jaarsummaa Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa wal dhabdee  
maatii furuuf geggeeffame keessa kan fudhatamedha. Yaada himata isaanii kana keessatti  
malleen dubbii argaman haala itti aanuun qaacceffamaniiruu.

### 4.3.1 Akkasaa

Akkasaan gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta'ee, mala ittiin wantoota garagaraa lama wal bira qabuun isa tokko isa biroon ibsuudha. Malli kun yeroo waan lama wal bira qabee dorgomsisu jechoota akka, fakkaataafi gaha jedhanitti fayyadama. Haaluma kanaan waldhabdee araara jaarsummaa maatii armaan olii keessatti mul'atan akkaataa kanaa gadiitti qaaceffamaniiru.

Fkn 4 .....

Ani mucaa kana akka ilmoo koottin ilaala.

Akka fardaa gulufaa oolee galgala gala.

Jireenyi akka eebbicha natti hadhaa'eera

Akka hiriyyaa koo baradhus hin milkoofne.

Akka nama maraateen ofiin haasaa deema.

Ani gidduu isaanitti akka xuwween gubadhe.

Yaadni armaan olii kun himata waldhabde maatii araaraaf yaada isaanii ibsatan keessa fudhatame. Yaada kana keessatti wantoonni jecha "akka" jedhutti fayyadamuun waldorgomsiisuufi wal bira qaabamanii ibsaman mul'ataniiru. Watoonni wal bira qabamanii ibsaman kunis , mucaa deesseefi guddiste jecha akka jedhu fayyadamuun lameen isaanii waldorgomsiisuun ibsite. "Akka fardaa gulufaa oolee gala." Kan jedhu keessattis, mucaa sanaafi farda gulufu wal bira qabuun ibsite. Kan jechuunis mucaan sun kan adeeme dhaabbachaa ooluufi kan nyachuu malee hojjechuu hin jaallanne ta'uu isaa ittiin ibsiti." Jireenyi akka eebbicha natti hadhaa'eera," mala dubbii kanaanis dargaggeessi sun jireenya isaafi hadhaa eebbichaa jecha akka jedhuun walbira qabe ibsuun, haalli jireenya isaa ammam akka isa jibbisiise ittiin ibsata. "akka hiriyyaa koo baradhus hin milkoofne." Kunis ofii isaafi hiryyoota isaa baratani milka'an wal bira qabuun, garaagarummaa jireenya isaafi kan isaan baratani milka'anii gidduu jiru kan inni waldorgomsiisee ittiin ibsedha. "akka nama maraateen ofiin haasaawa deema." Kan jedhu keessatti ofii isaafi nama maraate wal bira qabuun ibsa. Yaada kanaanis dhiibbaafi roorroon gara malee irra jiraachuu saa mul'isa. Kanaafuu, fakkeenya armaan olii kun sirna araara wal dhabde maatii tokkoo keessatti malleen dubbii keessa akkasaatti fayyadame, akkaataa haati buddeena (gayyaan) miidhaa addaaddaa hin mul'anne irratti raawwatame waan mul'atuun wal bira qabuun rakkoo isaa hunda haala ifaa, hawataafi qabatamaa ta'een yaada isaa jaarsolii araaraaf ibsachuu isaa agarsiisa.

### 4.3.2 Iddeessa

Jechi iddeessa jedhu jechoota iddoofi isa jedhurra kan dhufedha. Iddeessi mala dubbii waan tokko waan biroon bakka buusne ittiin ibsinuufi kara kallattiin hin mul'anneen wal dorgomsiisuunis kan keessatti mul'atudha. Innis amala waan Sanaa karaa dhokataa ta'een kan agarsiisudha. Haaluma kanaan yaadota maatii araaraf dhiyaate keessatti gosa malleen dubbii iddeessa akka itti aanuun qaaceffameera.

Fkn .....

“ Nyaanni bishaan miti lafa hin ammaaramu.”

“ Gayyaan sokorruu bakkeeti.”

“ Qabeenyi fixeensa ganamaati.”

“ Ati anaaf qaroo kooti.”

“Nyaanni bishaan miti lafaa hin hammaaramu.” mala dubbii kanaatiin nyaataaf bishaan karaa dhokataa ta'een kan dorgomsiisu ta'a. Kanaan bishaan haala salphaa fi bakka hundatti dadhabbi tokko malee kan argamuufi nyaanni garuu dadhabbi, hojiifi carraaqii cimaa kan barbaadu waan ta'eef utuu hin hojjetin salphaaatti kan hin argamne ta'uusaa agarsiisa. “Gayyaan sokorruu bakkeeti.” kan jedhu keessatti amala sokorruun qabu amala gayyaan bakka buusee ibsa. mala dubbii kanaan sokorruun bakkee gogaa waan ta'eef yeroo namni xiqqoo irra ejjetu iddoo fagootti dhaga'ama. Amalli gayyaas akkuma sana waan xiqqoo yoo siif goote guddistee dubbachuufi yoo ati waan xiqqoo dogoggortes ol guddistee akka namni hundi hojii isaa dhaga'utti hammeenyummaa isaa dubbatti, ni balaaleffatti jechuudha. “Qabeenyi fixeensa ganamaati.” kun amala fixeensa ganamaa guutummaa guutuutti qabeenyaan bakka buusee ibse. Kanaan akkuma fixeensi ganama mullatee guyyaa baduu danda'u, qabeenyis yeroo booda dhabamuu akka danda'uufi qabeenyi dhaabbataa akka hin taane mala dubbii kanaan hubachiisa. “Ati anaaf qaroo kooti.” kan jedhu immoo abbaan mucaa isaafi qaroo ija isaa haala dhokataa ta'een waldorgomsiisuun ibsa. Ergaan isaas mucaan kun abbaa isaaf angafa ta'uu fi akka qaroo ija isaatti akka ilaalu ibsuun baayyee kan jaallatuufi jireenya isaa keessatti murteessaa ta'uu isaa agarsiisa. Walumaa galatti malli dubbii iddeessaa jaarsummaa maatii Sanaa keessatti dhiyaate rakkoo fi waldhabdee maatii Sanaa haala ifaa ta'een fakkii uumuun ergaa isaanii haala salphaan maanguddootaaf ibsuu isaanii agarsiisa.

### 4.3.3 Nameessa

Nameessuun gosa mala dubbii keessaa tokko ta'ee amalaafi dandeettii dhala namaa mara lubbu qabeeyyii fi lubbu maleeyyii biroo gonfachiisuun namoomsee kan dhiyeessudha. Sirna Walseerrannaa Tuullaa Biyyaa irratti jaarsummaa maatii walldhabanii keessatti fakkeenyonni mala dubbii nameessuu agarsiisan haala armaan gadiin qaaceffamaniiru.

Fkn.

“Jecha darbattee na waraanti.”

“Duuti haadha koo fudhatte, anaan immoo na diddee ija baaftee na ilaalte.”

“Sagal elmamus sagaltamni elmamus, koo qiraacuma.” jette adurreen

“Rakkoon hiitee na takaalte”.....

“Jecha darbattee na waraanti.” kanaan jechi akka waan lubbuu qabuufi ijaan argamuuttigargaarame. Ergaan isaas haati buddeena sun hamma jechaan akka isa miiteefi madeessite agarsiisa. Kanarraa jechi eeboo caalaa nama miidhuu isaa hubanna. “Duuti haadha koo fudhatte, anaan immoo na diddee ija baaftee na ilaalte.” kan jedhu keessatti waan lubbuu hin qabne du’atti lubbuufi ija itti gochuun amalaa fi gochaa namaa kennee itti fayyadama. Kanaanis dargaggeessi sun waan haadha hin qabneef haati ormaa sun roorroo itti baayyisuu isheerraan kan ka’e du’a hawwuu isaa mul’isa. “sagal elmamus sagaltamni elmamus koo qiraacuma.” mammaaksa kanaan bineensa dubbachiisuun amala namaa kenneefii itti fayyadame. Kanaanis maatiin isaa qabeenya yoo qabaatanis waan inni haadha hin qabneef gayyaan qabeenya isaaniitti akka inni itti hin fayyadamne isa taasisuu hubanna. “Rakkoon hiitee na takaalte.” Waan lubbuu hin qabnetti lubbuu horuun gocha namni raawwatu raawwachiisuun dhiyeessa. Ergaan isaas carraan isa miidhuufi milkaa’ina dhabuu isaa agarsiisa. Kan carraan miidhe namni miidha jechuudha. Yaadoleen armaan olii mala dubbii nameessa garaa garaatti fayyadamuun haala hawwataa ta’een ergaa gadi fageenya qabu ittiin dabarsuu isaanii agarsiisa.

### 4.3.4 Arbeessuu

Malli dubbii arbeessuu amala wanti tokko qabu garmalee olkaasanii yookaan waan inni qabuun gaditti garmalee xiqqeessanii ibsuuf mala dubbii gargaarudha. Malli dubbii kun garmalee jajuuf yookiin tuffachuuf nu gargaara. Sirna Walseerrannaa Tuullaa Biyyaa irratti araara walldhabdee maatii tokkoo taasifame keessatti fakkeenyonni mala dubbii arbeessuu argaman akka itti aanutti qaaceffamaniiru.

Fkn.....

“Qallachuu keessa ba’ee cabuuf jedha.”

“Sagaleen isaanii mana cabsee ba’uuf jedha.”

“Qallachuu keessa ba’ee cabuuf jedha.” Kan jedhu mucaan sun yeroo ijoollummaa isaa qallaa ta’uu isaa ibsa. Dubbii qolaa kanaan garuu mucaan sun baay’ee qallaa ta’uu isaa, ‘... cabuuf jedha.’ Kan jedhuun garmalee gadi buusanii arbeessuun dhiyeessuu agarsiisa. “Sagaleen isaanii mana cabsee ba’uuf jedha.” Kan jedhu immoo yeroo isaan waldidan sagalee isaanii garmalee guddisanii dubbachuu isaanii agarsiisa. “... mana cabsee ba’uuf jedha.” Kan jedhuun garuu sagaleen isaanii humnaa ol guddachuu isaa garmalee olkaasuun haala fakkii sammuu dhaggeeffataa keessatti uumuu danda’uun kan dhiyaate ta’uu isaa hubanna.

### **4.3.5 .Habalaka**

Malli dubbii kun mala dubbii dhaamsa tokko faallaa waan jedhame Sanaa dabarsuuf kan gargaarudha. Malli dubbii kun nama tokko waan jajan fakkaatanii karaa ittiin tuqaniifi waan jaallatan fakkaatanii kan jibba ofii ittiin mul’isanidha. Mala dubbii habalakaan ergaa dabarfachuuf haalli dubbataan sun keessa jiru murteessaadha. Haaluma kanaan araara maatii Sirna Walseerrannaa Tuullaa Biyyaa irratti geggeeffame keessatti mala dubbii kana ilaalchisee akkaataa armaan gadiin qaaceffamaniiru.

Fkn..... “ Waan ati garmalee na soortuuf amma furdadhee xaaxa’uufi.” “ Gayyaan koo arjaa gingilchaadha.”

Malli dubbii armaan olii lameen isaaniyyu ergaa walfakkaatu qabu. Innis gayyaan sun kan nyaata isaaf hin kennineefi doqna ta’uu ishee faalaatiin ergaa isaa dabarfata. Dubbiin kun faallaa ta’uu isaa kan agarsiisu immoo haalli walitti dhufeenya mucaa fi gayyaa gidduu jiru gaarii miti, kun immoo ergaan sun karaa faallaa ta’en akka hubatamuuf kallattii kenna.

Walumaagalatti dubbiiwwan qolaa sirna araaraa Walseerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti argamuun kanneen akka akkasaa, iddeessa, nameessa, arbeessuufi habalaka fayyadamuun ergaa garaa garaa fakkii namoota jaarsummaa irratti hirmaatan keessatti uumuu danda’eera. Faayidaan isaas jaarsoliin araaraa sun dubbii maatii kanaatti xiyyeeffannoo guddaa kennuun rakkoo maatii sanaa gadi fageenyaan ilaalani furmaata gahaa akka itti kennaniif kan gargaaru ta’uu isaa agarsiisa.

## **4.4 Faayidaa Ogafaanifi Itti Fayyadama Afaanii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa Keessatti**

Itti fayyadamni afaaniifi ogafaan sirna kana keessatti faayidaa gara garaa qaba. Isaanis afoolawwan adda addaatti fayyadamuun nagaa buusuuf, walitti dhufeenya hawwasichaa cimsuuf, waan hamaa balaalleffachuuf, yakka xiqqeesuuf, haqa baasuuf,gorsuuf,

barsiisuuf, amala badaa to'acuufi wal jajjabeessuuf itti fayyadamuu. Bakka Sirni kun itti geggeeffamutti hawaasichi rakkoo isaaf furmaata argachuuf itti gargaarama. Furmaata haqa qabeessaa argachuuf immoo gaheen itti gaafatamtoota sirnichaa murteessaadha. Sababiin isaas geggeessittoonni sirnichaa ulaagaan isaan ittiin filataman keessaa inni tokko dandeettii itti fayyadama afaaniiti. Kana jechuunis itti gaafatamtoonni sun dandeettii dubbatanii namoota amansiisuu, dandeettii afoolatti fayyadamuu, dandeettii waa yaadachuu, kan aadaafi safuu hawaasichaa sirritti beekantu filatama. Dabalataanis itti fayyadamni afaanii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Byyaa waldhabdee furuu keessatti faayidaa guddaa qaba. Innis waldhabdeen xiqqoon hawaasa keessatti atattamaan furmaata hin arganne yoo ta'e, gara rakkoo cimaatti guddachuun maatii bittinneessuu, qabeenya mancaasuu, qaama hir'isuuf lubbuu namaa balleessuuf illee sababa ta'uu danda'a. Rakkoo kana hambisuuf immoo itti fayyadamni afaanii sirnicha keessatti mul'atan faayidaa guddaa akka qabu xiinxalameera. Duudhaa kana keessattis afoolawwaniifi dubbiiwwan qolaa garagaraatu hojiiirra oola.

## **BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO**

Boqonnaa kana jalatti dhimmoota gurguddoo sadiitu waliigalaan dhiyaatee jira. Isaanis cuunfaa, goolabaafi yaboodha. Dhimmoonni ijoon mata dureewwan kana jalatti haala itti aanuun ibsamaniiru

### **5.1.Cuunfaa**

Qorannoon kun mata duree Xiinxala Calaaqqee Ogafaaniifi Itti Fayyadama Afaanii Sirna Wal Serrannaa Tuullaa Biyyaa godina Ilu Abbaa Booraa aanaa Bachoo fi Diiduu irratti xiyyeeffachuun kan hojjetamedha. Duudhaa kana keessatti itti fayyadamni afaanii kan hojiirra oolan yeroo akkamii akka ta'ee, ergaa fi faayidaa akkamii akka qaban qaaceffamaniiru. Dudhan kun yeroo ammaa kana aanaalee kana lameen keessatti darbe darbe kan mul'atu yoo ta'u aanaalee godinichaa kanneen biroo keessatti dagatamaadhufera. Duudhaa kanaan wal geggeessuun aadaa hawaasa naannoo qorannoon kun itti geggeeffamedha. Hawaasni naannicha haala manaan walitti dhiyoo jiruun haala jiruufi jireenya hawaasummaa isaa mara ittn geggeeffata. Duudha kana keessattis Ogafaaniifi fayyadamni afaanii iddoo guddaa qabaachuun isaa hubatamee jira. Guutummaa milkaa'ina hojichaaf immoo dandeettiin fayyadama afaanii murteessaadha.

Ogafaaniifi itti fayyadamni afaanii duudhaa kana keessatti argamu; naga buusuuf, yakkaxiqqeessuuf, aadaa gaarii cimsuuf, haqa baasuuf, hojii badaa ittiin balaalleffachuuf, nagaafi tasgabii buusuuf, hawaasichi jaalalaafi walitti dhufeenyi gaariin akka uumamuuf gargaaree jira. Duudhaa kanaan hawaasichi haala jiruufi jireenya isaanii irratti gurmuun mari'achuun rakkoo isaaniif furmaata barbaaddatu, kunis kan milkaa'uu danda'u yoo itti fayyadamni afaanii qabiyyee dhimmichaa waliin yoo wal simee hojirra oole qofadha.

Walumaagalatti Ogafaaniifi itti fayyadamni afaanii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti mul'atu kan akkamii akka ta'e, faayida akkamii akka qabu, ergaa maalii akka dabarsuufi fayyadamni afaanii kun irra caalaa kan hojiirra ooluu yeroo kam akka ta'e adda baasuun ibsi bal'aan itti kennameera.

### **5.2 Argannoo**

Qorannoon kun xiinxala Calaaqqee Ogafaaniifi itti fayyadama afaanii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa godina Ilu Abbaa Booraa aanaa Bachoo fi Diiduu irratti xiyyeeffachuun hojjetame. Sababiin isaas qorattuun kaayyoowwan qorannichaa bu'uureffachuun xiinxala ragaalee garagaraa geggeessuun argannoowwan armaan gadii argachuu dandeesse jirti.

- ❖ Faayidaan ogafaaniifi itti fayyadama afaanii Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti hojiirraoolu; tokkummaa hawaasichaa nicimsa, yakka nixiqqeessa, haqa ni baasa,



waldhabdee bifa aadaan furuun nagaan ni buusa, walitti dhufeenyii fi jaalalli gaariin hawaasicha gidduutti akka uumamu ni taasisa, namoota waan gaarii hojjetan nijajjabeessa,ni galateeffata. Akkasumas kabajaafi jaalala hawaasichi waliif qabu kan ittiin ibsamu akka ta'es ibsameera.

- ❖ Sirna kana irratti faayidaa eebbii qabuufi miidhaa abaarsi qabu wal bira qabuun ittiin dhaloota barsiisuu. Akkasumas, Faayidaan ogafaaniifi itti fayyadama afaanii duudhicha keessatti hojiirra oolaan dhaloota haarawaaaadaa,safuufi duudhaa hawaasaa isaanii ittiin barsiisuuf,gorsuuf gargaara.
- ❖ Sirna Wal Seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti itti fayyadamni afaanii mul'atu haala qabiyyee dhimmichaa irratti hundaa'uun afoolawwan gara garaafi dubbiiwwan qolaa akka ta'e adda baheera.
- ❖ Duudhicha keessattigafaan irra jireessan kan hojirra oolan ,eebbii yeroo walgargaarsaa, yeroo walseerrannaa,yeroo jaarsummaa,yeroo gaddaafi gammachuu yoo ta'u, abaarsiifi kakaan immoo haqa miliqe baasuufi yakka xiqqeessuuf hojiirra ooluu.Akkasumas, dubbiin qolaa wal dhabdee keessatti kan uumamuu yoo ta'uu,mammaaksi immoo waldhabdee gara garaa bifa aadaan furuu keessatti humna guddaa akka qabu adda baafameera.
- ❖ Duudhaa kanan namoota gargarsa hin qabnetu ittiin gargarama waan ta'eef namoota kanaaf akka wabiitti ilaalama.
- ❖ Itti fayyadamni afaanii duudhicha keessatti argamu yakka dhokataa saaxiluuf gahee olaanaa waan qabuuf duudhaan kun akka mana murtii aadaatti fayyaduun isaa hubatameera.

### 5.3 Yaboo

Mata duree kana jalatti kan dhiyaatu argannoon qorannicha erga adda baheen booda adeemsa gara fuula duraatti yoo maal godhame itti fayyadamni afaanii sirnicha keessatti hojiirra oolan mul'achuufi beekamtii akka argachuu danda'u kan jalatti ibsamudha.

Itti fayyadamni ogafaaniisirnicha hawataa akka ta'uuf iddoo guddaa qaba. Akkasumas itti fayyadamni malleen dubbii sammuu dhaggeeffataa keessatti haala fakkii uumuu danda'uun dhiyaachuun isaa immoo dubbiiin sun akka nama hawatu fi xiyyeeffannoo akka argatu godhe jira. Kana waan ta'eef, itti fayyadama afaanii Sirna WalSeerrannaa Tuullaa Biyyaa kana irratti qorattoonni gara fuula duraatti yoo qorannoo irratti geggeessan yaadaarmaan gadiitti ibsame osoo dhimma itti bahanii gaarii ta'a.

- ☞ Duudhaa kana keessatti itti fayyadamni afaanii nagaa buusuu, haqa baasuufi yakka xiqqeessuu keessatti gahee guddaa waan qabuuf; Abbootiin Amantaa, Abbootii Gadaa fi qaamoleen seeraa hubannoo kennuufi cimsuu keessatti qooda fudhatanii irratti hojjechuun qaamolee seera maatii baasaniin osoo beekamtiin itti kenname.
- ☞ Duudhaa kana keessatti itti fayyadamni afaanii hojiirra ooluaadaa, duudhaafi safuu hawaasichaa barsiisuu keessatti iddoo guddaa waan qabuuf, kallatti kanaan ituu irratti hojjetame.
- ☞ Sirna kana keessatti itti fayyadamni afaanii hojiirra ooluu ergaa garagaraa waan dabarsuuf, kana immoo hawaasni marti hubannoo waan hin qabneef, hubannoo kana uumuuf qorattoonni biroon gara fuula duraatti xiyyeeffannoo itti kennuun osoo qorannoon irratti geggeessani.
- ☞ Itti fayyadamni afaanii duudhicha keessatti hojiirra oolan afaaniin malee barreeffamaan waan hin jirreef gara barreeffamaatti jijjiiruuf osoo irratti hojjetame.

## Wabiilee

- Abdallaa Nageessoo.(2017). *Qaaccessa Fayyadama Afaaniifi Adeemsa Kottuu Dhufee Wal Dhabdee Abba Warraafi Haadha Warraa Gidduu Jiruu Furuu* Addis Ababaa; Yuunvarsiiitii Finfinnee.
- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: YaadrimeeQorannoo Hujoo*. Finfinnee, Oromiyaa.
- Addunyaa Barkeessaa. (2016). *SEMMOO. Bu'uura Barnootaafi Afoola Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa: Far East Trading. PLC.
- Asafaa Tafarraa. (2009). *Eelaa; Seenaa Ogummaa Oromoo*.Finfinnee, Oromiyaa: Far East Trading. PLC.
- Alan, D. (1965). *The Studyof Folklore. Engle Wood Cliffs*; N.J Prentice Hall.Inc.
- Birhaanuu Tasfaayee. (2017). *Xiinxala Qabiyyee Fayyadama Afaanii GumaaBaasuu*.Yuunvarsiiitii Finfinnee.
- Birhaanuu (2009). *Wiirtuu Jiildii.6, Barrullee Qormaata Walta'ina Afaan Oromoo*; Finfinnee. B.A.T.O
- Buzunaa Taaddasaa ,(2013) . *Xiinxala Akkaataa Sirna Raawwii Walseerrannaa Tuullaa Biyyaa*. Yuunvarsiiitii Mattuu.
- Cres Weel, J.W. (2003). *Research Design. Qualitative, Quantitative and Mixed Methods Approache*, London; Sage.
- Daniel. (1965). *Conflict Resolution: Mediation Tools for Every Day Work Life*.New York. Macglaw Hill.
- Dejene Gemechu. (2002). *Some Aspects of Conflict Resolution, Among Waliso Oromo of Eastern Mecha, With Particular Emphasis on Guma*, Unpublished thesis for partial fulfilment of MA Degree. Addis Abeba university
- Dirribaa Tafarraa. (2005). *Ga'ee Afoollii Oromoo Aadaa Hojii Irratti Qabu, Wiirtuu Jildii 10 Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*: Finfinnee: Print Branna P.E.
- Dirribii Damusee. (2012). *Ilaalcha Oromoo; Barroo, Aadaa, Seenaaafi Amantaa Oromoo*. Finfinnee: Finfinnee Printing and Publishing, S. C.
- Dorson. R. (1972). *Folklore and Folklife*. Chicago; Chicago University Press.
- Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Subii; Bu'uuraalee Og-Barruu Oromoo; Finfinnee*, Subi PrintingPress.
- Filee Jaallataa. (2019). *Malleen Qorannoo*. Finfinnee, Oromiyaa: ManaMaxxansaa ADP.
- Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Subii: Bu'uuraalee Og-barruu Oromoo*.Finfinnee, Oromiyaa: Subii Printing Press.

- Gammachuu Raggaasaa. (2018). *Xiinxala Fayyadama Afaanii Hordofoota Qaalluu Abbaa Dhugaa Biratti*, Finfinnee.
- Garcia, E. (1994). *War and Peace Making. Essayson Conflict and Change*: Quezon city.
- George.R, and Jones. M. (1995). *Folkloristics.Anntroduction. Blooming and Indion Polis*: Indian University Press.
- Hancock Beverley. (1998). *Trent Focus for Research and Development in Primary Health Care:An Introduction to Qualitative Research*. Universityof Nottingham.
- Jacoby.T. (2008). *Theortical and Inter disciplinary Approachs*. London; Rutledge.
- John W. Cres well. (2003). *ResearchDesign: Qualitative, Quantitative and Mixed Methods Approaches*.Lincoln; SAGE Publications Second Edition.
- Krishna swami and Ranganatham. (2004 ) *Methodology of Reserch in Social Sciences; Himalaya publishing house, Bombay*.
- Maammad. (2012). *Seenaa Qabsoo Oromoo*. Finfinnee.
- Martine Stephens and Martha Sims. (1963). *Living Folklore. An Introductory to the Society of People and the Tradition*. Utaha; Sate University Press.
- Melakneh Mangistu. (2003). *Fundamental of Literature*, AddisAbabaa: Addis Ababaa University.
- Misgaanuu Gulummaa. (2011). *Dilbii: Bu'uura Afoolaa, Og-aFAfaanii fi Walaloo Oromoo*. Finfinnee: Oromiyaa.
- MisgaanuuGulummaa. (2012).*Yandoo, Ogommaafi Og- walaloo Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa.
- Nugusee Iddeessaa. (2009).*Qaaccessa Sirna Waaqeffannaafi Fayyadama Afaanii warra Kallachaalee*. Yuunivarsiitii Finfinnee.
- Qana'aa Birruu. (2009).*Sirna Gumaa Araarsuu Oromoo Aanaa Diiduu*, Waraqaa Qorannoo hin maxxanfamne, Waajira Aadaafi Tuurizimii aanaa Diiduu; Diiduu.
- Tulluu Yuunee, (2008) *Qaaccessa Fayyadama Afaaniifi Sirna Araaraa Kottu Dhufee*.Yuunvarsitii Finfinnee.
- Yalew Endaweke, (2006). *Yemimir Meriwoch ina Ategebaber*.Addis Abeba; Yenegdi Matemya Dirigit.
- Zartman, I. Wllam. (1991). *Traditional Cure for Modern Conflict*. USA; Lvnna Renner Publishers. Inc.

## Dabalee A

### Yuunvarsitii Jimmaa

#### Koollejji SaayinsiiHawaasaa fiHumaaniitiitti Muummee Afaan Oromoo fi Ogbarruu

##### Qabxiilee Mirkaneeffannaa (cheek list)

Kaayyoon qorannoo kanaamata duree Xinxala Fayyadama Afaanii Sirna Walseerrannaa Tuullaa Biyyaa godina Iluu Abbaa Booraa aanaa Bachoofi aanaa Diiduu jedhu irratti raga funaannachuuf gaaffilee armaan gadii bu'uura godhachuun odeeffannoon kanaan argamu qorannoo geggeessuuf guutuu akka taasisu niamanama. Kanaafuu odeeffannoo dhugummaafi qabatamummaa qabu akka naaf kennitan kabajan isin gaafadha.

Maqaa.....umrii-----saala-----gahee hojii-----

Ganda -----aanaa-----gosa raga kennanii af- gaaffii

Af-gaaffii iddattoowwaniif dhiyaate

1. Hiikni duudhaa Sirna Wal seerrannaa Tuullaa Biyyaa maali?
2. Duudhaa kana keessatti afoolawwan hojiirra oolan kanneen akkamiti?
3. Faayidaan afoola kanneenii maali?
4. Itti fayyadamni afaanii duudhaa kana keessatti hojiirra oolan kan yeroo biroo irra addadha? Maaliif?
5. Afoolawwan duudhicha keessatti hojiirra oolan kun ergaa akkamii dabarsu?
6. Duudhaan kun hawaasichaaf faayida maalii qaba?
7. Akka duudhaa kanaatti wantoonni jajjabeeffamaniifi balaalleffataman kanneen akkamiiti?
8. Duudhaa kana keessatti eenyufaatu hirmaata? Maaliif?
9. Duudhaan kun aadaa. safuufi duudha hawaasichaa barsiisuu keessatti gahee maalii qaba?
10. Duudha kana irra dhaloonni maal barata?

## Dabalee B

### Qabxii Mirkaneeffannaa Daawwannaa

Cheek list Daawwannaa qorannoo geggeessuuf qophaa'e

Kaayyoo guddaan qorannoo kanaa haala itti fayyadama afaanii Sirna Wal seerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti argaman qaaccessuudha. Adeemsa funaansa ragaalee qorattuun kun dhimma itti baate keessa tokko daawwannaadha. Daawwannaa kana geggeessuuf qo'attuun chek listii gabate armaan gadii qophefachuun dhimmi itti baate jirti.

Lakk.	Gochaalee sirnicha keessatti Raawwataman	Gosa tiit fayyadama afaanii mul'atu	Qaama irratti hirmaatu
1	Yeroo WalSeerrannaan geggeeffamu eegaaluu maaliin eegalani maalii jechuun xumurama?		
2	Dhimmoonni hawaasummaa Sirna Walseerrannaa Tuullaa Biyyaa irratti hojjetaman maal fa'i? 2.1 Fayyadamni afaanii dhimmoota kana irratti mul'atan kanneen akkamiiti? 2.2 Itti fayyadamni afaanii hojiirra ooluukun faayidaa akkamii qaba?		
3	Sirna Walseerrannaa Tuullaa Biyyaa keessatti afoolawwan hojiirra oolan kanneen akkamiiti?		
4	Itti fayyadamni afaanii kun sirnicha keessatti yeroo kam irra caalaa hojiirra oola?		
5	Itti fayyadamni afaanii kun faayidaa maalii qaba?		
6	Dubbiiwwan qolaa sirnicha keessatti yeroo kam hojiirra oola?		

## Dabalee c

Maqaa Odeefkennitootaa, gahee hojii duudhicha keessatti qaban, aanaa, umrii. sadarkaa barnootaafi gahee hoji idilee isaanii kan ibsu.

Lak	Maqaa odeef kennitootaa	Gaheehojii SWTB keessatti	Aanaa	umrii	Sadarka barnootaa	Hojii idilee
1	Obbo Kamaal Habiib	Abba Tuullaa Biyyaa	Bachoo	48	10	Qote bulaa
2	Obbo Abbabaa Caalii	Xuxee	Bachoo	50	7	Qote bulaa
3	Obbo Nuuraa Bantii	Kaktuu	Bachoo	68	3	Qote bulaa
4	Obbo Usmaan Sayid	kaktuu	Bachoo	65	7	Daldalaa
5	Obbo Abbabaa Simaa	kaktuu	Bachoo	70	Dippiloo maa	Barsiisaa
6	Obbo Gazaanyi Yaadataa	Shanee	Bachoo	45	8	Daldalaa
7	Obbo Bafqaaduu Taaddasaa	Shanee	Bachoo	52	-----	Qote bulaa
8	Obbo Buzunaa Taaddasaa	Barreessaa	Bachoo	35	MA	Barsiisaa
9	Aadde Zaaraa Oliiqaa	-----	Bachoo	30	Digirii	I/g/AfiTuuri zimii
10	Obbo Geetaachoo Qixxeessaa	Abbaa Mutii	Bachoo	65	Dip.	Barsiisaa
11	Obbo M/Amiin Araggaa	Abbaa alangaa	Bachoo	32	10+3	Ofiisera M/murtii
12	Obbo Dhugaasaa Fayisaa	-----	Bachoo	30	Dig.	P/ M/Murtii
13	Obbo Wandimmuu	Abba Tuullaa	Diiduu	58	8	Qote bulaa

	Taarikuu	Biyyaa				
14	Obbo Warqina Anbachaa	Xuxee	Diiduu	50	9	Qote bulaa
15	Obbo Galaan Wayyeessaa	Shanee	Diiduu	52	----	Qote bulaa
16	Obbo Bafqaaduu Mootii	Abba murtii	Diiduu	60	5	Qote bulaa
17	Obbo Shaafii Usmaan	Abba alangaa	Diiduu	50	Dip.	Ofiisera Seeraa
18	Obbo Saa'ilee Usmaan	Shanee	Diiduu	47	Dig.	Barsiisaa
19	Obbo Sibaatuu Baqqalaa	Kaktuu	Diiduu	68	12	Daldalaa
20	Addee Saaraa Ambaawoo	-----	Diiduu	32	Dig.	I/G/Aadaafi Tuurizimii
21	Obbo Malkaamuu Qalamuu	Shanee	Diiduu	57	Dip.	Barsiisaa
22	Obbo Hayiluu Galaanaa	Miseensa	Diiduu	54	Dip'	Barsiisaa





